WAALLEE DALDALAA:  QAACCEESSA   FAYYADAMA AFAANIIOOMISHAAANNANIIFIFOONII MAGAALAA SULULTAAFI NAANNOO ISHII IRRATTI

DARAJJEE MAKONNON YAA'II

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEEAFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAAGAYYA 2011/2019

ADDIS ABABAA

WAALLEE DALDALAA: QAACCEESSA FAYYADAMA AFAANII OOMISHA AANNANIIFI FOONII MAGAALAA SULULTAAFI NAANNOO ISHII IRRATTI

DARAJJEE MAKONNON YAA'II

GORSAAN:ADDUNYAA BARKEESSAA (Ph.D)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOOFI FOOKLOORII BARSIISUUN GAMISAAN GUTTACHUUFMUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIHAATE

YUUNIIVARSIITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFIFOOKLOORII

HAAGAYYA, 2011/19

ADDIIS ABABA

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Fooklooriin guuttachuuf Darajjee Makonnon, mata duree: *Waallee Daldalaa*:*Qaaccessafayyadama Afaanii ooomisha Aannanniifi Foonii Magaalaa Sulultaaafi Naannoo Ishee Irratti Xiyyeeffannoon Geggeeffame,* jedhurratti qophaa'e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa____________________Mallattoo _________Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa_________________Mallattoo _________Guyyaa_____________

Gorsaa_______________________ Mallattoo _________Guyyaa___________

**Waraqaa Labsataa**

Ani qorataan mallattoo fi maqaankoo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta’uu koofi kanaan duras yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta’uu isaa nan mirkaneessa.

Maqaa __Darajjee Makonnon Yaa’ii__________

Mallattoo_________________________________

BakkaYuunivarsiitii Addis Ababaa

Guyyaa 30/12/2011/19_____________

## *Axereera*

*Qorannoo Kun Kangeggeeffame, Waallee daldalaa: Qaaccessa Itti fayyadama Afaanii Oomisha Aannaniifi Foonii Magaalaa Sulultafi Naannoo Ishee Irratti.Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa inni guddaan,Qabiyyee itti fayyadama afaan daldalaa iddoo kanaa qaacceessanii kaa'uudha.Kayyoo kana galmaan gawuuf,mallii orannoo dhimmaa itti bahame,mala qorannoo 'Akkamtaati'.Kana fiixaan baasuufis,malafilmaata iddaattoo darbaa darboo kaayeeffataa bu'uura godgachuun odeeffannoowwan barbaachisoota'an madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa irraa argamaniidha.Maddi raga tokkoffaa, namoota hojii daldalaa kanarratti hirmaacha jiran,hoggantoota waajjira Daldalaafi industrii, Waaajjira Galii,Waajjira bulchiinsa Lafa Baadiyyaati.Madda odeeffannoo lammaffaa kan ta'an ammoo,namoota jechuun,manguddoota idée kana keessa yeroo dheeraaf turaniifi waa'ee dhimmaa kanaa gadi fageenyaan beekan, muuxannoofi beekumsa gaha qaban, dookumantota waajira Aadaafi Turiizimiifi waajjira galii,akkasumas,namoota lafa isaanitirraa buqa'aniifi gabaatti argamanii aannaniifi foon bitachuuf argaman,dabalatanis, dookumantii Waajjira bulchiinsa magaalatirraa argama sakattaa'uufi afgaaffiifi dawwannaaa godhamerraa argamanii qindaa'aniidha. Ragaaleen kunneenis,karaalee meeshaaleefunaansa odeeffannoo,daawannaa, keessatti hirmaannaafi xiyyeeffanoomariigaree,sakatta'adookumantiiwaajjiraaleekeessaaargamangargaaramuun walitti kan qabamanidha.Daldala keessatti, jechoonni himeeliin, waalleen waliigaltee namootaa uumuuf jiran maal akka fakkaataan,karaalee kamiinis akka dhihaatanii dhaamsa dabarsan,fakkeenya fakkeenyaan dhiyaatee qabiyyeen isaanii qacceeffamuun kan qindaa'eedha.Akka qabiyyeet, kanneen tajaajila kenna turaniifi kan kennnaajiran haala, akkaataa,yeroofi iddoo itti tajaajilan,maaliif maal dhamsachuuf akka dhiyaataan waan qabaniif, hawaasni garaa garaa karaalee adda addaafi walfakkaataa ta'eenis kan itti fayyadamaniidha, itti fayyadamaas turaniidha. Yaa ta'uutii, itti fayyadama waallee bifa adda addaa qabu kana ,qajeelfamni yookiin mul'istuun karaa wal fakkaataa ta'eqabsiisuufi barsiisu waan hinjirreef, itti fayyadama afaanii sirrii ta'eefi qulqullina qabaatee waa'ee dhimma kanaa, aadaa, muuxannoohawaasaa, safuufi beekumsa dhugaa, afaan isaatiin barsiissu qindeessaniibifa barreeffamaan dhaloota dhufuufi kanuma jiraniifillee barreessanii olkaa'uun, akka irraa baratan gochuun, barbaachisaadha;amaanaas kan qabuudha.*

# Galata

Hunda dura umriin har'a jirurratti hamma tokko fayyaa koo argadhee bu'aa bahii qabsoo jireenyaa keessatti taatee namudateefillee annisaa natti horee qorannoo kana akkan gaggeessu kan nataasiise, Waaqayyo kabajaafi galata guddaa yaa argatu.Itti aansuudhaan haalaan irra jiru gadi fageenyan hubatanii adeemsa qorannoo kootii jalqabarraa haga dhumaatti qajeelfamaafi yadolee barbaachisoo ta'an naa kennaa guyyaa tokkollee osoo na nuffiin wixinee yaadaafi hanga dhuma qabiyyee qorannootti kan nagorsanii deeggarsa guddaa naa laachuun fiixa nabaasisan Addunyaa Barkeessaa(Ph.D)umrii dheeraa naa kenneefi sa'aa nama isaanii waliin akka jiraatan abdiifi hawwii daangaa hinqabneen qabaaf.

Karaa biraatin,namoota biroo yemmuun keessattuu odeeffannoo funaanu,yaadaqindeessufkannadeegaran, kan akka, barsiisa Galataa Maammoo,Tashoomaa N igusee, hoggantoota biiroo magaalaa Sulultaa keessatti argaman, guuddaan galateeffadha.Dabalataan, hiri'aa koo Obbo Abdiisaa Gannattii wantan barbaadu naa dhiheessun, natti agarsiisun haamilee natti horee jabaadhu!homaa hintaatu naan jechuun kan na jajjabeessee, jiruun qananii qabdu irraa hinfagaatiinin jedha.Akkasumas, maatii Rabbi naa kennee hamaas, gaariis yemmuun dabarsu abdii naa ta'uudhan jajjabeessanii kayyoo koo galamaan akkan gahu kan nadandeessisan, Magaalaa Caancoo keesa kan jiraatan hamummallee Waaqayyo isaan yaa tiksun jedha.

Hiri'aa yeroon isa hinjijjiirre Magaalaa Sulultaa keessaa man koompiyuutaraa kan qabuufi barreesituu isaa horanii akka bulan eeyyama Waaqayyoo yaata'u. .

## JIBSOO

Cora = qaama, foon waliin walqabatee isa Afaan Amaaraatiin, ‘Billiti’ jedhamuudha

Currisaa = miira, dhaga’uusa qamaa

Dhahaa = walitti bu’iinsa qilleensaa, michii

Dubbii Qolaa - mala yookiin tarsiimoo dubbii, haasaa qabiyyee adda addaa karaalee adda addaan dabrsu

Hasbarruu = haasaa yookiin dubbii afaanii, kan afaaniin dubbatamu

Illaanya = ilaalcha, ilaalcha sammuun akkana ta’uu danada’ama jedhamee yaadamu

Waallee - hasbarruu, haaldubbii waliigalteefi walitti dhufeenya keessatti karaalee adda adaan afaniin walqabatee tajaajilu, jechoota,’waan’ jedhuufi ‘alle’ jedhurraa kan uumameefi hiika,waan hunda jedhu kan qabuudha

Waljafuu = ijaarsaafi itti fayyadama afaanii keessatti iddee waljijjiirraa dhamsagootaa, birsagootaa

Xaqanaa = areera yookiin baaduu affeeluun qorrisiisanii kan furdatee aggguwaatii keessaa ba'u

**Qabiyyee** **Baafata** **Fuula**


Axereera ........ I

Galata ........ II

JIBSOO ........ III

**BOQONNAA TOKKO: SEENSA** ........ 1

1.1Ariirata Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka'uumsa Qoranichaa ........ 3

1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4

1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.6 Ibsa Naannoo Qorannichaa ........ 5

1.7Hanqina Qorannichaa ........ 12

**BOQANNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUU** ........ 13

2.1 Seensa ........ 13

2.2. Yaadrimee Waallee ........ 13

2.2.1 laalcha walleerratti Jiru ........ 15

2.2.2. Waalleefi Yoomeessa ........ 15

2.3. Akaakuu waallee ........ 16

2.3.1. Waallee Illaanyawaa (Ideological Discourse) ........ 16

2.3.2. Waallee Dubbii/Haasaa/ (Oral Discourse) ........ 17

2.3.3. Waallee Barreeffamaa ........ 18

2.4. Karaalee waalleen Dubbii Itti Taasifamu ........ 18

2.5. Malleenya Qaaccessaa Waallee (Discourse Analysis) ........ 22

2.5.1 Waallee Akka Dalagaalee Hawaasaa Guyyuutti (Discourse As Social Practices Approach) ........ 24

2.5.2 Waallee Akka Hubannoo Hawaasaatti (Socio-CognitiveAproach to Discourse Anaysis) ........ 24

2.6. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ........ 25

**BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA** ........ 28

3.1Seensa ........ 28

3.2 Mala Qrannichaa ........ 28

3.2.1Iddatteessuu (sampling) ........ 29

3.2.2 Madda Ragaalee ........ 30

3.2.3 . Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaannaman ........ 31

3.2.3.1. Daawwannaa ........ 31

3.2.3.2 Afgaaffii ........ 32

3.2.3.3 Keessatti Hirmaannaa ........ 33
3.3 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 34
3.4 Naamusa Ogummaa (Ethical Consideration) ........ 34
**BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE** ........ 35
4.1. Seensa ........ 35
4.2. Daldala Aannaniifi Foonii Irratti Waan Dubbatamu ........ 35
4.2.1 Geerarsa ........ 39
4.2.2. Faaruu ........ 43
4.2.3. Mammaaksa ........ 49
4.2.4 Dubbii Qoolaa/Haalawwaa/ “Figurative Speech” ........ 49
4.2.4.1 Akkasaa: 50
4.2.4.2 Iddeessaa 51
4.2.4.3 Nameessa: 51
4.2.4.4 Ukukkuba/Arbeessuu ........ 51
4.2.4.5 Eemiti ........ 52
4.2.4.6 Fakkoommii: ........ 52
4.2.5 Jechama ........ 52
4.2.6 Waallee Fudhatama Lafaa Magaalaa Sulultaafi Naannoo Ishii waliin wal qabatee Jiru ........ 59
**BOQONNAA SHAN : CUUNFAA , ARGANNOOFI YABOO** ........ 60
5.1. Seensa ........ 60
5.2. Cuunfaa ........ 60
5.3 Argannoo ........ 61
5.4. Yaboo ........ 62
Wabiilee ........ 65
Dabaleewwan

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1Ariirata Qorannichaa

Qabsoon jiruufi jireenya dhala namaafi sochiin kamiiyyuu kessaatti,afaan isaa waliin kan walqabate waan ta’eef tajaajilli afaanii gochaalee namaa waliin walqabatu irratti, gaheen inni taphaatu daraan olaanaadha. Yaa ta’uu malee, namooni ammoo garaagarummaa naannoo keesaa jiraachaa jirnirraa, muuxannoo qabnirraa,aadaa,gosa hojii fi barmaatilee,adeemsa sadarkaa qaroominaa fi kan kana fakkaatanirraa kan ka’ee, itti fayyadamni afaanii gargar ta’ee mul’achuun isaa qabatamaadha.Hudson,(1996:230) dhimma akka kanaa ilaalchisee “The social functions of language are the ways in which we use language to give our view of our relationship to other people,” jechuun ibsa. Yaadni kunis, afaan jiruuf jireenya guyyaa keessaatti namoota biroo waliin qabu ittin gabbifachuuf kan oolu ta’uu isaa agarsisaa. Karaa biraatin,waa’ee afaanii ilaalchisee, hayyoonni Hodge and Kress(1993) yoo ibsaan: “language is to treat as ideology actional and rational classification of tought and ideas should be taken into consideration” jedhu.

Akka yaada isaanii kanaatti, fayyadamni afaanii namoota yaada garaa garaa qabaan karaa gidduu galeessaa ta’een walitti fiduun kan walteessisu ta’uu hubaachisa.kana jechuun, afaan dhalli namaa dhaga’uumsa keessa isaatin deebii taatee jiruu isaa keessaatti isa mudatuuf mallattoollee adda addaatti fayyadamee karaa ittin ibsatuudha, asirraa wanti hubatamuu, dhalli namaa waan barbaadu hundaa kan ibsatu afaan isaatiin ta’uu isa mul’isa.

Haa ta’uu malee, namootni jireenya isaanirraati hundaa’anii, yeroo iddoo adda addaa jechuun:waajjiralee keessatti,waarshaalleefi induustrii keessaatti, ogummaa harkaa yookiin oomishtummaa gara garaa keessaatti, iddoo amantii, bittaaf gurgurtaa irraatti, taphaaf dirree lolaatti, mana nyaataf dhugaatitti,bakka gaddaaf gammachuutti, mana yaalaafi mana murtiitti, kanneen biirootti, fayyadamni afaanii garagarummaa qabachuun isaa,hanqinni jiraachuu agarsisaa.Keessaatu,namootni hawaasa adda addaa keessaatti dhimmaa tokkorraatti walitti dhufan,afaan isaanii waljafuu,walmakuu yookiin walirraa ergifachuun afaan walmakaan fayyadamanii yeroo walii galanitu mul’ata.Namootni yeroo afaanitti dhimma ba’an,haala tajaajilaafaanii iddoo sanii beekuufi beekuudhabuun hubannoofi walqunnamtiirratti dhiibbaa geessisa. Namoonni sadarkaa addaddaa hawaasa keessatti argaman maaliif bifa garagaraatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennu, kutaa hawaasa adda addaa

biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo gaaffilee handhuura xinqooqa hawaasaa kan ta’an eenyutu, maaliif, haala akkamii keessattiifi eessatti akka dubbatamu beekuun barbachisaadha.Clark,(1996); Fishman,(1971); Wolff, (2000).Dhimmi tajaajjilli afaanii keessaa hafe hin jiru; kallattiinis ta'ee alkallattiin jiruufi jireenyi dhala namaa afaaniin ijaarama.Daangaan hubannoo dubbataaafaan tokkoo murtaawaa ta’uyyuu, afaan waamara.Haaluma kanaan,hawaasni gosa hojiigaragaraatti bobba’ee jiraata. Bakka hojii isaatti ammoo, dubbiidhanis ta’e barreeffamaan walqunnamtii nitaasiisa.Walqunnamtii kana keessatti afaan bakka hojii sanaa gahee guddaa qaba.Afaan, hojiin ittiin gaggeeffamu beekuufi beekuu dhisuun hojichaan gahaa ta’uufidhiisuu waan murteessuuf, hamma galii keenyaallee nidaangeessa.Kanaafuu, haala fayyadama afaaniifi hidhata inni aangoo waliin qabu karoorsa afaanii qopheessuurratti faayidaa guddaa qaba.Kunammoo, seera biyya tokkoo hojiirra oolchuurratti gumaacha.Seera ittisa yakkaa keessatti sagalee waraabuudhaan yakkamoota addaan baasuun nidanda’ama, (Addunyaa, 2010).

Yeroo ammaa, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.46/1994 fooyya’ee bahe keeyyata 5 jalatti haaluma ragga’een, Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta’uun ittiin hojjatamaa jira.Naannicha keessatti, manneen hojii mootummaa naannoorraa kaasee hanga sadarkaa gadiitti, akkasumas dhaabbilee barnootaa sadarkaa tokkooffaarraa kaasee hanga sadarkaa lammaffaatti afaan barumsaa ta’ee tajaajilaa jira.Kanaafuu,adeemsa itti fayyadama afaaniichaa keessattiyaadrmeewwan furmaatabarbaadankaraa addaaddaatin mul’achuu danda’u.

Yeroo ammaa,magaalota Naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaamagaalotadaldalli aannaniifi foonii haalan itti babal’achaa jirankeessaa tokko, MagaalaaSulultaati. Kun immoo bakka qorannoon kun itti gaggeeffamedha.Magaalaan sulultaanaannoo Oromiyaa keessatti argamuu qofa osoo hintaane magaalota Oromiyaa magaalaa Finfinneetti dhiyeenyatti argaman keessaa ishee tokkodha.Magaalaan kun magaalota sochiin daldala aanaaniifi foonii keessatti,babal’ataa jirudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun kan gaggeeffame mataduree*Waallee Daldalaa: Qaaccessa Fayyadama Afaanii Oomisha Aannaniifi,foonii Magaalaa SulultaafiNaannoo Ishii*,kan jedhurratti yommuu ta’u kan irratti xiyyeeffatus *waallee dubbii*rratti. Sababni qorataan mataduree kana filateefis, qorataan wayita hojiidhaafi dhimmoota garagaraaf naannoo daldala aanaaniifi foonii itti babal’ate kanaatti bobba’uummanni dhoksaan dhimmoota faayidaafi bu’aa daldala aanaaniifi foonii

walqabatanii jirurratti gumgumaa kan jiraan ta'uufi rakkoon akka jiru akka shakkiitti hubataa waan tureef, haala gama kanaan jiru qorachuun mirkaneeffachuufi dhimma kana hawaasni akkamiin ibsachaa akka jiran qaaccessee ibsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef qorataan qorannoo ammaa kana gaggeesse jira.

**1.2.Ka'uumsa Qoranichaa**

Yeroo ammaa magaaloota naannoo Oromiyaa keessuummattu magaaloota Naannoo Finfinneetti argaman keessaatti daldalli gosa adda addaa babal'achaat jiru; babal'ina kanarra kan ka'ee namootni hedduun lafa qonnaa, margaafi qe'ee isaaniirraa buqa'aa turan ;buqa'aas jiru. Sababa kana irraa kan ka'ee,lafti margaa akka fedhetti waan hin argamneef oomisha kana waliin walqabatee argamu keessaa, dhiyeessii aannaani fi foonii hir'atee jira. Kanumaa keessaattuu, sochiin daldala namootaakan hojiirra ooluufi milka'uu danda'u afaaniin ta'uu isaa beekamaadha.Labsiin waa'ee daldalaafi itti fayyadamaa afaanii ilaalchisee bahee, yeroo sochiileen kun naannoo Oromiyaatti babal'acha jirutti,aadaa, duudhaa, itti fayyadamaa afaanii kan jajjabessuu akka ta'ee ibsa.Kunis, kraa biratiin kan agarsiisu, Afaan Oromoo afaan hojii naannoo akka ta'u kan ibsu.Kallattini, bitta fi gurgurtaa gidduutti, walitti dhufeenyi uumamu, bu'aa oomishaa fayyadamtoota beeksisuuf, maal maaliif akka fayyadamu ibsuuf afaan mijaata fi sirri ta'etti fayyadamuun brbaachisaafi dirqama akka ta'ee agarsisaa.

Qabsoo jiru-jireenyaa dhala namaa keessatti seenaa kuufamee darbee fi kan fuldurratti kuufamuu waliin hubannoon jiraachuu qabu akkumaa jirutti ta'ee, yeroo ammaa kanatti keessattuu walitti dhufeenyaa hawasummaa fi sochii dhuunfa birratti, "Itti fayyadamni afaan isaa maal fakkaataa?"kan jedhuu qorrannoo bal'aa kan barbaaduudha.Carraan afaan hoji, afaan barumsaa, afaan barreefama yookiin qorannoofi qu'annoo akka ta'u yaa argamu malee, magaaloota gurguddoofi naannoo Oromiyaa beekamoo keessaatti har'umallee itti fayyadamni Afaan Oromoo hir'ina kana hin jenne qabatee argamun isaa qabatamaadha.

Kanaafuu, qorannoon kun,*Waallee Daldalaa: Qaaccessaa Itti FayyadamaAfaanii Oomisha Aannaniifi Foonii Magaalaa Sulultaafi Naannoo Ishii* keessa jiru ilaalchisee maal akka fakkaatu qaaccesseekan ibse waan ta'eef akka waliigalaatti qorannicha keessatti gaaffileen armaan gadii deebii argataniiru.

1. Ummaanni Magaalaa Sulultaa, daldala fooniifi aannaanii ilaalchisanii maal jedhu?

2.Wanti uummanni Magaalaa Sulultaa daldala aannaniifi foonii ilaalchisanii jedhan ergaa maalii qaba?

3. Ergaan, aannaniifi foon ilaalchisee waa dubbatamuun darbu, akkamiin naannummaa naanichaa ibsa?

## 1.3KaayyoowwanQorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa, Waallee daldalaa qaaccessa itti fayyadama afaanii oomisha aannaniifi foonnii Magaalaa Sulultaafi naannoo Ishii xinxaaluudha.Kayyoowwan goree ammo:

1. Daldala aannaniifi foonii ilaalchisee waan ummanni Magaalaa Sulultaafi naannoo ishee dubbatanaddaan baasuudha.
2. Wanti ummanni Magaalaa Sulultaafi naannoo ishee daldala aannaniifi foonii ilaalchisanii dubbatan ergaa inni qabu ibsuu.
3. 3. Ergaan aannaniifi foon ilaalchisee waa dubbatamuun darbu akkamiin eenyummaa Magaalaaa Sulultaafi naannoo ishee akka ibsu addaan baasuu.

## 1.4Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon Kun, Godin Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Aanaa Sulultaa, magaala Sulultaafi Naannoo Ishee keessaatti Kan gaggeeffameedha. Itti fayyadamni afaaniifi haalli yeroo namootni iddoo tokko keessaa jiraatan yookiin iddoo adda addaa walitti dhufanii yaada waljijjiraan, hanqina kana hinjenneefi qulqullina kan hinqabaanne ta’ee waan mul’atuuf, rakkoo kana hammaa tokkoo furuuf kan gaggeeffameedha.Keessaattuu, sochilee magaala Sulultaa keessaatti raawwachaa jiran keessaa daldalli aannaanii fi foonii isaa guddaa waan ta’ef namootni dhimma kanaan walitti dhufan,fayyadama waallee irratti hanqinni akka qaban mul’ata; dhalootaammaabirattiammoo, cirumaawu dagatamaa deemuu isaa ifaan kan mul’atu waan ta’eef kanaafillee furmata kaawuuf jecha kan gaggeeffameedha.Yaa ta’uutii, namoonni waa’ee aannaniifi foonii ilaalchisee waa yoo jedhan, maal akka fakkatu, eenyummaa isaanii kan ibsu ta’uufi dhiisuu isaa, ergaan isaanii maal akka ofkeessaa qabu qaaccesanii ilaaluun barbaachisaa ta’ee waan mul’ateef, qorannoon kun sababa kanaatiif geggeeffame.Fakkeenyaf,dhabamiitinlafaa keessattuu lafa margaa sababaijoo waan ta’eef,dhimma kana ilaalchisee ummanni afaanitti fayyadamee dhaamsa inni dabarsu sakatta’uuf jecha


.

## 1.5 Daangaa  Qorannichaa

Qorannoon kun, wantoota gurguddoo lama irratti daangeffame.Inni tokko, qabiyyeedha. Qabiyyeen qorannoo kanaa, gama dhimma hawasaatiin daldala aannaniifi foonii,gama fayyadama afaaniitiin ammoo waallee dubbii irratti daangeffamee jira.Wanti irratti daangeffame inni lammata ammo, bakka Qorannichaa,Magaalaa Sulultaafi Naannoo Isheerrattidaangeffamuun kan geggeeffame.Sababni daangaa kanaas, magaalaattiin oomisha, daldala aannaniifi foonitiin kan beekamtuufi yeroo ammaa garuu kuneen hira’achaa deemuudhaan namoonni guungumaa jiraachuu isaaniti.

## 1.6 Ibsa Naannoo Qorannichaa

Bakki qorannichaa,Godina Addaa Oromiyaa Nannawa Finfinnee Aanaa Sulultaatti,Magaalaa Sulultaafi naannoo ishii irratti kan xiyyeeffateedha.Magaalli Sulultaa,gandoota afur(4)jechuun:ganda 01 akka giddu galeessatti,Walee Lubee karaa Bahaafi Kibba Bahaan, Noonnoo Mana Abbichuu karaa Lixaafi Kiibba Lixaan,Qaasoo Wasarbii Kibbaan, Kattaa Wareersoo karaa Kaabaan daangeffamteekanneen of keessatti hammattee qabduudha.Naannolee magaalaattii daangeessan ilaalchisee:karaa Kaaba Bahaaniifi Bahaan, ganda Kattaa Wallallee, Kibba Bahaan, ganda Akaakuu Mana Abbichuu,Lixaan, ganda Gaalleeyyii Mana Abbichhuu, Kaabaan, ganda Wareersoo Maallimaan, Kibbaan, bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, kutaamagaalaa Gullalleefi GullalleeQaraaniyoon kan daangeffamteefi waliigalatti,bal’inamagaalaa, hektaara 10,424.4 kan qabduudha.




**KAARTAA MAGAALAA SULUTAA**

Magaalli Sulultaa akkuma magaallaan kawwaanii, baay'ina uummataa, bu'uuraalee misoomaa, diinagdee mataa ishee, tajaajila hawaasummaa, dhaabileewwaan adda addaa, qaamolee madda dinagdeefi kan kana fakkaatan kan qabduudha. Kanneennuma kana walduraa duubaan yemmuu ilaalu: Baay'ina ummataa ilaalichisee, dhiira, 62,896, dubartii, 66,947, ida'ama=129,843 qabdi. Bu'uuraalee misoomaa ilaalchisee: daandii aspaaltii km. 4.3, daandii koobilstoonii km.26, daandii ciirrachaa km270; ibsaa illalchisee: sarara human ibsaa km225, baay'ina maamilaa 11,505, baay'ina tiraansfoormarii 111,hamma ibsaa magaalaattiin fayyadamatu Mw.2.3; bishaan ilaalchisee: baay'ina boonoo 80, baay'ina boolla gadi-fageenyaa tajaajila kennaa jiran 7, burqaa tajaajila kennaa jiran 2, dhiheessii bishaanii Am-meetiriiper/sek 5.33 kan qabduudha.

Tajaajila hawaasummaa ilaalchisee immoo: Oolmaa daa'immanii kan mootummaa 9, kan dhuunfaa 25, kutaa 1-4 kan mootummaa 3, kan dhuunfaa 10; kutaa 5 kan mootummaa1, kan dhuunfaa 7, kutaa 1-8 kan mootummaa 5, kan dhuunfaa 7, kutaa 9-10 kan mootummaa 1,kan dhuunfaa hin jiru, kutaa 11-12 kan mootummaa 1, kan dhuunfaa kan hin jirreefi koolleejjii BLTO 1 kan qabduudha.

Dhaabilee fayyaa ilaalchisee: Buufata fayyaa kan mootummaa 1, keellaa fayyaa 3, kiliinika xixiqqaa kan dhuunfaa 9, kiliinika giddu galeessa 7, mana qorichaa 10, Tajaajila faayinaansiiilaalchisee: baankiiwwan 14, maayikiroo faayinaansii 3; qabeenya turiizimii ilaalchisee: holqaafi fincaa'a1, bosona dilalla'aa1,sinbirroo, "White Winged Fluf Tail" lakkoofsi isaani hin beekamne, iddoo irreecha malkaa 1, kan qabduudha.

Waldaalee hojii gamtaa jiran ilaalchisee: baay'ina waldaalee 15, kanarratti kaappitaalli horatame Q. 37,926,937.78;misooma beeyiladaa ilaalchisee: baay'inaloonii biyyaa keessaa/ 'local breed,' 13,509, baay'ina loon faranjii/ 'cross breed,' 3,150, baay'ina hoolotaa, 10,657, baay'ina kotte-duudaa 3,522, baay'ina lukkuu 9,090qabdi. Gama Industriin immoo, 42 kan qabduufi kaappitaalli galmaa'e ammo Q.965,573,211.00, carraa hojii uuman 2,586; karaa sochii Turiizizmiitiin immoo yaa'insa turiizimiifi galii irraa argamu ilaalchisee: kan biyya keessaa Q. 112,295.00, kan biyya alaa, Q.28,179.00, ta'ee galiin irraa argamu waggaatti Q. 140,474 .00dha.

Dhaabilee turiizimii magaalaa keesaa jiran yemuu fudhannu immoo: Hoteela 31, Rizoortii 4, mooteela 1, kan jiraniifi gama dhaabbilee amantaatiin immoo: Ortoodoksii 8, Pirooteestaantii 22, Waaqeffataa 2, Musliima 5 kan ta'anituu jiru.Seenaafi haala teessuma magaalaa Sulultaa ilaaalchisee,maqaa har'a ittiin waamamtu kan moggaaffamte,bara 1929 A.L.A.'tti ta'ee tanaan dura garuu" Magaalaa Burqaa Aannanii" jedhamtee waammamaa kan turteefi bara 1929 erga hundeeffamtee booda,bara1943_1955 A.l.I.magaalaa guddoo Aanaa Sulultaa tatee tajaajilaa turte.

Moggaasni maqaa kutaa magaalichaa adda addaa keessatti beekkamu maalirraa akka dhufeefiummanni Oromoo magaalicha keessa jiraachaa ture gosa hortee Oromoo kam akka ta'eefi ittiin fayyadamni afaanis maal fakkaachaa akka ture qorannoon geggeeffame waan hin jirreef, qoranichikun barbaachisaa ta'ee argameera.Dabalataan, maqaaleen iddoo adda addaa magaalli tun ittiin waamamaa turte maqaa haaraafi kan aadaafi duudhaa hin ibsineedha.Wanti nama dhibu immoo,akka mootummaatti maqaaleen sirriifi inni durii kan eenyummaa saba sanaa ibsu sun hafee,yeroo adda addaa akka bulchiinsa magaalaatti, maqaalee haaraa yeroo fayyadaman agarra. Yaa ta'uutii,ooluudhaan maqaan ganamaa magaalaa Sulultaa akka hin dhokanne gochuun dirqama ta'ee argamera.

Yeroo dabre keessatti, moggaasaafi itti fayyadama afaanii waliin walqabatee dirqamaan jijjiiramootni jiraachuu akka qaban ilaalchisee,"Many Oromos were forced to change their fore Oromo names in to Amharic names. Newely administrative areas were given new names, cultures, language, and new history (Oromo Nationalism, Shelema Kebe Jima, 2010:145). Akka namni kun kitaaba isaa kana keessatti ibsetti, Oromoo baay'een isaanii dirqamanii maqqaa isaanii dur warri baaseef akka jijjiiratan taasifamaa turuufi akkuma lafa haara'a bulchiinsan qabachaa deemaan,aadaa, afaan, moggaasaafi seenaa durii sana balleessuuf itti yaadanii haara'aan bakka buusaa turan jedha. Akkaataa qorannoon kun hamma tokko itt deemmee hubachuu yaaletti, dhiibban durii sun har'allee mul'achaa kan jiruufi lafa ofiitillee gadi lakkisuun ifatti kan mul'tu ta'ee itti fayyadama afaan ofii irratti miidhan jiru calaqqisaa akka jiru irra gahameera.Kana keessatti, magaalaa Finfinneefi magaaloota baay'ee naannoo keenyaa ilaaluu dandeenya. Akkuma Sulultaatti yoo ilaalle, kitaaba isaa kana fuula 46 irratti Fiichee iddoon jedhamu "Yetaliyan Mishig" jedhamee jijjiramuu isaa ibsa, Kanarraa ka'ee, maqaan "Mishigii" jedhu kun haala armaan gadiitti mul'atuun jijjiiramaa turuun ragaan mirkaneessee jira.

Fakkeenyaaf:Booxee Bunee= Corree,Loodee, Kombolcha, Bayyanaa Gadaa Jiloo= Fincaa'aa, Bulii Jiruu Baatii= kombolcha, Tulluu Waaqayyoo= Dorrobaa, Dubbii Shunburaa= Gaara Waaqayyoo, Abdii Galaasoo= Walee, Badhaadhaa Obaa Culee= Tulluu-Guddoo, Malkaa Sangootaa, Qinbirree hanga Gooroo Diimaatti, Anbassaa Waaqoo Heyyii= Tulluu Faatii (Ganda Waaqoo), Tufaa Munaa= Wasarbii hanga Burraayyuutti, hanga Birbirsa Goorootti (Piyaassaa), Odaa Suxuu= Karra Meexxii jedhamaa ture.

Karaabiraatiin, gosa sanyii Oromoo Sululta keessa jiraachaa turan ilalichisee kanneen gosa Tuulamaa ta'an kanneen akka Galaan, Gimbichu, Gullallee, Guutuu=Tufaa Munaa sanyii warra Guutuu ti, Lubee, Noonnoo kan eeramaniidha. Karaa biraatiin, akka raga manguddoota irraa argametti, maqaan moggaasa magaalaa sulultaa baaay'een isaanii kan jijjiiramaniidha.Isaanis:Inxooxxoo= Diilallaa, Assir kiiloo= Karra Meexxii: inni kun, Inxooxxoo bakka "Fittashaa" jedhan irraa eegalee hanga Wasarbi lafa jiru kan uwwisu,"Miizaan"= Wasarbii (Dirree Tufaa Munaa), "Atileet Safar"= Laga Abbaa Daabboo, Qinbirree= hin jijjirramne,maquma isa duriitti, "Shufunee, Kookaa"= Qaasoo Malkaa Ayyuu, "Dooroo Irbaataa"= Gooroo Caangee /Qaasoo Malkaa Ayyuu/, "Ashawaa"= (Tulluu Faatii) ganda Waaqoo, "Piraayim Miilk"= Kattaa Lukkuu, Baldaraas= Luuguu,"Kaajimaa"=Barrisa (Kaajimaa baay'een isaa, Barrisa jedhamuun beekama), Qacanee= Goraa Arbaa, Qeeraa= Corree/Loodee,"Mannahaarraa= bakki buufanni konkolaataa kun dur gabaa Hojja-duree'tu dhaabataa ture.

Walumaa galatti, moggaaffama armaan oliitirraa wanti hubatamu, haalli yeroo san fedhii ummataa malee baratame, hammaa har'aatti harkifamee dhufuun waalleen (hasbarruun) ummataa itti fayyadama afaan isaarratti hanqinaafi miidhaa akka qabu qorataan irra gaheera.Yaa ta'uutii,hara'a Magaalli Sulultaa,Finfinnee irraa gara kaabaatti kiloomeetira 23 irratti kan argamtuufi karaan konkolaataa Goojjaam keessa qaxxaamuree kan bahuudha.Haalli qilleensa ishee baddaa daree ta'ee waggaatti avereejjii hoo'ina 10-$20^0$C,rooba giddu galeessa mm1232.3olka'iinsa danbalii irra galaanaam2600-3230 irratti kan argamtuufi bal'ina lafaa heektaara10,424.4 irratti gandoota afur,baay'ina ummataa129,843 kan qabattee argamtuudha

Dhalli namaa erga Addunyyaa kan irra jiraachuu jalqabee,wantoota bu'uura jireenyatiif isaan barbaachisu arggachuuf sochii garaa garaa taasisaa tureera.Haalli isaan ittiin wantoota jireenyaaf isaan barbaachisu argachuuf itti deemaa turan gamtaafi dhunfadhaan yommuu ta'u kun immoo, haalli itti waliin jiraatan(haala qubannaa) isaaniirratti dhiibbaa uumeera.Keessattuu, dhalli namaa erga adamoo irraa gara qotatee jiraachutti ce'ee iddoo jireenyaa murtaa'e keessaa gamtaadhaan jiraachuu akka calqabe seenaan ni ibsa.

Dhalli namaa erga qonnaan jiraachuu jalqabee,oomishittummaanisaa yeroodha gara yerootti dabalaa yommuu dhufu, guddinni saayinsiifi teeknooloojitiis jijjiirama agarsiisaa dhufe.Kun immoo,ijaarsa warshaalee oomisha kana fayyadamaniitifsababata'e.Fakkeenyaaf waarshaa huccuu, saamunaa, gogaafi daakuufaa ijaaramuu jalqaban. Warshaaleen kunneen suuta suuta human namaa naannoorraa ofitti harkisuu yommuu jalqabu,namootni kunneen jireeny isaaniitiis naannuma warshaaleen kunneen itti baay'atanitti itti yaadaniitiis ta'ee osoo itti hin yaadiin taasifatan lakkoofsi isaanii yommuu dablaa dhufu gara magaalaatti godaanuun eegalame.Akka seenaan ibsutti,hundeeffama magaalootaatiif sababni haala guddina diinagdeefi sochii diinagdee naannoo tokkoo murteessaa ta'uun isaa beekamaadha.Yaa ta'u malee,sababa guddina magalootaatiin lafta margaafi qonnaa karaalee adda addaatiin fudhatamee magaalli Sulutaafi naannoon ishii sadarkaa har'a irra jirturra geessee lafti isheetillee warqee (mi'aawaa)ta'e.

Seenaa hundeeffama magaaloota biyya keenyaas yoo ilaalle,waan magaaloonni biyya keenyaa baay'een isaanii kan hundeeffaman bara durii daldaltoonni yeroo iddoo tokkoo gara biraatti siocho'an miilaan kan deemaa turan ta'ee yeroo aduun dhiitte karaarra iddoo bultii godhatanii bulaa turan,suuta suuta naannoo(iddoo) sisaan bulan kanatti nyaataafi dhugaatiin gurguruun jalqabame.Kanarraa ka'ee,namootni daldalaaf iddoo isaanitti walitti qabamanii magaalaallan xixxiqoo uuman.Magaaloon kunneen guddachaa dhufuudhaan uumamuu magaloota beekamoo har'a sadarkaa biyyattiifi naannootti beekamaniif sababa ta'e.

Seenaan gochaalee ilma namaa bara jireenya isaa keessatti raawwatame darbeedha. Gochaaleen kunis gaariifi yaraa ta'uu ni danda'u. Dhaloonni dhufu garuu, waan gaarii ta'eraa muuxannoo gahaa argachuun kan babal'isu yoo ta'u, kan yaraa ta'eraa ammoo barachuun lamuu akka itti hindeebi'amne kan taasisamuudha.

Kana irraa kan ka'e,waalleen hawaasa Oromoo keessa jiru akkuma garaagarummaa teessuma lafaatiin,ittiin bulmaata hojiitiin,amantaa fi ijjannoo,aadaa fi muuxannoo,sadarkaa qaroomina kan kana fakkaatan qabaniin daangaaa kan hinqabne ta'uun isaa qabatamaadha.Qorannoon kunis, osoo hawaasa magaalaa Sulultaafi aanaa maraa hammattaa ta'ee gaggeefamee, baa'yyee gaarii ture.Garuu,hanqina yeroofi maallaqaa irraa kan ka'e qoranichi daldaltoota aannaniifi foonii magaalaa keessa jiraataan keessaa namoota murtaawaa qofarratti kan xiyyeeffate ta'ee bakki qorannichaa, Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfiinnee magaalaaSulultaafi naannoo isheee keessattiidha.Namoota qorannoo kana keessatti qooda fudhatan,namoota daldala aannaniifi fooniirratti hirmaachaa jiran,kanneen lafa isaanitirraa buq'anii magaalaatti galan, namoota buleeyyiifi dargaggeeyyiiakkasumas,raawwattoota waajjira daldalaafi industirii magaalaa sulultaati.

Sululti haala teessuma lafaa uumamaan qabdurraa kan ka'e akkasumas haala qilleensa barama jirurraa kan ka'e, waan hambiraa jechuun midhaan adda addaa oomishuufillee mijattuu waan hintaaneef,caalmatti horsiisa horiin kan beekamtuufi aannaniif foon,margaoomishuufi gurgurtaan sirritti kan beekamtuudha. Kanarraa kan ka'e, "Namni ija tokko qabu,biyyoon hin tabatu," kan jedhurratti buuureeffachuun, dhimmaa kanaaf xiyyeefannoo guddaa kan itti kennan waan ta'eef qorannoon kunis fuullefannaa kanaan rakoo bu'uura ta'eef furmaata nikenna jedhamee kan yaaddamee geggeeffameedha.Walumaa galatti,magaalaattii seenaa qabduufi sabni Oromoo hedduun keessa jiraatu tana keessatti,waallee itti fayyadamni Afaan Oromoo rakkoo bal'aafi qulqulliina waan hinqabneef qorannoon kun iddee kanatti xiyyeeffannoo godhee furmaata laachuuf kan gaggeeffameedha.

### 1.7 Hanqina Qorannichaa

Hanqinni qorannoo kanaa,yerooqoratichi qorannoo kana hojjatu, yeroo hojii idilaawaa mootummaa waan tureef, odeeffannoo funaanuuf yeroo gahaa hinarganne. Yaata'uu malee, yeroo boqonnaa argatetti fayyadamuun ragaa sassaabeera.Kana malees, qorannoo kanaaf namoonni akka iddattootti filataman odeeffannoo kennuuf fedhii dhabuu, akkataa barbaadameen odeeffannoo kennuuf sodaachuun qoraticha ragaa argachuuf wantoota rakkisanidha.Sababni isaas, namoonni baay'een odeeffannoo kennuuf dhimmicha siyaasaan walqabsiisuun yoo yaada kennine itti gaafatamuu dandeenya jechuun shakkii guddaa keessa gala turan. Kunis, namoota umriin fagaatan biratti bal'inaan kan mul'atu ture.Rakkoo kanashangadanda'amettiodeefkennitoota amansiisuun, yeroo dheeraa fudhachuun waliin mari'achuun odeeffannoo/ragaa barbaachisu argachuun danda'ameera.

Rakkoon biroon immoo, namoota odeeffannoo kennan argachuurratti gufuu guddaan adeemsa qorannichaa keessatti mudachuu isaati. Keessumattuu namoota yeroo dheeraaf magaalicha keessa jiraataniifi lafa qonnaa isaanii dhimma hojii investimentiif jecha buqqa'an argachuun afgaaffii dhiyeessuun odeeffannoo argachuurratti bu'aa bahii guddaafi yeroo qorannichaa kan fixe ture.Rakkoo kana keessa darbuuf nama karaa agarsiisuufi bakka namoonni odeefkennitoota ta'an itti argaman geessu maallaqaan qacaruun ragaan argamuu danda'ee jira. Akkasumas,hanqinayeroofibaajataan walqabatee yeroo argametti karooraan fayyadamuu, hanqina baajataa qunname ammoo, deeggarsa argametti fayyadamuun cufee jira.

Rakkoon biroon immoo, hanga qorataan beekutti, qorannoon mataduree qorannoo ammaa kanaan waalfakkaatu kan gaggeeffame bal'inan argachuu dhabamuudha.Kanaaf, mataduree qorannoo kanaa irratti qorannoo hojjatame hanga barbaadetti dhabus, kanneen mataduree kanaan walfakkataniifi walitti siiqan hamma tokko barbaduun kan Afaan Oromoofi Ingiliziitiin,Digirii Lammaaffaafi sadaffaa guttachuuf namoonni gaggeessaan itti fayyadamee jira.

# BOQANNAALAMA : SAKATTA'A BARRUU

## 2.1 Seensa

Boqonnaa kana jalatti caalaatti qabxiilee bu'uuraa gurguddoo ta'an sadiitu ibsamu: jalqaba irratti barruuwwan addaddaa kanneen mataduree qorannoo kana cimsan kan sakatta'aman yommuu ta'u qabxiinlammaffaa immoo qorannoolee kanaan dura gaggeeffamaniifi mataduree kanatti dhiyaatan sakatta'uun walfakkeenyaafi garaagarummaa isaanii ibsuun qabxii xiyyeeffannoo qorannoo ammaarratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u inni sadaffaan yaaxinaalee qorannoon kun irratti bu'uuraffame kan ilaallatudha.Haaluma kanaan, jalqabarratti maalummaafi yaadrimee waallee, maalummaa daldala aanaaniifi foonii, maleenya qaaccessa waallee ilaalchisee barreeffamoonni jiran sakatta'amanii jiru.Itti aansuun, qorannoowwan kanaan dura namoota garagaraan gaggeeffamaniifi mataduree qorannoo ammaatiin walitti dhufeenya qaban sakatta'uun tokkummaafi addaddummaa isaan matadureen ammaa wajjiin qabantu ilaalama. Dhumarrattis, yaaxinaalee qorannoon kun bu'uura godhachuun gaggeeffametu sakatta'ame.

## 2.2.Yaadrimee Waallee

Waallee(discourse),hayyootni haala addaddaan hiika ittikennu.wallee(hasbarruu)yeroo jennu,wanta barreeffamaan jiru tokko yookiin wanta afaaniin dubbtamu tokko akkasumas, mallattoowwan adda addaa hiika dabarsuu danda'an of keessatti hammata. Yaada kanarrattidhugaantokkoakkajiraatukantaasisuhasbarruudha.Dhugaan kunis, wantoota hawaasniguyyaaguyyaanraawwatuofkeessattihammata.Teubert(2010:115).Akka hayyuunYule(2010:142) jedhutti, jechi hasbarruu jedhu, hiikaan isaaafaan hima olittijedha.Kanaafuu,qaaccessi hasbarruuafaan yoomessaatokkokeessattimaalakkafakkaatufiwaliindubbiinamootagidduuttitaasifamuxiinxalu uirrattixiyyeffata.Hayyuuleen Adam and Annette (2004:9)ammo,waallee akkasitti ibsu: "*The term discourse not only becomes account noune, but further refers to abroad collection of linguistic and non linguistic social practices and ideological assumptions that together construct power or racism*,"Yaaduma kana Addunyaan (2016/17) qorannoo isaa digirii sadaffaa guuttachuuf gaggeesse 6keessatti Schiffrin *et al*. (2001: 1) wabeeffachuun akkas jechuun ibsa. "Definition of discourse fall in to three categories (1) anything beyond the sentence, (2) language use, and (3) a broader range of social practice that includes

nonlinguistic and nonspecific instances of language,” Ibsi armaan olii kun waallee karaalee sadii hiikuun asrgina.Tokkoffaa,afaan himaa olii, lammaffaa fayidaa afaaniifi sadaffaa gochaalee/shakaloota hawaasaa kanneen afaaniin alaati jechuun hiika. Bifuma wal fakkaatuun, Michel Foucault (1970) yaadrimee waallee yommuu ibsu, “Discourse is viewed as inclusive of non-verbal elements (gesture) and, more generally, as the way people organize social life, institutions, and so on,” jedha.

Gama biroon, Schiffrin (1994:20) yaada kana yommuu ibsitu, *“Discourse is often defined in two ways: a particular unit of language focuses (on language use), and a particular unit of language focuses (above sentences.) These two definitions of discourse reflect the difference between formalist and functionalist paradigm.”* jedhu.Yaadni kun immoo unkaafi tajaajila ittiin mul’atu irratti hundaa’uu hiikni waallee fayyadama afaaniifi xiyyeeffannoo afaanii himaa oliin ilaalamuu akka danda’u balballoomsa. Akkuma ibsa armaan olii irraa hubachuu dandeenyutti waallee karaalee sadii hiikuu dandeenya.Tokkoffaa afaan himaa olii, lammaffaa afaan himaa gadii afaanitti fayyadamnuufi sadaffaa mallattoolee sochiilee hawaasaa kanneen afaaniin alaa kan jedhudha. Gee (2008, P.3) waallee haala armaan gadiin ibsee jira:

> Discourse is the ways of behaving, interacting, valuing, believing, speaking, reading and writing that are accepted as instantiations of particular identities by specific groups. Discourse is what we do and what we say. That is, discourse is both the forms and the functions of our textual and non-textual practices. It is perceived as all-embracing concept, which includes the propositional, social, cultural and contextual contents. Discourse is comprehensive, and seems to reconcile between the formalist’s and functionalist’s views of discourse.

Ibsa isaa kana keessatti hayyuun kun waalleen waa hunda ta’uu isaati. Kanaafuu, waalleen kan dubbii, barreeffamaa, mallattoofi kanneen kana fakkaatan ta’uu hayyuun kun balballoomsuun cimsee jira.

Cook (1990:7) yaaduma kana cimsuudhaan waalleen dubbii afaaniin darbuu qofaa osoo hintaane barreeffamas kan dabalatu ta’uu ibsee jira. Kunimmoo kan agarsiisu waalleen dubbii afaanii qofaan osoo hintaane barreeffamaanis kan jiru ta’uullee qorannoon ammaa kun waallee dubbii investimentiirratti kan xiyyeeffatudha. Waallee ilaalchisee yaada hayyoonni addaddaa kennan walitti fiduun yoo ilaalle waalleen afaaniin kan dubbatamu, barreeffamaafi malattoo addaddaan kan hiika dabarsuu danda’an mara kan ofkeessatti hammatudha. Kanaafuu,waalleen waa hundadha. Qorannoon ammaa kun garuu waallee dubbii qofarratti xiyyeeffata.

### 2.2.1 laalcha walleerratti Jiru

Ilaalchi fedhii aangoo garee hawaasaa tokkoo hubachuuf gargaara.Yaadni ilaacha jedhu kun qaacceessa waallee gadi fageenyaa keessatti baay'ee barbaachisaadha. Hayyuun Woofitt (2005, P. 140) yaaduma kana cimsuuf akkuma armaangadiitti ibsa.

> The cincept of ideology is crucial in Critical Discourse Analyisis.Ideologies are taken to be organized sets of beliefs which mobalize practice andviewpoint whichsustain inqualities across socity.Ideolgies thus serve to protect the interests ofpowerful group they perform this function in subtie ways beausthey inform howwe cometo world around us.

Akka hayyun kun ibsetti, ilaalchi walitti qindaa'ina tuuta aadaa tokkoo ta'ee kan tajaajila hojii aadaa tokkootiif dhimma hawaasni walqixxummaas ta'ee walcaalmaa aadaa sana keessatti qabu karaa ittiin ibsuu dandeenyu yoo ta'u faayidaalee kanneen galmaan gahuuf fayyada; kunis ilaalchi karaa hawaasni tokko addunyaa naannoo isaaniijiru ittiin hubachuu danda'u waan ta'eefidha jedha.

### 2.2.2. WaalleefiYoomeessa

Yoomessa jechuun hawaasni tokko afaan isaatti fayyadamee teroo gochaalee adda addaa raawwatu haala isaan afaan sana keesatti dubbataan jechuudha.Dhimma kana ilaalchisee hayyuun Malinowsk (1923: 307) haala armaan gadiitiin ibsee jira:

> Without some impretive stimulus of the moment, there can beno Spoken statement.In each case, there fore uletrance andsituationsare bound upinextricably with eachother and thecontext of situation is indispensible for understanding of the words. Exactly as the realityof spoken or written languages, a word without linguistic contextis a merefragment and stands for nothing by it self, so in the reality of the spoken, tounge, the utterance has no meaning except in the context of situation.

Akkuma yaada armaan olirraa hubachuun danda'amuti, namni tokko yeroo muraasaafillee fedhii isaa malee jecha tokko dubbachuu hin barbaadu.Dubbii haalli keessatti dubbatamu walitti dhufeenyaguddaa qabu.Akkasumas, dubbii dubbatamu tokko, hubachuuf haalli dubbatame baay'ee barbaachisaadha.Barreeffama yookaan haasawa guyyaa guyyaan taasifamu keessatti jechi tokko yoomessa xiinqooqaa malee dubbatame yookiin barreeffame waan tokko ibsuu akka hin dandeenye ibsee jira. Walumaa galatti, waalleeguyyaa guyyaan godhamu keessatt dubbin tokko yoomessa keessatti yoo dubbatame malee fayidaa akka hinqabne yaada kanarra hubachuu ni danda'ama.

## 2.3. Akaakuu waallee

Waallee,akaakuutti qooduu ilaalchiseeqo’attoonni adda addaa yaadaa garagaraa kaasu. Waallee akaakuun meeqa akka jiruufi qooduufis ulaagaa irra dhaabatanii qoodan rakisaa ta’ullee, hayyoonni adda addaa balballoomsanii jiru.Renkema(2009:4) dhimma kana yommuu ibsu:

> A well known problem in discourse study is the lack on consensuson criteria that couldserve as base for text typology or genre classification due to the embarrassing variety in forms and functions of discourse.Discourse types are linked either to cognitive process or to communicative. Functions, which until no one have not been into account systematically.

Yaadni kun waalleen unkaa fi tajaajila adda addaan argamuun isaa akaakuutti ramaduuf akkoo ta’uu nu hubachisaa.Akkasumaas,adeemsa ilaalchaa sammuu fi tajaajila afaanii waan of keessatti qabatuuf sirna irra dhaabannee qoodnu rakkisaa ta’uu nuagarsiisa.

Gama biroon, waallee gosa lama yookiin sadiitu kan qoodanis nijiru. Fakkeenyaaf, adam and Annette (2004:7) akkasitti qooduun ibsu: “traditionally, discourse genre has been used to designate different types of literary writing, different form of media professional such as general conversational, story telling and so on and different ways of acting and organizing networks of social practices.” Gareen kun waallee barreeffama, waallee dubbii fi waallee mallattoo (mallattoolee adda addaa qunnamtii hawaasa keessatti mul’atanitti) qooduu isaanii argina. Gama biroon cook(1999:7) waalleen dubbii afaaniin darbuu qofaa osoo hintaane barreffamas akka dabalatu ibsee jira. Ibsi kun immoo waallee barreeffamaa fi waallee dubbiitti qooduu isaa nuhubachisa.

Qorataan qorannoo kanas, akaakuuwwaan waallee keessa waallee dubbii hawaasicha keessa argamu kanneen babal’ina daldala aannaaniifi foonii magaalaa sulultaa keessatti gaggeeffamaa jiruun walqabatan qaacceesse jira.Kunis,boqonnaa afur keessatti taa’ee jira.

### 2.3.1. Waallee Illaanyawaa (Ideological Discourse)

Waallee Illaanyawaa (ideological discourse) ilaalchisuun wantoonni yaadonni adda addaan ka’anii jiru.Waalleen gama ilaalchaan ilaalamuu akka danda’u lafa kaa’u. Dijk (2004:4) akka ibsutti, “The discourse dimension of ideologies explains how ideologies influence our daily text and talk, how we understand ideological discourse and how discourse is involved in the production of ideologyinsociety,”jedha.Yaadnikunwaalleen gama ilaalchaan ibsamuu

akka danda’u agarsiisa.Kunis, qixailaalchaasaafibarreeffamoota keenya guyyuu keessatti dhii bbaa uumuu akkadanda’aniifi akkamitti waalleen ilaalcha hawaasaa ofkeessatti qabatee uumamu akka danda’uunilaalamuu isaa ibsa.Gabaabumatti, waalleen akkamitti ilaalcha hawaasaatiin ibsamuu akka danda’u kan ibsudha.

Dabalataanis,Dijk (2004:9) “One of the crucial social practices influenced by ideologies are language use and discourse.Much of our discourse, especially how we acquire, learn or change ideologies,” jechuun dubbata.Ibsi kunis immoo fayyadama afaaniifi waallee keessatti ilaalchi dhiibbaa guddaa akka qabu ibsa.Kunis akkaataa yadaa namaa itti fudhatan, namarraa baraniifi jijjiiraniifi murteessan eera.

Jargen (2010:195) immoo gama isaatiin yommuu ibssu, “Language ideologies represent the perception of language and discourse that is constructed in the interest of a specific social or cultural group. A member’s notions of what is ‘true’ normally good or aesthetically pleasing about language and discourse are grouped in social experience,” jedha.Yaadni kunis ilaalchi fayyadama afaanii fedhiifi aadaa hawaasaa garee murtaa’aa tokko keessatti mul’achuu akka danda’u ibsa.Wanti miseensonni garee kanaa ‘dhugaadha’, ‘gaariidha’, ‘eebbadha’ ykn ‘abaarsadha’ jedhan yaada dhoksaa muuxannoofi jireenya isaanii keessaa jiruun akka ta’e agarsiisa.Kanaaf ilaalchi fayyadama afaanii keessatti wanta namni tokko gaarii, gadhee, eebba, abaarsaafi k.k.kf.jedhee ibsuuf gahee guddaa qabaachuu agarsiisa.

### 2.3.2. Waallee Dubbii/Haasaa/ (Oral Discourse)

**C**rystal (1995) dubbataan dubbii afaaniin dhaggeeffataa waliin kan yaada isaa waljijjiiru ta’ee, akka isaaf mijatutti yaada isaa qindeessee kan haasa’u qindoomina yaadaafi duraaduubni isaa ergaa dabarsuu irratti kan xiyyeeffatu ta’uu ibsee jira. Kanaafuu, qorannoo ammaa kana keessatti qorataanis waanta dubbatameen alatti hiika jiru, miira dubbataan keessa ta’ee dubbii sana bifa geerarsaan,faarun,weedduun,dubbii qoolaan, jechamaan mammaaksaniifi bifa garagaraan dubbatu, maal jechuu akka barbaade qaaccessuun kan ibsu ta’a. Kunis xiinxala gadi fagoo kan gaafatudha. Akka waliigalaatti qorannoon ammaa kunis kanarratti kan xiyyeeffatedha.

### 2.3.3. Waallee Barreeffamaa

Waalleen barreeffamaa kan bifa barreeffamaan yaada sammuu keessa jiru karaa addaddaa ittiin ibsataniifi dubbisaan, qunnamtii barreesaa malee hiika yookiin ergaa barreeffamichaan dhiyaatu dubbisuun kan bira ga'amudha. Qindoomina yaadaafi caasaa eegee kan dhiyaatu, yoomessi dubbisaafi barreessaa addadda ta'uu kan danda'udha. Waalleen barreeffamaa bifa barruulee addaddaa kanneen akka walaloofi barruulee addaddaan rakkoo, gadda, gammachuu, dhaadannoo, injifannoofi.k.k.f.bifa ibsuu danda'uun kan gaggeffamu jechuudha**.** Yaada kana Stubls (1983:1) balballoomsuun yoo ibsu, "Discource analysis is the study of the organization of language above the sentence or above the clause," jedha. Akka waraabbii kanaatti balballoomsi haasbarruu qindoomina afaanii ciroo ykn himaa ol jiru kan afaan (dubbiifi barreeffamaan darban) qorata kan jedhudha.Kana malees, balballoomsi haasbarruu faayidaa afaan galumsa hawaasaa keessatti qabu, walqunnamtii afaanii barreessaa fi dubbisaa gidduutti raawwatu kan sakatta'u ta'uu hayyuun kun nidubbata.

## 2.4. Karaalee waalleen Dubbii Itti Taasifamu

Qoraaatn,dhimma lafa baadiyyaa guddina magaalaatiif jecha qotee bulaarra fudhatamee hanqina lafa margaa loon dheedanii fideefi kanfaltii beenya argachuuf har'a borii jedhamuu, yeroo gaaffii kanaa jecha deddeebi'an harka, harka namaa ilaaluun dhama'iitii guddan akka ture yaada isaan haasa'an irraa hubatamee jira.Dhimma kana gadi-fageenyyan irra gahuuf qaama hawaasaa gara garaa waliin wal arguuf jecha Amajjii 07 hanga Caamsaa 16,2011 A.L.I'tti marmaaruun odeefkennitootarra yaadni bal'aan fudhatamee jira.Haaluma kanaan, qotee bulaan yeroof itti fakkaatee qarshii guddaa argachuuf fedhii horachuu malee akka qabiyyee isaatirraa buqa'ee lafa loon isaa irratti horsiiisee annaniifi foon irra oomisu san dhabu hinhubannee ture.Hara'a garuu, gaabbiifi roorroo isaa afaan isaatii fayyadamee karaalee adda addaan yaada isaa ibsachaat jira.

Hawaasni,babal'inamagaalaatiin walqabatee qe'eefi qabeenya isaarraa buqqa'e kun, ilaalcha qabu, mormiifi deeggarsa qabu, aarii garaa isaa karaalee addaddaan ibsachuu mala. Kunis bifa dubbiin siyaasa bade sirreessuun walitti dhufanii humna godhachuuf, roorroo ibsachuuf, diddaafi cunqursaa irra jiru ibsachuuf gargaara. Karaalee kanneen keessaa, afoola kanneen akka geerarsaa, faaruu,weedduu, mammaaksaa, dubbii qoolaa/ malleen dubbii,jechama , addaddaafi kanneen kana fakkaataniin darbuu danda'a.

Geerarsi,ogafaan uummata Oromoo biratti bal'inaan beekaman keessaa isa tokkodha. Ummanni Oromoos geerarsaan gootummaa ofii, mormiifi deeggarsa qabu, roorroo irra jiru ibsata, Yaada kana cimsuun Finnegan (1977) yeroo ibsitu, *"Oral poetry is one type of song. It is a means of expressing feelings,"* jetti. Akka ibsa kanaatti geerarsi, gosa faarsaa keessaa isa tokkodha.Kunis karaa namni tokko miira isaa ittiin ibsatudha. Kanaafuu, geerarsi mormii qaama tokkorraa qaban ifa baasanii ibsachuuf, gootummaa ofii agarsiisuuf, deeggarsa qabanillee baasanii agarsiisuuf hawaasni kan itti fayyadamu ta'uu hubanna.

Walumaagalatti,geerarsi miira, gadda, roorroo, cunqursaa, qabsoo namni dhuunfaan yookiin gareen hawaasaa taasisu fi k.k.f.ibsuu akka danda'u hubanna. Kanaaf, hawaasni babal'ina inveestimentii Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa tureefi jiru geerarsaan haala kamiin ibsata kan jedhu qaacceffamee jira.

Mammaaksis,dame afoolaa keessaa isa tokko.Akka Malkaamuun,Meider (1997) waabeffatetti mammaaksi qabeenya ummataa umrii dheeraa qabuufi kan seenaa dhala namaa keessatti labata addaddaarraa walitti qabameedha.  Fedhasaa Taaddasaa (2003:57) kitaabasaa subii jedhu keessatti akka ibsetti mamaaksi akaakuu afoolaa keessaa tokko ta`ee bu`aa bayii jireenya namaa haala uumamaa ta`een kan ibsuudha.Waltajjii hawaasaa irratti dhimma garaagaraatiif fayyada.Fakkeenyaaf, namoonni miira walii kakaasuuf, walceepha`uuf, walgorsuuf, jajjabeessuufi k.k.f mammaaksatti fayyadamu. Mammaaksi yaadawwan addaddaa hawaasaan bifa gabaabinaan himoota gaggabaaboofi jechoota filatamootti fayyadamuun kan dabarsu ta`uu isaa beektonni kan ibsanidha. Akkasumas, afoolli haala jiruufi jireenya dhaloota darbee kan ibsu daawwitii aadaa seenaafi jireenya qaroominaa akkasumas guuddina irra jiran kan ittiin xiinxalu, kan gara fuulduraatti dhufu kan ittiin tilmaamnu hambaa afaan saba tokkooti jechuun ni danda`ama. Mammaaksi yoomessa ofdanda'e qaba: odaa jalattiifi lafa araaratti itti gargaaramu. Kana malees, iddoo cidhaatti, kamiin ibsata kan jedhu qaacceffamee jira.

Malleen dubbii yookiin dubbiin qolaas waalleen dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun wal qabsiisuun sammuu dubbataafi dhageeffataa ykn dubbisafi dhaggeeffataa keessatti fakkii akka uumutti dubbiifi baffeeffamaan kan dhiyaatudha.Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qaba.Kana ilaalchisee

Addunyaan (2014:208) irratti yoo ibsu, “Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta’een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsu,” jedha.Afaanota hedduu keessa dubbiin qolaa hedduutu jiru. Afaan Oromoos gosoota malleen dubbii hedduu qaba: akkasaa, iddeesa, nameessa, arbeessa, fakkoommii, eemtiifi kkf maqaa dhahuun nidanda’ama.

Akkasaan jechoota ‘akka’, hamma’fi ‘fakkaata’ jedhaman gargaaramuun wantoota addaddaa wal bira qabuun madaaluun kan dhiyaatudha.Kunis lubbuqabeessaafi lubbudhabeessa, xiqqaafi guddaa, dheeraafi gabaabaa, furdaafi qal’aafi kan kana fakkaataan walbira qabuun waldorgomsiisuudhaan kan ibsudha. Kana malees, waantota lama walitti fiduudhaan walbira qabee kan addeessudha. Malli kun jechoota ‘akka’, ‘hammaa’fi ‘’fakkaata jedhutti fayyadamuudhaan kan ibsudha.Dhimma kana ilaalchisee Biraanuu (1999:82) yommuu ibsu, “Akkasaan jecha *akka* ykn *fakkaata* jedhu fayyadamuun wal dorgomsiisuun kan dhiyaatudha,” jedha.

Iddeesaan immoo gosa malleen dubbii amalaafi gochaa wanta tokko akkuma jirutti wanta biroof kennuun kan dhiyaatudha. Kana ilaalchisee Addunyaa (2014:210) akkasitti ibsa: “Iddeesi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta’een wantoota waldorgomsiisa,” jedha. Kanarraa wanti hubannu iddeesi hojii waan ykn nama tokkoo isa biroof ykn sirna tokko waan gaarii ykn gadhee tokko gonfachiisuudhaan kan ibsudha. Kana malees, ciminaafi dadhabina waan tokkoo ibsuuf lubbuqabeessaafi lubbudhabeessatti fayyadamuudhaan guutummaatti, dhibaa dhibbatti amala waan tokkoo isa biroo gonfachiisuudhaan kan ibsudha. Kanaafuu, dubbiin qolaa kun kallattiin iddoo waan tokko isa biroo buusuudhaan kan ibsamudha.

Gama biraatiin, nameessi gochaa dhalli namaa raawwatuufi amala dhalli namaa calaqqisiisu wantoota biroof kennuun kan ibsudha.Kunis gochawwan dhalli namaa raawwachuu danda’an, amalaafi dandeettii dhala namaa lubbuqabeessafi lubudhabeessa biroon ibsuuf gargaara .Kunis gocha waan tokkoo lubbuu itti horuudhaan ibsuun akka danda’amudha. Akkasumas, nameessi hojmaata tokkoof foolii namaa kennuun miidhaksuun kan ibsamudha.
Arbeessuun immoo jechoota waan tokko garmalee ol kaasuun ykn gad buusuun dhiyeessuudha.Yaada kana Addunyaa (2014:214) yoo ibsu. “Wanta tokko guddisanii hamma arbaa, xinneessanii immoo hanga huubaa taasisuudha,” jedha. Malli kun hojii waan tokkoo jajuuf ykn tuffachuuf kan itti gargaaramnudha. Kunis dhugaa xiqqoo jiru qabatee kan itti dabalu yookiin gurra guddisudha.Karaa biraa gaarummaa yookiin gadhummaa waan tokkoo

itti dabaluun ibsuu jechuudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal’ina investimentii ilaalchisee hawasni miira isaa akkamiin olkaasee yookiin gadibuusee akka ibsu xiinxaluun niqaacceffama.
Fakkoomiin, mallattoonis haa ta’u jechaan wanti ibsamu tokko wanta inni bakka bu’u ykn mul’isuunkan ibsudha.Kunis waanti ibsamu sun ykn mallattoon agarsiifamu waanta inni waliin walitti firoomu jechuudha. Kana malees, mallattoon sun hiika haalaa waliin qabaatu ykn duudhaa faana kiikamu ta’uu nidanda’a.Fakeenyaaf, somba fannies jechun foonjira,qaleejira jechuudha; fakkiin fannoo qaxxaamuraa,mana kirstaanaa, kan goobanaafi urjjii qabu ammo mana musliimaa (mana daldalaa waliin walqabatee) kan namatti agarsiisuudha. Geerarsi fakkeenya 2ffaa‘Laaftoo jaare taane…’ fi ‘ Leensaan na…’ jedhuufi weedduun, ‘Yaa dachee mara’dhuu…’ akka fakkeenyatti boqanaa afur keessatti fadhataman kanaaf raga ta’u.

Eemtiin dubbii qolaa keessaa tokko ta’ee kan wantoonni faallaan lama akka walfaana dubbataman/ dubbifaman taasisuun itti fayyadamudha .Yaada kana ilaalchisee Addunyaan (2014:212) yoo ibsu, “Eemtiin akkka wantoonni faallaan lama walfaana dubbifanman taasisuun itti fayyadamuudha,” jedha.Kunis yaada irra keessa soba fakkaatee dhugaa of keessaa qabudha.Kana jechuun gochaa tokko faana wanti walfaallessu yoo jiraate ittiin ibsuuf gargaara. Kunis irra keessaan yookiin gubbaan yommuu ilaalan soba waan fakkaatuuf xiinxala gadi fageenyaan garuu dhugaa ta’uu bira gahuu kan barbaadudha. Malli kun eemtiin deebii ‘eyyee’fi ‘miti’jedhu of keessaa qaba. Kun immoo waanti tokko gama lamaan akka ilaalamuuf carraa bana.

Habalakni, akaakuu malleen dubbii wanti tokko wanta faallaa isaan ibsamudha.Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2014:213) habalakni tooftaa ittiin faallaa isaatiin ibsamuu ta’uu ibsee jira.Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti hawaasichi bifa faallaatti fayyadamee gochaawwan investimentii Bulchiinsaa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal’ate akkamiin akka ibsutu qaacceffama.

Bifuma walfakkaatun,durduriinis karaalee walleen dubbii ittiin taasifamu keessaa isa tokkodha.Durduriin akaakuuwwan gurguddoo raagoo (ogafaanii) keessaa isa tokkodha. Dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin daddarbaa kan dhufedhas. Durduriin kan nama bashannansiisuufi kofalchiisu qofa osoo hintaane namoonni naannoon isaanii maal akka

fakkaatu, walitti dhufeenyi hariiroofi sirni bulchiinsaa maal akka fakkaatuufi kanneen kana fakkaatan durduriitti fayyadamuun yaada isaanii ibsatu. Dhimma kana ilaalchise Couralandus (1955:3) akka ibsetti,"*Man has tales that explains natural phenomena, tribal practices and taboos, culturaL or political institutions. He has stories and fables that reflect the nature of man and his strength and weakness, tales ofadventures, courage, disasters and love,*" jedha. Yaada armaan oliirraas wanti hubatamu dhalli namaa naannoo isaa kan ittiin ibsatu, muuxannoo jiruufi jireenyaa isaa kan ittiin eerratu, waa'ee dhaabbata siyaasaa keessatti argamuu, ciminaafi dadhabina jiru jaalalaafi jibba mul'atu, hammeenyaafi gaarummaa calaqqisuufi kkf…durduriitti fayyadamee kan ibsatu ta'uutu hubatama.Haaluma kanaan, qorannoo ammaa kana keessatti hawaasichi durduriitti fayyadamee gochaawwan investimentii Bulchiinsaa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'ataa jiru akkamiin akka ibsutu qaacceffama.

## 2.5. Malleenya Qaaccessaa Waallee (Discourse Analysis)

Yaada dhiphaa ta'een,qaaccessa waallee jechuun, fayyadama afaanii sakatta'uun qaaccessuu jechuu fakkaata. Yaada kana Blommaert (2005, p. 14) yoo ibsu, "*In analyzing language in-use, the focus should be on what language use means to its users, what language does for them, and what the users do with their language,*" jedha.Yaadni kunis waallee qaaccessuu jechuun fayyadama afaaniirratti xiyyeeffachuudha jedha.Kana malees, fayyadamni afaaniifi akaakuun dalagaa raawwatamaa jiruu walsimata. Yaada kana ilaalchisee Halliday (1994) and Fairclough (1992) yoo ibsan, "*The types of activities and the language used in relation to the activities constitute each other. In a given context, activities inspire the use of language in a certain way, and language stimulates certain types of activities to be accomplished,*" jedhu. Kanarraa wanti hubannu,fayyadamni afaanii hanguma dalagaa ittiin raawwannu ga'a jechuudha.

Gama biraatiin,qaaccessa waallee bal'isnee ilaaluu dandeenya.Waallee qaaccessuu jechuun fayyadama afaanii qaaccessuu ol akka ta'e barruun addaddaa nibalballoomsu. Dhimma kana ilaalchisee barreeffamoonni addaddaa akkas jedhu: "Discourse analysis is seen as an interdisciplinary and problem-oriented approach that enables analysts to use information from different sources to solve language related social problems such as power abuse, dominance and inequalities (Weiss and Wodak, 2005; Van Daijk, 2006; Baker et al., 2008 and Rahimi

Ilaalchisee, Addunyaa (2014:210) akkasitti ibsa: “Iddeesi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta’een wantoota waldorgomsiisa,” jedha. Kanarraa wanti hubannu iddeesi hojii waan yknnama tokkoo isa biroof ykn sirna tokko waan gaarii ykn gadhee tokko gonfachiisuudhaan kan ibsudha. Kana malees, ciminaafi dadhabina waan tokkoo ibsuuf lubbuqabeessaafi lubbudhabeessatti fayyadamuudhaan guutummaatti, dhibaa dhibbatti amala waan tokkoo isa biroo gonfachiisuudhaan kan ibsudha. Kanaafuu, dubbiin qolaa kun kallattiin iddoo waan tokko isa biroo buusuudhaan kan ibsamudha.

Gama biraatiin, nameessi gochaa dhalli namaa raawwatuufi amala dhalli namaa calaqqisiisu wantoota biroof kennuun kan ibsudha.Kunis, gochawwan dhalli namaa raawwachuu danda’an,amalaafi dandeettii dhala namaa lubbuqabeessafi lubudhabeessa biroon ibsuuf gargaara .Kunis gocha waan tokkoo lubbuu itti horuudhaan ibsuun akka danda’amudha. Akkasumas, nameessi hojmaata tokkoof foolii namaa kennuun miidhaksuun kan ibsamudha.

Arbeessuun immoo jechoota waan tokko garmalee ol kaasuun ykn gad buusuun dhiyeessuudha.Yaada kana Addunyaa (2014:214) yoo ibsu.“Wanta tokko guddisanii hamma arbaa xinneessaniiimmoo hanga huubaa taasisuudha,”jedha.Malli kun hojii waan tokkoo jajuuf ykn tuffachuuf kan itti gargaaramnudha. Kunis dhugaa xiqqoo jiru qabatee kan itti dabalu yookiin gurra guddisudha. Karaa biraa gaarummaa yookiin gadhummaa waan tokkoo itti dabaluun ibsuu jechuudha.Haaluma kanaan, qorannoon kun Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa keessatti haala fayyadama afaan oromoo iddoo daldala aanaaniiffi foonii ilaalchisee hawasni miira isaa akkamiin olkaasee yookiin gadibuusee akka ibsu xiinxaluun qaacceffame jira.

Eemtiin dubbii qolaa keessaa tokko ta’ee kan wantoonni faallaan lama akka walfaana dubbataman/ dubbifaman taasisuun itti fayyadamudha.Yaada kana ilaalchisee Addunyaan (2014:212) yoo ibsu, “Eemtiin akkka wantoonni faallaan lama walfaana dubbifaman taasisuun itti fayyadamuudha,”jedha.Kunis yaada irra keessa soba fakkaatee dhugaa of keessaa qabudha.Kana jechuun gochaa tokko faana wanti walfaallessu yoo jiraate ittiin ibsuuf gargaara. Kunis irra keessaan yookiin gubbaan yommuu ilaalan soba waan fakkaatuuf xiinxala gadi fageenyaan garuu dhugaa ta’uu bira gahuu kan barbaadudha. Malli kun eemtiin deebii ‘eyyee’fi ‘miti’jedhu of keessaa qaba. Kun immoo waanti tokko gama lamaan akka ilaalamuuf carraa bana.

Habalakni, akaakuu malleen dubbii wanti tokko wanta faallaa isaan ibsamudha.Yaada kana ilaalchisee, Addunyaa (2014:213) habalakni tooftaa ittiin faallaa isaatiin ibsamuu ta'uu ibsee jira.Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti hawaasichi bifa faallaatti fayyadamee gochaawwan haala fayyadamaa afaan oromoo iddoo daldala aanaanii fi fooniiti Bulchiinsaa Magaalaa Sulultaa keessatti hawaasni akkamiin akka fayyadamuu qaacceffamera.

Malleen dubbii keessaa kan yaada yoo kallattiin dubbatan safuu hineegne, haamilee xuquu danda'u, jajjabeessufillee fayyadu inni tokko, jechama. Kunis,itti fayyadama afaanii keessatti, jechoota, gaaleewwan fi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduudha.Kunis, ragaalee funaanameen boqnnaa afur keessatti qacceeffamee

### 2.5.1 Waallee Akka Dalagaalee Hawaasaa Guyyuutti (Discourse As Social Practices Approach)

Faircluough, (1992:63) yoo ibsu"Discourse use as form of social practice, rather than a purelyindividual activity of a flex of situational variable," jedha. Ibsi kun fayyadama waallee hojii nama dhuunfaa caalaa sochii hawaasaatiin kan ibsamu ta'uu isaa agarsiisa; taateewwan hawaasni gareen jiruufi jireenya isaa keessatti calaqisiisu ilaaluu ta'a. Dabalataanis, Fairclough (1992:94) yoo ibsu, "Critical approaches to discourse analysis in the sense that set out to make visible through analysis and criticize connections between properties of text and social practice and relations (ideologies, power relations) which are generally not obvious," jedha. Yaadni kunis waalleen ifa bahee mul'achuu kan danda'u afaan suniifi muuxannoon yookiin birqabni kanneen akka ilaalchaafi aangoo fa'a waliin wal bira qabamee yoo ilaalame akka ta'e hubachiisa.

Kanaafuu, waallee qaaccessuufis afaaniifi birqabni hawaasaa haala sana keessaa ilaalamuu akka danda'amu nuhubachiisa. Qorannoo ammaa kana keessattis qaaccessa waallee dubbii daldala aanaaniifi foonii keessatti qoratichi mala kana qorannoo isaa keessatti bal'inaan kan itti fayyadamera.

### 2.5.2 Waallee Akka Hubannoo Hawaasaatti(Socio-CognitiveAproachto Discourse Anaysis)

Malleenya qaaccessa waallee haala hubannoo hawaasaatiin ilaaluun nidanda'ama. Yaada kana ilaalchisee, Brinto (2001: 401) Dijk (1998) wabeeffachuun yommuu ibsu, "*These*

*believes are organized as attitudes, which are generalized and abstract nature and are determined by their* organization *in society relevant categories of the group that is being evaluated (e.g. National, socio-economic status, socio-caltural, norms and values including region and language,*) jedha. Kunis kan agarsiisu waalleen haala hubannoo hawaasa tokko keessa jiru, kanneen akka gama dinagdee, lammummaa, hawaasummaa, afaaniifi amantaan jiran waliin walqabsiifamee ilaalamuu akka danda'u hubachiisa. Kanaafuu, waallee lallabaa hubannoo hawaasaa bakka sanaawaliin walqabsiifamuun qaaccessuun akka danda'amu hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Wodak and Meyer (2001:2), Harbermas (1977:259) wabeeffachuun yommuu ibsan, " Cririical discourse analysis aims to invesigate critically social inequality as it is expressed, signaled, constituted and so on by language in use," jedhu. Akka ibsa armaan oliitti qaaccessa waallee gad fageenya jechuun hariiroo hawaasa gidduu jiru kanneen akka wantoota addadddaa keessatti beekaman kan akka aangoo, haala fayyadama afaanii hojiirra oolchan kan ilaallatudha.

## 2.6.Sakatta'a QorannooWalfakkii

Mata duree kana jalatti,qorannoowwanmata duree qorannoo ammaa kanaan walitti dhufeenya qaban yookiin walfakkaatanituu dhihaata. Haaluma kanaan, qopheessaan wixinee qoranoo kanaas waraqaalee qorannoo garaa garaa sakatta'uun waraqaa qorannoo isaaf kan gargaaru u danda'an itti fayyadameera.

Addunyaan (2016/7), mata duree, "*The Discursive Constraction and Representaion of The Wata Identity: A Crtical Discuorse Analysis of Oral Texts"* jedhurratti qorannoo digirii sadaffaa ittin guuttachuuf gaggeessee jira. Walfakiin qorannoon kun qorannoo amma gageeffameen waliin qabu, wallee dubbii irratti xiyyeefachuu isaati. Haa ta'u malee, qorannoon ammaa kun, "Waallee Daldalaa Qaaccessa Haasaa/Dubbii Annananiifi Foonii magaalaa Sulultaafi Naannoo Ishii" irratti kan xiyyeeffateefi qorannoo duraan gaggeeffamerraa kun adda.

Gammachiis Zawudeettin (2008), " Hasbarruufi Haala Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee," jedhurratti yoo Ilaalaamee sakatta'amu, qorataan qorannoo isaa keessati abbootiin dhimmaa yeroo dhufan yoomeessa fayyadama haasbarruu

bakka sanaa waliin waqabatee fayyadamni afaanii abbootii dhimmaa mana murtii Hidhabuu Abootee keessatti dhiibbaa guddaan jiraachuu isaa qorannoo isaa keessatti ifa gochuu danda.

Fufaa Dhaasaa (2009)’tti mataduree, Qaaccessa Qaabiyyee fayyadama Afaan Mana Murtii Aanaa Gindabarat,” jedhurratti qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf gaggeesse yoo saktta’amu,qoratichi qorannoo isaa keessatti,itti fayyadamaa afaanii Mana Murtii Aaana Gindabarattii rakkinaafi hanqina ibsannaa yaadaa, kabaja iddee sanaa waamicha maqaalee keessattuu guyyootaafi ji’oota irrattiifi deebii himannaa kennuu irratti, hariiroo fayyadama afaanii mana murtichaa keessaa hanqinaafi rakkoo akka qabu adda baasee teechisee jira.

Karaa biraatiin, Mulugeetaa Warquu (2005), mataduree, “Qaacceessa Itti Fyyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Dandii,” jedhurratti digirii lammaffaa guuttachuuf qorannoo gaggeesserratti, argannoon isaa, jijjiirraa afaaniif kitabileen seeraa dhabamuufi akkasumas labsiiwwan seeraa Afaan Oromootiin baay’inaan dhabamuu isaa adda baasee techisee jira.

Qorannoon koo garuu, kanneen Addunyyaa Barkeessaa (Ph.D)tiin, Gammachiis Zawudeetiin, Fufaa Dhaassaatiin, Mulugeetaa Warquufi Qorcheen gaggeefamerraa. Inni ammaa kun garuu,mataduree, “Waallee Daldalaa Qaaccessa Haasaa/Dubbii Annaniifi Foonii Magaalaa Sulultaafi Naannoo Ishii” jedhurratti kan gaggeeffame yoo ta’u, xiyyeeffannoon isaas: daldala aannaniifi foonii ilaalchisee waan ummanni Magaalaa Sulultaafi Naannoo Ishee jedhu maal akka fakkaatu, wanti isaan dhimma kana ilaalchisee jedhan ergaa inni qabu yookiin dabarsu,waan kanaan walqabatee dubbaatamu akkamiin eenyummaa Sulultaafi Naannoo ishii ibsa? Kanneen jedhan  sakattaa’anii qaacceessuu irratti kan xiyyeeffate waan ta’eef adda isa taasisa.

### 2.7.Yaaxina  Qoannichaas

Qorannoon kamiyyuu yemmuu geggeeffamu, karaa sirriin ta’ee harka jalaatiin yaaxxina yookiin yaaddidama (theory) kauumsa kan godhatu kan mataasaa niqaba.Kana jechun qorannoon hojjetamu tokko kan ittiin hubatamuufi xiinxalamu buu’ura sana irratti hundaa’ametti.Haaluma kanaan, qorannoon ammaa qorataan hojjete kunis kan inni bu’uureeffate, yaaxxina Ijaarsaa(Social Constructivst Theory)’dha.Sababni isaas,adeemsa hojii daldalaa keessatti namoonni yaada , komii, mormii, fedhii, hawwii, beekumsa yookiin

muuxannoo,tilmaama isaanniifi duubdeebii dhimma adda addaa irratti qaban kan ittin walii qoodan yookiin ibsatan ,afaan isaanitiini.Namoonniaannaniifi foon waliigaltee uumanii walirraa bituufi gurguruu kan issaan dandeesisu, afaan isaanitti. Dhimma kan ilaalchisee,

> Social constructivists view learning as asocial process in which people make sense of their world by interacting with other people.(Isaacs,2013).Learning in social constructivist environment is supported by collaboration.Collaboration is a social process and leads to learning being not only acive,but also interactive.(Isaacs,2013). Social constructivists belief in the social nature of knowledge,and the believe that knowledge is the result of social iteracton and language usage, and thus, is ashared, rather than an individual, experience (Prawat and Floden, 1994).

Hayyuun kun akka jedhanitti ammo, yaaxxinni ijaarsaa kan namoonni keessatti namoota kan biroo waliin walitti dhufuun hubannoo argataniidha jedhu.Akkasumas,beekumsi bu'aa hariiroo waliti dhufeenya hawaasati ilaalcha jedhu qaba.Kanarraa ka'uun, qorannoon adeemsifame kunis kallattiidhan,Yaaxxina Ijaarsaa(Social Constructivism Theory) kan bu'ureeffateedha.

## BOQONNAA SADI: SAXAXAAFIMALA QORANNICHAA

### 3.1Seensa

Qorannoo tokko gaggeessuuf,saxaxaafi mala qorannoon sun ittiin adeemsifamu beekuufi dhimma itti ba'uun gahee olaanaa qaba.Qorannoo geggeeffamu keessatti, malli qorannoo dursamee akka hubatamuuqabu, qajeelfamawaliigalaa qorannoo qajeelchuu danda' uufi falaasama qorannoo akka ta'e yaada kana irraa nihubanna. Boqonnaa kana jaiatti dhimmoonni dhiyaachuuf karoorfaman saxaxa qorannichaa, mala iddatteessuun ittiin raawwatamu, madda ragaalee, adeemsa qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee, haala qaaccessa ragaaleefi kan kana fakkaatan kan ilaallatudha.

### 3.2 Mala Qrannichaa

Qorannoon kun qaaccessaa waallee waliin walqabatee fayyadamni Afaan Oromoo daldala irratti yeroo ammaa magaalaa Sulultaa keessatti babal'chaa jiran maal akka fakkaatu qaacceessanii ibsuurratti kan xiyyeeffateedha.Kana jechuunis,xiyyeeffannoo guddaan qorannoo kanaa haalli fayyadamni afaanii daldalaa keessatti keessattuu immoo kanneen idattoon fudhatamuu yaaddamnii birratti maal akka fakkaatu qaacceessuunibsuuf kan kaayyeeffateedha.Dhimmoota akkanaa qorachuuf ammo mala qorannoo makoo gargaaramuun gaarii ta'a.Yaada kan Addunyaan(2011:61)akka ibsetti,''Malli qorannoo makoo,mala akkamtaafi hammamtaa qorannoo tokkoo keessatti dhimma bahuun mala tokko qoffatti dhimma bahuurra hubannoo cimaa barbaada.Bu'aan adeemsa kanaan argamus isa odeeffannoo akaakuu tokkorraa argamurraa guulaadha,"Dabalataanis,ammas Addunyaan,(2011:63_64)waa'ee saxaxa qorannoo akka ibseetti"saxaxa qorannoo tokkoo kan murteessu gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu,kaayyoo isaa,akaakuwwaan ragaalee argamutti jechuun ni danda'ama waan ta'eef saxaxni waliigala qorannichaa to'ata,"jedha.Dabalataanis,Kothri(1990:31)saxaxa qorannoo yeroo ibsu,"Haala odeeffannoon ittin argamuufi qaacceeffamu akkaataa barbaachisuun kaa'uufi galma qorannichaa sirnaan eeguun kan kallattii qabsiisuuf deemuudha,"jedha.

Aajaa akkanaa kana ammo saxaxa qoaranoo akkamtaatti mayii bahuun filatamaadha.Dhimma kana ilaalchisee Creswell(2003)yemmuu ibsu,"Qualitative research design enables to identify the multiple meanings of individual and social experiences,"jedha.Kana malees,hayyoonni

biro kanneen akka Myers,Dornyei yaada adda addaa waan teechisaniif fuulduratti bal'inaan kan addeeffamu ta'a.

Walumaagalatti,akkaataa yaada hayyuulee kanneenitti fayyadama afaanii(waallee)qorachuuf malli filatamaan mala qorannoo akkamtaa ta'uu isaa agarsiisa.Kanarraa kan ka'e qorannoon kun mala akkamtaan kan gaggeeffamuudha.kunis,odeeffannoo iddattoo irraa argamu xinxaalanii addeessuuf mijataadha.Haaluma kanaan,qorataan mala filate kanattidhimma bahuuf bakka od-himtoonnijiran deemuun odeeffannoo kaayyoo qorannoo isaaf milkaawaaa ta'an nifunaannate.yeroo odeeffannoo kana funaanu namoota miiltoo isaaf ta'aniifi deeggarsa isaaf ta'an deeggarsa gaafachuun odeeffannoo argame yaadannoo qabachuun walitti kan qabatu ta'a.Sbaba qorataan gosa qorannoo kanaa filatu ragaaod-himtoonni kennan faana bu'ee hordafuun iddoo gaaffii kaasutti qulqulleeffataa akka deemuuf waan gargaaruufiidha.Malli qaaccessa ragaalee qorannoo kanaa immoo qulqullinaafi ibsa fayyadamuun bifa garaa garaatiin sassaabbaman gadi fageenyaan xinxaalee tokkoon tokkoon isaa adda baasee qaacceessuun kan ibsudha.

### 3.2.1 Iddatteessuu (sampling)

Qorannoo tokko gaggeessuuf,kanneen qorannichi isaan ilaallatuhundarraaodeeffannoo funaanuunbu'a qabeessummaan isaa daran akka cimsu ifaadha. Akka Neuman (2007:141) dhimma kana ilaalchisee jedhutti kaayyoon idaattessuu sababoota, ta'insootaafi gochaalee jiran gadi fageenyaafi haala ifa ta'een hubachuuf kan gargaaru ta'uu ibsee jira.Kanaafuu, qorannoo gaggeessuuf kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun iddattoo filachuun barbaachisaadha.Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti osoo hintaane sadarkaa addaddaatti ilaalamee filatama. Dhimma kana Flick (2002:61) yoo ibsu,

> *The issue of sampling emerges at different points in the research process.An interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling)…Furthermore, it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e. transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings; which cases or parts of texts are best used to demonstrate the finding (presentation sampling).*

Akka yaada kanaatti, qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu iddattoon namoota afgaaffiif dhihaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hintaane bakka sadiitti itti gargaaramna. Jalqaba, namoota odeeffannoo kennuu danda'antu filatamu; itti aansuun, wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaacceffamu itti dhimma bahama. Ragaan

qaacceffamee bu’aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhihaatu kan ittiin filamudha. Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta’u innis jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef immoo yeroo, maallaqa, humna namaafi kan kana fakkaataan qusachuuf yaadameeti.

Qorannoon akkamtaan gaggeeffamu muuxannoo hawaasaa yookiin dhuunfaa ibsuu, gadi fageenyaan xiinxaluu, ifa gochuu yookiin hubachuurratti kan xiyyeeffatudha. Jamaa hedduus kan gaafatu mitu. Dhimma kana ilaalchisee Dornyi (2007) yoo ibsu, *“Qualitative research focuses on describing, understanding and clarifying aspect of individual and /or group experiences. Qualitative inquiry does not worry for how representative the sample is or how the experience is distributed in the population…”* jedha. Kanarraas wanti hubannu qorannoo akkamtaan gaggeeffamu keessatti xiyyeeffannoon kan kennamu muuxannoon hawaasaa maal fakkaataarratti gadi fageenyaan ilaaluu malee jamaa hangamiituu argamee miti.

Haala kanaan, qorataan qorannoo ammaas mala iddatteessuu daarbaa dabarsaa (snowball sampling), akkayyoofi carraa tasaa fayyadamuun iddattoo filatee jira.Dameewwan investimentiigurguddoo kanneen akka dame manufaakchariingii, tajaajilaafi agiro-piroosesiingii magaalicha keessatti argaman keessa dameewwan hundarraayyuu lama lama mala carraa tasaatiin filatee jira; tokkoo tokkoo dameewwan investimentii filataman keessatti hojjattoota hojjachaa jiran keessaa mala akka carraatiin namoonni lama lama filatamanii jiru. Namoota sababa guddina magaalaatiin lafa qonnaa isaaniiirraa buqqa’an namootaa kudhan mala darbaa dabarsaan(snowball) filatamanii jiru.Daldaltootaafijiraattota naannoo keessaayis mala akka tasaatiin namootni digdamni filatamaniijiru.Hojii gaggeessitoota dameewwan daldalaa keessaa namoota afur, lama,lama mala akkayyootiin iddattoo qorannoo ammaatiif filatamanii jiru.

### 3.2.2 Madda Ragaalee

Maddi qorannoo kanaa,maddaodeeffannoo tokkoffaafi madda odeeffannoo lammaffaa ta’u. Madda odeeffannoo tokkoffaa jedhamanii kan beekaman odeeffannoo qaama dhimmi ilaalatu irraa karaa afgaaffiifi dawwannaa irraa funanamudha. Haaluma kanaan, maddi odeeffannoo tokkoffaa daldaltoota aannaniifi foonii magaalaa Sulultaa keessaa, hoggantoota daldalaafi ind ustrii akkasumas bulchiinsa lafa baadiyyaa mala iddatteessuu darbaa dabarsoon namootni gar

aa garaa filataman irraa ragaalee argamaniidha.Maddi ragaa lammaffa ammoo jiraattoota dhimma kana kan beekanifi umrii dheeraa dabarsaniifi namoota bittaafi gurgurtaa aannaniifi foonii irratti walgahanii dha.Labsiiwwan akka naannoofi biyyaatti dhimmaa aanniifi daladalaa ilaalchisee ba'aniifi beeksisoonni adda addaa magaalaa keessatti argaman akka madda odeeffannoo kanaatti fudhatamaniru.Miiltoo suura lakkoofsa,1,2,3'n dhimmakanaaf ragaadha.

### 3.2.3.Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaannaman

Meeshaaleen odeeffannoonittin funaannaman baay'inaan jiraatanillee,qorannooakkamtaa keesatti,meeshaalee ragaaleen ittiin guuraman kanneen mijatoo ta'anitti fayyadamuun barbaachisaadha/abshaalummaadha.Downsonfi Kothari akkas jechuun ibsu: "It is largely dissuced inliteraturethatinterview,observation,focusgroupdiscussion,ethnographicfield notes,document analysis,etc.arequalitativedatacollectiontoolsthatresearchersoftenuseintheirresearch,"jedha.Kanarraaswantihubannu, qorannoo akkamtaakeessattimeeshaalee funaansa raga kanneen akka af gaaffii, daawwannaa, marii garee xiyyeeffannoo, xinxaala dookumantiifi kanneen kana fakkaatan fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Haaluma kanaan, qorannoo ammaakeessattimeeshaaleen funaansaragaaleetiiffilataman,bargaaffii, afgaaffiifidaawwannaa dha.Sababa meeshaaleenkunfilatamanis odeeffannoowwanqoranichaaf barbaachisanhaalagahaata'eenargachuuf waanmijatoota'aniif.

### 3.2.3.1. Daawwannaa

Daawwannaan dhimmoota iddattoon raawwatu hunda yoomessa uumamaa keessatti kan mul'isu waan ta'eef, qoratichi odeeffannoo barbaachisu akka qulqulleeffatu taasisa. Karaa birootiin, daawwannaan adeemsa namoonni dhimma tokkorratti maal akka raawwataa jiran qaamaan biratti argamuun hubatanii odeeffannoo fudhatan waan ta`eef, qorannoo tokkoof murteessaadha.Daawwannaan odeeffannoo battalaa fudhachuuf akkasumas odeeffannoowwan maloota biraatiin fudhachuuf nama rakkisan argachuufillee kan ooludha. Dhimma kana ilaalchisee Sarantakos (2005:234) yommuu ibsu, "*Observation provides information when other methods not effective, relatively less complicated, and less time consuming and offers collection of wide range of information,*" jedha.Daawwannaan ragaa bu'uraa qorannichaa cimsuu danda'an funaannachuuf,mala qaamaan argamuun yoomessa uumamaa keessatti hirmaachaa odeeffannoo funaanataniidha.Haaluma walfakkaatuun, yaada

kana Dastaan (2002: 90) irratti yoo ibsu,“Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessa isa tokko.Qorataan iddooqorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordafaa waan arge tokko ragaa akka sassaabbatu kan taasisuudha.” jedha.

Haaluma kanaan, qorannoo ammaa keessatti qoratichis cheekiliistii daawwannaa qopheeffachuun meeshaa funaansa ragaa kanatti gargaaramuun Amajjii 07 hanga Caamsaa 16 tti odeeffannoo barbaachisu kallattiin madda ragaa tokkoffaa irraa qaamaan biratti argamuun waallee dubbii investimentii magaalichaarratti ragaa funaannatee jira. Bakka gabaa, bakka walgahii gooxiifi gareetti qaamaan argamuun, bakka afooshni jiru qaamaa dhaquun keessatti hirmaachuun, daandiiwwan gurguddaa hawaasni irratti baay’atu irra yeroo addaddaa hawaasni maal akka jedhu daawwachuun, naannoo waajjira bulchiinsaafi waajjira investimentiitti, iddoo daldalaa qaamaan argamuun abbootii dhimmaa dhimma ofii raawwachiifachuuf achitti yeroo yeroon deddeebi’an daawwachuun ragaa walitti qabatee. Akkasumas, manneen dhugaatii, keessumatti mana daadhii lakkoofsan kudha shan ta’an keessatti qaamaan argamuun daawwannaa gaggeessee jira. Hoteeloota gurguddaa kudhaniifi girooseriiwwan addaddaa kudha shan keessatti qaamaan argamuun daawwannaa gaggeessuun ragaalee/odeeffannoo waalitti qabachuun daanda’amee jira.Miiltoo keessaa,suura lakoofsa shanaffaan dhimma kana ni deegara.

### 3.2.3.2Afgaaffii

Meeshaalee ragaan ittiin funaanaman keessaa tokko, afgaaffiidha.Afgaaffiin meeshaa qorannoo akkamtaan taasifamu keessatti ragaalee qorannichaaf malukan ittiin argannu keessaa isa muteessaadha.Afgaaffiin dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf odeefkennitoot dhimmicha gadi fageenyaan beekan gaafachuudha.Dhimma kana ilaalchisee Pickering (2008:79) yommuu ibsu, “*Interviews are key methods associated with qualitative research. Interviews involves an interviewer and an interview engaging in face to face conversation, with an interview guiding the conservation by posing questions related to particular topics in order to gain a better undersating,”* jedha. Meeshaan kun qaama qorannoo akkamtaa ta’uu isaanii gaaffii dhimma qorannoo saganteeffameef qophaa’e ka’umsa taasifachuun gaafataafi qaama gaafatamu gidduutti fuulaa fuulatti kan raawwatamu ta’uu eera.

Afgaaffii keessatti qorataan gaaffii afaaniin iddattoowwan filatamaniif gaafannoo dhiyeessuudha.Malli funaansa ragaa kun odeeffannoo baay'ee murteessaa ta'e bifa gaaffii banaan qophaa'an gaafachuudha.Hayyoonni addaddaa faayidaa mala kanaa kallattiigaragaraatiin balballoomsu. Punch (1998:29) barbaachisummaa meeshaa kanaa yoo ibsu,*"Interview is one of the main data collection tools in qualitative research. It is a very good way of assessing people's perceptions… of situations and construction of reality. It is also one of the most power ways we have of understanding others,*" jedhaYaada kanarraas wanti hubannu afgaaffiin qorannoo keessatti meeshaa barbaachisaa ta'uu isaati. Bifuma wal fakkaatuun, faayidaa afgaaffii Addunyaan (2011:64) yoo ibsu,"Malli kun warra odeeffannoon irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaanii waan dhiyeessaniif ragaan mala kanan argamu aslii ta'a,'' jedha.

Qorataanis afgaaffiin kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uu keessatti shoora guddaa qaba jedhee waan itti amaneef itti nigargaarama. Kaayyoon qoratichi afgaaffiitti fayyadamuuf,qoratichiifi deebi kennitoonni qaamaan walarganii yaada isaanii bal'inaan walii ibsaa waan deebii deebisaniifidha.Qorannoo ammaa kana keessatti qoratichi jiraattota naannoo lafa isaaniirraa buqqa'an, daldaltoota keessaa muraasa, hojjattoota warshaafi waajjira investimentiifi bulchiinsa magaalaa, hoggantoota addaddaa fi kana kana fakkaatan irraa afgaaffiidhaan ragaalee walitti qabatee jira. Haaluma kanaan, namoota lafa qonnaa isaaniirraa buqqa'an namoota torba, jiraattota naannoo keessaa namootaa kudhan, namoota dhimma isaanii raawwatachuuf naannoo bulchiinsaa magaalaatti deddeebi'an namoota shan, akkasumas,namoota daldala aannaniifi foonii irratti bobba'anii jireenya isaanii geggeessan kudhaniif afagaaffii geggeesseen jira.Kanas ammo,osoo isaan daldala isaanii geggeessaa jiranuu, gariin ammo ganama osoo isaan hojii hin seeniin kaaniis, galgala erga isaan daldala guyyaa xumuranii galuuf jiraniin gaafadhe. Yaada isaan naaf kennan ammo hayyamsiiseen moobaayiliin waraabe.Isaan waraab egara barreeffamaatti deebiseendabaleejalakaa'e.kanan qaaccesses, keessaa luqiseen. Dabalee 'A'fi 'B'ragaalee qabatamaadha.

### 3.2.3.3 Keessatti Hirmaannaa

Yerooqorannoon tokko geggeefamu,iddoo ragaaleen itti argmu dhaqanii ijaan ilaaluurra darbee, gocha rawwatamu keessatti hirmaachuun ammoyaada qabatamaa ta'e argatanii gabaasuuf mijataa ta'a.Haaluma kanaan, qorataanis iddoo sochiin hawaasaa itti gaggeefamu keessattu dhaaba horiin itti gurguramu dhaquun akkaata namoonni horii walirraa bitaniifi

yeroo kaaniisitti fayyadama afaanii bu'uureeffachuun odeeffannoon argame qaacceffamee jira.Miiltoo suura lakkoofsi saddeetafaan ragaadha.

### 3.3 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kun waallee daldalaa keessaa waallee dubbiirratti xiyyeeffachuun Bulchiinsaa Magaalaa Sulultaa keessatti maal akka fakkaatu qaaccessuun ibsuuf kan gargaarudha. Haaluma kanaan,ragaalee iddattoo qoranichaa irraa funaanaman bifa qindoomina qabuun haala gaaffilee qorannichaa deebisuu danda'aniin mata durewwan addaa addaatti qooduunhiika itti kenna. Hiikni kennamu kun mala akkamtaan ibsamuun gadi fageenyaan xiinxalamuun qaacceffamuun kan dhiyaatu ta'a.Dhimma kanarratti Addunyaan, (2011:71)dhimmoonni qaacceffamancallaarraa ka'uun gara dimshaashaatti deemuu akka gaafatu ibsee jira.Bu'uuruma kanaan,qorannoo ammaa kana keessatti qoratichi dhumarratti ragaalee karaa hundaan madda addaddaarraa argamaniif qaacceffaman walitti fiduun ibsa itti kennee jira.

### 3.4 Naamusa Ogummaa (Ethical Consideration)

Qorataan tokko yommuu qorannoo gaggeessu milkaa'ina qorannoo isaatiif jecha naamusa ogummaa eegee argamuu qaba. Naamusi ogummaa kunis kan of keessatti haammatu haala ufannaa naannoo (mana hojii) sanaa, iccitii iddoo hojiifi iccitii odeefkennitootaa eeguun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, qorataan kun naamusa ogummaa sanaa eegee erga dhiyaatee booda jalqaba odeefkennitoota bira desemee odeeffannoo waljijjiiruun kaayyoo qorannoo isaa ibseefii jira. Qabanni qorataan tooftaa kanatti fayyadameef haawaasni dhimma investimentiifi lafaarraa buqqa'uun walqabatee odeeffannoo kennuuf baay'ee kan sodaatuufi ija shakkiin kan ilaalu waan ta'eef sodaa tokko malee odeeffannoo isanirraa eegamu akka gumaachaniif yaadeeti. Kunis faayidaan isaa odeefkennitoonni odeeffannoo kennuurraatti akka of hinqabneefi odeeffannoo kennan immoo,dhugaa jirurraa akka hinmaqsineef gargaara.

Dirreen qorannoo kanaa kan geggeeffame Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa keessatti yommuu tahu jalqaba mataduree kanarratti ergaa naaf hayyamamee booda odeefkennitootaaf of ibsuudhaan xalayaa seeraa Yuunivarsiitii Finfinneerraa naaf bareeffame ergan isaaniif dubbiseen booda odeeffannoo irraa sassaabbadheen jira. Ragaan kan walitti qabamees, bifa yaadannoo qabachuun ture.Sagaleefi viidiyoo waraabuuf odeefkennitoonni hayyamamoo hinturre.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

## 4.1.Seensa

Boqqonnaankun ragaalee daawwannaa, keessatti hirmaachuufi afgaaffiin walitti qabame xinxaaluu yaala. Xinxaalli tasifames gaaffiilee qorannichaa kan boqonnaa tokko jalatti dhiyaate deebisuu irratti xiyyeeffata.Kanaafuu, xinxalli taasiifamu qabiyyee bu'uura sadiirratti hundaa'a.Inni tokko, daldala aannaniifi foonii irratti waan namoonni dubatanibsuudha. Ibsi kun gaaffii qorannichaa isa tokkoffaa deebisa.Inni lammaffaan ammoo, wanti aannaniifi foon ilaalchiseedubbatamu ergaa inni qabu addaan baasuudha.Kunis, gaaffii qorannookanaa keessaa isa lamaffaadeebisa.Dhumarratti, ergaan dubbiidhan daldala aannaniifi foonii ilalchiseedarbu akkamiin eenyummaaSulultaaakkaijaareetuxinxaalama.Kanatti aansuudhaan qabiyyeewwan bu'uuraa kanaafi matadureewwan xixiqqaa achi jalatti argamanituu ragaaleedhaan xiinxalamu.

## 4.2.Daldala Aannaniifi Foonii Irratti Waan Dubbatamu

Hojiin daldala aannaniifi foonii fedhii irratti hundaa'ee namoota garaa garaa jechuun kanuma naanuma yookiin achumatti argamaniifi kanneen iddee hambiraatii dhufan kan walitti fiduudha.Aajuma walitti dhufaniin akkatumaafi haala baraniin, afaanuma baraniin fayyadamanii waliigalteerra yemmuu gahan mul'ata.Kana jechuun,afaanuma baraniin(Afaan Oromootiin, Afaan Amaaraafi Afaan Oromoo walitti makameen) haasa'u. Fakkeenyaaf,yeroo foon walirraa bitan waliin dubbii akka armaan gadiitti fayyadamu.

Warchiin(harki duraa) meeqa?(kan bitu)
Qarshii kuma tokkoofi dhibba jaha(kan gurguru)
Kiiloo meeqa ta'a?
Kiiloo saddeetii ol
Kiiloon herregaa meeqqan?
Qarshii dhibba lamaan
Maaliif akkana ta'uu danda'e?
Gatii horiitu siruma Maraate
Silaayyuu ni roobaa sababa malliif akkana ta'uu danda'e?
Roobus margi waan akka laayyottii hinargamneefi nyaanni horii (furuushkaniifi faaggulloon) waan dabaleef, qotatee bulaanis rakkatee gatii ol fuudhee nuttygurgura.
Margi maadhabame?
Kunimmaa, maal gaaffii qaba,guddina magaalaatiif jecha lafti margaa fudhatameejira.
Sululti,kan akkana taate kuun maal yaata'uree?

Maal kaa,inni bakkuma hundumattuu sanuma, wanti hindaballe maaltu jira?
Haala duriin maal fakkaataree?Kan dur qarshii saddeettiin,digdamaan binnu, har’a yeemuu akkana ta’u,
Moo!yaa namana, “qotiyyoo duriin eenyutu qota?”jechuun haala jiruu jireenya duriifi kan ammaa waldorgomsiisuun haala qabatama ammaa addeessan.(Miiltoon,suuraa 9ffaa’rra jiru dhimma kana agarsiisa)

Walumaagalatti,corahoriifi faayidaa isaa namootni moggaasanii kan waamaniiniifi ittin waliigalanyoo ilaalu:

1.Harka(Warchii)=kanwasiilonni gaafa cida sadaffaa marxoonmaranii daa’ima fakkeessuun argaa ittin kadhatanii gammachuu durbummaa kan ittiin ibsatan

2. Luka duubaa(Niqilii)=cora kabaja qabuufi foon wal’aansaafi kabajaaf akkasumas aadaa ibsuuf kitfoon irraa tolfamu kan qabuudha

3.Dirra(Shinxii) = cora keessaa kan qaama gabbina horii ibsuufi dalluu wajjin keesummaa kabajaaf dhihaatu,akkasumas gurgurtaaf yoo fannifamu, fakkeenya hawwataa gabaa ta’ee kan mul’atuudha

4.Handaraafa (Firinbaa) =ulaagaa gabinni horii ittiin mul’atuufi filatamee keessattuu nyaatarratti abbaawaraafkan dhihaatuudha

5. Cinaacha foon waliinii(Saliganyii)=foon ittoodhaa ta’uufi nama foon dheedhii allaaffachuu hindandeenyee keessaa qoloqolamee muramuuf kan hammatee argamuudha

6.Mo’oo(Godintedaabiit)=foon wal’aansaa ta’u kaleefi ciqqinnaa(foon baa’yee lallaafaa)qabatee kan argamu

7. Dalluu(Gooba,Shaanyaa)=cora keessummaa kabajaaf dhihaatuufi burree ta’ee foon diimaafi adii qabatee kan uummamuufi nadha foonii bahuuf kan ooluudha.

8.Hirree(Nabroofi xuunchaa)=dargaggeessa,dubartii deessuuf aanniisaa akka horataniicida keessa seenan,siree cabsanii akka ka’an kan nyaatamuudha

9. Cagguwaarraa=cora keessaa dhukuba garaatiifillee nioola jedhamee nyaatamu

10.Mar’imaan(garaacha)=cumaan isa keessaa elmamee yeroofi iddoo tokko tokkottisirna ayyaanaagabbartiifmormatti ykn dirrarratti rarrafatanii jidhinaafi milkiigaariiittiin ibsachuuffayyaduudha

11.Tiruu=kan namni hanqina dhiiga qabaniifigaraan isaniimadaa’e nyaataniidha

12.Onnee=akka hirmiitti ilaaluun namoonni tokko tokko kan hin nyaannee;qulqlina nama horii san qalee yookiin gorr'aee kan ittn safaramu; warra garaan walitti nahe kan nyaataniidha.

Kanarraa wanti hubatamu, corri('billitiin')horii Afaan Amaaratiin malee Afaan Oromootiin moggaafama mataa isaa guutumaa guututti waalta'ee kan sabni beeku kan hinqabneefi naannoodhanaannootti, maqaa, hiikaafi fayyaddama mataasaa kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.walitti dhufeenya namootaa dhimmaa horii walirraa bittaa ilaalchise itti fayyadama afaanii agarsiisu haala armaan gadiitti dhiyaaterraa wanti hubannoo keessa galu jira.

Abbaankanaa? (kan bitu)
Jirra.(kan gurgur)
Meeqaa?
Hamma kana
Kan nyaattu hoo?
Kanan nyaadhummaa midhaani
Namana, ani gatii horichaatan si gaafadhe
Maarree,hamma kanaan nifudhatta?
Yoo sii ta'e hamma kanaan fudhadhu
Horii Sulee, maqaa akka qabu ni bektaa mitii?
Sirreessi fudhadhu, obbolleessa koo kamittn gurgura,
Ganama hamma kanatuu na harkaa deebi'e
Inni kaa ganama si darbee, 'gabaa jedhi wanta san jedhi yeruma dhabbate sana tola'
Egaa, kan nagaa sii yaata'u, koottuu fudhu

Siifis,qarshiin siif yaabarakatu, jechuun harka waldhungatanii wal eebbisuun walgaggessan.Miiltoo,suura lakkoofsa 8ffaa ilaaluun qabatamaa taasisa.Karaa biraatiin,itti fayyadamni afaanii 'mitehee' yeroo ofkeessaa qabutu mul'ata.

Fakkeenyaf. Abbaan,hoolaa?
Hooladha
Maalnyaataa?
Marga
Maali micciiramaan kun
Gaanfa hoolaati
Maal yaasaa ?
Tiitiidha.

Kana booda,jabbii hiikii hiddiin tabadhu, jedheet biraa deema.Walin dubbii bittaaf gurgurta qaaman keessatti hirmaattame kanarraa wanti hubatame itti fayyadamni afaanii sochii ilma namaa kamiiyyuu keessatti iddeen inni hintajaajiilleefi dhaamsi inni hindabarsine hinjiru.Hawaasni Sulultaa karaalee adda addaan dhaamsa garaagraa dabarfachuu isaa agarsiisa.

Yaadonnii ragaalee bifa daawwannaatiin funannaman,dabalee jalatti argaman, qabiyyee qabiyyeetti caccabuun yoo qacceffaman, gaaffiilee boqonnaa tokkoffaa jalatti ka'aniif debii argamsiisanii jiru.Walumaagalatt, qaaccessi qorannoo kana keessatti adeemsifame, sirna qabiyyee itti fayyadama dubbii hojii daldala aannaniifi foonii magaalaa Sulultaa keessa jiuufi hanqina jiru kan adda baasuudha.Miiltoon suura5[ffaa], 6[ffaa]yaada kana deegara.Kanarraa kan ka'e:

- Namootni bittaafi gurgutaa keessattuu, daldala aannaniifi foonii irratti walitti dhufan, afaan qulqulluu Afaan Oromoo qofa osoo hin taane, akkuma baramettii makoo Afaan Amaaraafi Afaan Oromoottiin akkuma ittitoletti kan fayyadaman ta'uu isaa agarsiisa.Kun immoo kan ta'uu danda'eef,durumaa kaasee itti fayyadamni Afaan Oromoo xiyyeeffannoon kan itti hinyaaddamneefi akkuma basiifataa ta'ee Afaan Amaaraatti fayyadamuun waan barameef.
- Dhimootni itt fayyadamni afaanii hojii daldala aannaniifi foonii magaalaa Sulultaafi naannoo ishii keessatti hojiirra oolaa jiru, xinxaaluun ibsuufi ragaaleen mala funaansa odeeffannoo daawwannaa daldala irraa argaman bu'uura godhachuun cuunfaa qorannichaa akka armaan gadiitti ka'amanii jiru.

Haaluma kanaan,gaaffiilee qabiyyee daldala aannaniifi foonii akkasumas lafa margaa loon dheedanii ilaalchisee waan dubbatamu maal akka fakkaatuufi itti fayyadamni afaanii (Afaan Oromoo)akamittiin eenyumaafi naannummaa idoo kanaa ibsuu danda'aa?Jiraattootnihoo maal jedhuu?kan jedhu gafatamee,waan irra gahame xiinxalamee qaacceefamuun kan hanqina qabus fuulduratti furmaata akka argatu dhumarratti amaanaan ta'ee jira.Qorannoo ammaa kanaaf garuu qaacceessaaf ka'uumsa kan ta'an kanneen armaan gadii dhiyaatanii jiru.

- Rakoolee qabatamaan afaan hojii daldalaafi waliigaltee hawaasaa keesa jiru maal mul'isa?jedhameegaafatameef, ragaaleen argame akka teechisetti,ibsannaa dhimma kanaan walqabatan, maqaalee cora foonii, iddoo bashannanaafi beeksisa yaada Afaan Oromoon jiraniif dhihaatan hubachuu dhabuun mul'ateera.Fakkeenyaaf, maqaalee cora horii (foonii), gaaffannaa gatii, waamicha guyyaafi baattii faa akkuma baranitti jechuun Afaan Amaaraa walkeessa makuun kan fayyadaman ta'uun iraa hubatameera.

- Hariiroo ittifayyadama afaanii, namoota bittaafi gurgurtaa irratti, dhimmoota adda addaa iratti walitti dhufan yemmuu yaada waljijjiiraniifi keessa isanii, seenaa darbe

ibsatan,hanqina akka qabu hubatamee fuulduratti bifa walfakkaatu akka qabu mul’istoonni taa’anii jiru.

Walumaa galatti, qabiyyeewwan itti fayyadamni afaanii hojii daladalaafi haasawaa hawaasaa kessa jiru hanqinaalee kan qabuufi keessattuu Afaan Amaaratti fayyadamuun waan jiruuf yookiin mul’atuuf ummaanni akka naannoo isaatti afaan isaatti(Afaan Oromootti) sodaa malee karaa quubsaa ta’eefi eenyummaa isaa ibsuu danda’un aajaa ba’uu irratti hanqinni akka jiru qorannoo kanarraa hubachuun danda’amee jira.

Karaalee namootni yemmuu waliti dhufan wanta yaadaan, fedhan, beekumsa horatan, gadda, gammachuu, hawwii, mormii, komii quuqqamafi kan kana fakkaatan waljijjiiruuf malleeen dubbiitti fayyadamu.Itti fayyadama afaan kanaanis yaada dabarsuu yookiin himuu barbaadan tokko, kallattiin ta’ee al-kallattiin akka dabarsan isaan gargaara. Kunis walii galttee saffisuufi miidhagina haasawaa isaanii eeguuf malleen adda addaatti ni fayyadamu.Kanumaan walqabatee, Ogunsiji,(2000:12) haala itti fayyadama malleen dubbii akkas jechuun ibsa.

> Language may besaid to work in twobroad dimentions namelyliteral and figurate dimentions. The literal dimentionof languageuse develops words in their usual and obvioussense with outany additional suggestions. On the other hand, the figurative dimension deals with the suggestive or connotative use of language. Figuration there fore, implies extended or asossiativemeanings i.e.the use of language in an imaginative manner,to elaborate a thesis or proposition and also to be appealto the emotions of the reader or listener.

Malleen dubbii haala kanaan fayyadamuun ummanniSulultaafiNaannooIshees waan jechuu barbaadaan,akkamittiineenyummaa isaaniiibsaachuufi waan jedhan san duubaa maal akka qabuufi akkamiin akka isaan ijaaruu danda’an qaamoolee afoolaa ittiin ibstan keessaa, geerarsa, faaruu, mammakasa, weedduu,dubbiin qolaafi akkasumas jechama kan ta’an qorannoo kana milkeessuuf caalmatti fudhatamanii jiru.kunis, boqonnaa lama keessatti hayyuuleen adda adda ibsa gahaa kan itti kennan yaadachuun barbaachisaadha.Fayyadamni afaanii kunis, kanatti aanuudhaan xinxaalamaniiru.

### 4.2.1 Geerarsa

Akaakuu fayyadama afaanii ummanni Magaalaa Sulutaafi naannooisheedhimma ittin ba’uun waa’ee aannaniifi foonii ibsatan keessaa tokko, geerrarsa.Geerrarsi ammoo akaakuu afoolaa keessaa isa tokko.Geerarsi roorroo, gadoo, quuqqaa, galata gammachuufi gadda, kan ittiin ibsataniidha. Yaada kana cimsuuf, Finnegan (1977) yeroo ibsitu, “Qral poietry is one type of song. It is a means of expressing feelings,”jetti.Akka ibsitetti, geerarsi gosa faarsaa keessaa

isa tokkoodha.Innis,karaanamnitokko miiraisaa ittiin ibsatuudha; hasdubbii keessayis isa tokkoodha.Walumaa galatti, geerarsi miira keessaa,mormiifi deegarsa, gammachuufi gadda, hawwiifi kan kana fakkatu ibsuu akka danda'u hubanna. Kanarraa ka'un, hawaasni magaalaa Sulultaafi naannoo ishii kan daldala aannanifi foonii irratti mala kanaan yeroo dheeraaf turan geerarsaafi faaruun haala kamiin itti fayyadamaa akka jiran qaacceffamee jira.**U**mmanni Magaalaa Sulultaafi naannoo ishii daldala aannanii foonniifi margaa irratti danqaa isa mudate geerarasaan ibsachaa jira.Ragaan armaan gadii yaada kana agarsiisa.

Fakkeenya 1)Aannaniifi foonii safuullee kan qaban,
Dhalootni har'aa moomadda galii godhn.
Qoteebulaa kaasuun dinagdee guddisuuf
Itti fakkeessanii lafa irraa fudhchuuf
Aannanwarqiita'e dhabamee kaa safuuf.
Isa abbootiin keenya tursiisan
Kan dhaloota ofiitiif dhaalan
Guddina magaalaa jedhanii
Lafa margaa dhabamsiisani
Qala'ee argameeaannaniifi fooni.
Nuttifakkeessaniiijoolumtikeenyaa
Harkaduwwaataanee dhabnekaaqabeenya.

Geerarsa armaan olitti dhiyaaterraa hidhata waan sadiitu hubatama. Isaanis:aannan, fooniifi marga.Ummata Magaalaa Sulultaa biratti sadeen isaaniyyuu madda galii turan. Yaa ta'u malee,yeroo ammaa kana maddi galii sun gu'aa akka jiru geerarasa kanaan ibasatu. Fakkeenyaaf toora geerarsichaa shanaffaa irratti hima aannan warqii ta'e jedhu dhimma kana haalaan ibsa.Himichi, malleen dubbii kessaaiddeesaadha.Iddeessan, wanti tokko bakka waan biraa buufamuun akka salphaatti hubatamutaasisa. (Addunya, 2016).Asitti,aannanituu bakka warqii bu'e.Bakka bu'insa kanaanis akka warqiitti mi'aawuu isaa ibsu.Ibsa kanaammo, jecha 'qaala'e'jedhu kan bo'oo kurnaffaa irra jirun cimsame.

Kunis kan ta'e, maqaa gudina magaalaatiin qonnaan bula lafti isaa irraa fuudhamuun akka ta'e geerarsicha keessatti ibsamee jira. Kanaafuu,laftti dhibnaan margi dhabamee loon waan dheedee aannan laatu dhabe.Margi dhibun,aannaniifi foon qaala'aa deemuuf ka'uumsa ta'e. Jechi ittifakkeessanii jedhu,tarsiimoo fakkeessa(pretentionstrategy)akka gawwoomsaa agarsiisa.

“Ni ta’a jennaan harree qallee, hin ta’u jennaan harree ganne” jedhamu, yaada magaalaa guddachuu qabu, yeroo kana jiruun fooyyee ta’e ni argama kan jedhaman dhagahanii lafa isaaniikanqonnaafihorsiisahoriifoolugadilakkisan.Garuu,sadarkaafihaallijiruuirragahamefaall aata’uun sadarkaanittin bulmaataagadisiqee yooargan, akkanajedhaniigeerarran.

Fakkeeny 2) Nabatate mataan koo
Laaftoo jaare nataate
Na qallatte miillikoo
Muka xafii nataatee
Na bobaate garaan koo
Naafxaafi gaazii na taatee
Luuccan haada mataa koo
Leensaan naa marga jedhee
Guddaa yaada garaan koo
Keessa naa darba jedhee
Leensaan naa marguu didee
Keessanaa darbuu dide.

Ganna naa darba jedhe
Bacaqaan boraaffadhee
Bona naa darba jedhee
Dhukkeedhaan hammaarradhe
Barroo baraan dabartee
Rakkoon koo diddee jabaattee
Isheenuuitti hammaattee.

Geerarsa armaan olii irraa keessattuu dhahata, Guddaa yaada garaan koo,keessa naa darba jedhee, jedhuufi rakkoon koo diddee jabaatte, kan jedhan yaada, “nuuf daabarti, jiruu qananiituu irra geenya,” kan jedhamee yaadame sana faallaan dukkanneessee cirumaa gadadoo akka fide kan ibsatu ta’uu isaa qaacceessi waallee qorannoo kanaa ni agarsiisa.Haaloo hamabiraa jiru karaa biraatiin namoonni tokko tokko dhagahuumsa keessa isaanii yemmuu ibsatan akkana jiedhanii faarfatu:

Faakkenya 3) Yoo diiganii qotan malee
Gimbiin daangaa kabala
Tuffatanii dhiisan malee
Dubbiin aarii dabala
Warri jabbii bite yaa ijoollee
Dhalteefi aannan dhugaa
Warri araqee qabe yaa ijoollee
Gamteef taa’ee muga
Gurooleeyaa guroolee,burraan keebooqa dhale.

Geerrarasa dhiyyate kana yoo qacceesinee dhaamsa isaa ilaalu,seenaafi haala jiruu jireenya naannoo Sulultaa keessatti geggeefama ture sun iddoo burqaa aannanii taatee kan turteefi aannan nama obaasuu malee gurguranii kan qarshi itti hin argamne sun har'a jijjiiramee maqaa misoomatiin lafti margaa bade oomishi kanaan walqabatee argamu sun dhabamee annanifi foon gatii guddaa baasee namootatti dharraa taee argamuun isaa namatti gabbii ta'ee mul'achuun kan ittiinibsameedha.

Qorataanis,yaadaafi geerarsa odeefkennitootaa kanneen bu'uura godhachuun yaada armaangadii hubatee jira.Ummannni lafti isaanii hojii misooma magaalaaf jedhamee lafti irraa fudhatame haala jiruu duraan jiraacha jiru jijjiiree siriittu oomish isaa hawwataafi eeggataata'ee aramuu isaat irraa hubatama. Kanas, afaaniin yookiin dubbiin kan ibsatan ta'uu agarsiisa. Dubbii ittiin ibsatan keessaas geerarsi bal'inaan kan dhimma itti ba'anidha.Bakka addaddaattidhimmoota addaddaaf, fakkeenyaaf bakka cidhaatti, mana dhugaatiitti, olla wajjiin yommuu walitti qabaman quuqqaa/ mormii qaban geerarsaan ibsatu."Baraafi saree hinhimatan,"yeroon itti jedhanillee jira.Geerarsa armaan olii keessatti,buufanni, *inni,'Harka duwwaa taanee dhabnekaa qbeenya…*.kan jedhu keessatti osoo itti hinamaniin humnaanifi gamnummaan lafti isaanii kan irraa fudhatame ta'uu mul'isa. Kanas kan raawwate nama fagoo dhufe osoo hintaane lammiidhuma isaanii kan qomoon isaanii guddiseefi dirqisiisee kan irraa fudhatame ta'uu agarsiisa.

Geerarsuma armaan olii kana keessatti namooni jiruu mataasaanii qabatanii jiruu gaarii jiraaachaa turan hara'a hiyyoomanii kwuuan magaalatti galanii hojii humnaa kan hojjetan, kuun immoo biyyaa kan baqatanii maattii isanii bittinneessan akka jian agarsiisa. Sababa kanaanis kan iyyoome ta'uu, jooraa kan jiru ta'uu, lafa isaa duraanii itti amanee osoo hintane dirqiin waan ta'eef, lafa isaa dhabee jooraa kan jiru ta'uu agarsiia.
makinii

Fakkeenya 4) Sulee biyya foonii kan burqaa aannanii
Margaanisgabbattuu,laliistuu uumani.
Keetumaan of boonsii kan biro hin
Yaadakee ibsadhuu Afaan Oromooni.

Geerarsa kanarraa wanti hubatamu,Sululti kan ittiin beekamtu kessaa tokko, horsiisa horiin ta'ee burqaa aannanii ta'uu ishiitini. Yaa ta'uutii, magaalli Sulultaa Finfiinneetti dhiyaattee waan argamtuuf namoonni naannoo kan jiraatanis afaan makootti fayyadamuun isaanii qabatamaa ta'ee argameera.Kanaaf jecha, itti fayyadama afaan ofii bu'uureeffachuun

dhaahata lamaan duraa, kan Sulutti ittiin beekamtu yoo agarsiisu, inni itti aanee jiru immoo afaan ambiroo kan ofkeessaa qabu ta'uu isaa mul'isa. Kanarraa kan ka'e, iddoon uumadhaanillee badhaatuu madda aannaniifi foonii taatee argamtu tun osoo waan alagaa ta'e alaa iti hindabalin seenaa ishee tursiifachuu akka qabdu dhaamsi itti fayyadama afaanii niagarsiisa.

### 4.2.2. Faaruu

Faaruun, afoola Oromoo dameeafwalaloo keessa isa tokkoodha.Galmeen Jechootaa Afaan Oromoo (1996:159), Akkaadamiin Afaan Saboota Itoophiyaatiin kan maxxanfame faaruu yemmuu hiiku, "Sirba gaariisaa kaasanii sirbuu, jigii keessatti loon faarsuu, gocha gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, mararfachuu, boo'icha yeroo namni du'u," hiika jedhu qaba. Kan jajanis nama qofa osoo hin ta'in, Waaqa,dachee, looniifi waan biraa ta'uu danda'a.

Akka aadaa Oromootti, namni kan faarfamu waan nama ta'e duwwaa osoo hin ta'in gocha maqaasaa kaasuu yoo qabaasteedha.Nama Waaqaas ta'e wanti kan faarfamu gaarummaa irratti hundaa'eeti.Faaruun, kabajaafi jaalala mul'isa.Haa ta'u malee, walaloo faaruu keessa ciigoonhin jiru jecchuu miti.Faaruun tokko tokko waan jedhu of keessaa qabaachuu danda'a.

Akkasumas, namni kamiiyyuu sagalee kenna uumamaatiin miira keessa isaa kan ittin ibsatu, gammachuu, gadda, gootummaa, roorroo, ajjeechaa, yeroo godaansaa, duula, arrabsoo,jaalala, jibba, seenaa darbe yaadachiisuu keessatti kan bakka guddaa qabuudha. Kanumaan walqabatee, Heral Cowander (1975:11) faaruu yemmuu ibsu," Faaruun hariiroo Ummanni magaalaa Sulutaafi Naannoo ishees mala dubbii kanaan dhaamsa isaan ittiin dabarsatan faaruu armaan gadiitti dhihaataan irraa qaacceeffame hubachun ni danda'ama.Namoonni, waa'ee horiifi waan irraa argamu faarfatanii dhagahuusa keessa isaanii, akkasumas haala yeroo waliin walqabatee waan jiru yoo teechisanis akkana jedhu:

Horooroo horooroo
Horooroo yaa lonii hoo (2x)
Gteettiin kee sabakata haata'u
Fanti kee haa barakatu
Barakatoo dhahadhuu
Yaa loowwanii
Kanumaaf si hawwani
Umrii dheeradhu!

Faaruu kanarraa wanti hubatamu,afraasaa roobee bishaaniifi margi bakka dhihootti akka argamuufi Waaqni immoo bakka sanatti roobee horii jaalatu sana akka qananiisu hawwii loonii qabanjecha irra deddeebii, ‘horooroo’ jedhuun kan ittiin ibsatame mul’isa.

Jalqabumarraa kaasee, akka har’aa kana osoo haalli hin jijjiramin,uummanni Oromoo harki caalaan isaa baadiyyaa keessa waan jiraatuuf jireenyifi diinagdeen isaas qonnaan waan ta’eef horii ni horsiissa, isaan kanas keessatuuqotiyyoollii (sangoota) akka ijoollee isaatti waan jaalatuuf ni leellifata, ni jaja, kabajallee kennaaf.Ummanni Sulultas seenaa kana waan qoodatuuf yeroo oobdii dhahu hasbarruu keessaa faarfannaan akka armaan gaditti yaada adda addaa dabarfata.Faaruun armaan, gadii yaada kanarratti xiyyeeffata.

Holooloo yaa loonishee
Shooru sanii shoororsanii (2x)
Gannaa bona summatti shoorrisanii
Summattillee hin roorifne yaa barrillee
Makarumatuu akka naarree
Shorooroo yaa looniyoo
Akka dhooqa holooloo
Sumaan jirra yaa daloo jedhu.

Dhaamsi isaa, qotiyyooliin tanaan dura roorroo irra turtee amma imoo gara bayyannachuutti dhufuun qananniitti deemuu mul’isa.yeroo baay’ee yeroo midhaan ittiin dhahan, maratee qotiyyollii qaban yemmuu ibsatan, akkas jedhu.

Horooroo yaa loonii wayyaa
Yaa loon wayya loon wayyaa
Loon qotiyyoo wayyaa
Qotiyyoo qottu wayyaa
Beenu yaa gurree tiyyaa
Makarrii siin taphatee
Morma hidheen siin qotee
Afaan hidheen siin dhahee
Horooroo yaa loon wayyaa
Morma hidhuun akkumaa
Afaan hidhuun yakkummaa, jedheet marartee isaa ittiibsata.

Akkuma beekamufi qorannoo kana keessattis ibsamuu yaalametti,qabeenyi guddaan Saba Oromoo,sawwaan, keessattuu qotiyyoolii isaati. Saabbiin isaas, kan ittiin qotee buddeena nyaatee nyaachisu, kan elmatee aannan habbuuqatuufi habbuuqachiisu isaaniin waan ta’eef. Kanarraa kan ka’e, kabaja, marartee,hawwii loon isatii qabu addummaan qotiyyoolii kaasuun tajajila isaan kennan ol fuudhee na’iitii isaanii qabu afaan isaatti fayyadamee dubbata.

Dhahanni,‘ Horooroo yaa loonii wayyaa, yaa loon wayyaa,’ jedhu hunda caalarra horii kan filate ta’uu isaa agarsiisa.Karaa biraatiin, akkamitti qotiyyoollitti akka fayyadamu, yoo ittiin tajaajilamullee cubbuun itti hojjedhe jedhee kan yaade ibsachaa, dubbii qoolaa fayyadamee ergaa hambiraatillee kan namni ta’e, jiruu-jireenya qotee bulaa yookiin namootaa irratti waan daba hojjete agarsiisa.

Faaruu kana keessaa, bo’oo kurnaffaafi kudha tokkooffaa yoo fudhanne, ‘Morma hidhuun akkumaa, afaan hidhuun yakkumaa,’ kan jedhu, qotee bulaa, akkana isinii goona; jiruu akkanaattidhuftu jedhnii lafa irraa fudhachuun boodara maaliif akkana nu gootanii jennaan, ‘Danqamisoomaakeessattuukanguddinamagaalaanita’inaa’ jedhaniisodaachisuu,akeekkachiisuu isaanii fayyadama affaanii kanarra hubanna.

Karaa biraatiin, ummatni Oromoo saawwan irraa human isaanii malee waan hedduu jechuun: aanna, aannan san keessaa ammo kanneen akka xaqanaa,dhadhaa, qaamoolee isaanitirraa ammoo waan baay’ee kan akka itillee, geeba,…ni argata waan ta’eef waan isaan namaaf godhan ilaalee gar-malee hawwiifi jajuu isaa kan ittiin agarsiisu immoo faaruu armaan gadiitin.

Sin faarsa yaa ioonii
Loon haadha aannanii
Loon haadha jabbilootaa
Kee meeqaan himee
Meeqaan dhiisa laataa
Ilmi kee namaaf qotaa
Intalli tee namaaf dhaltii
Dhoqqee keen an bobeessaa
Bu’aa kee meeqqan odeessaa
Gogaan kee itilleedha
Kan ittiin muganii
Gaanfi kee wancadhaa
Kan ittiin dhugani
Mataan kee afarsaadhaa
Namaaf dabarsaadha
Ilmaafloontu,qe’ee abbaa tolcha jedha.

Bu’aa duraan irraa argamu yaadachaa, har’a lafa isaa dhabee gaabbii isaa calaqisiisaa ammaa ammaas yemmuu saawwan isaa faarsu,

Huruuruu yaa loonii
Loon gurra kuulaa
Abbaan kee waxabajii duulaa
Yaa loon yaa loonihee
Kosiin garbuu jigsaa

Dhibahu yaa kootaa
Dhadhaan martuu jigsaa
Sin gurguru yaa burree koo
Sin gurguru yaa saga koo
Sin gurguru yaa daalee koo
Sin soora yaa burree koo
Kaloo dhibbaan sitti bitee too
Xaafii qottee beell na baste
Talbaa qottee daara na baastee
Cooma adii na murachiiftee
Daadhii gaarii na unachiiftee
Sin soora yaa burree koo jedha.

Dhaamsi faaruu kanaa ammoo, namoonni duran naanuma Sulultaa baadiyyaa keessa yeroo dheeraaf loon waliin turan,faayidaa irraa argatan ibsachuu isaanii agarsiisa. Dhaamsi afaanitti fayyadamanii balbaloomsanis, loon uumama isaanitiin barreedduuwwaan, hawwattoota ta’uu isaanii, tibbaanaa abbaan qabeenya isaanii sirritti hojii ittiin hojjetu, dhadhaan rifeensa mataa akka gabbisu, hamuma fedhe rakkoon uumamullee gar-jabeenyaan gurguranii qarshiitti jijjiiruun kan namatti dhagahamu ta’uu isaa, dhangaakan nama nyaachisan, daara kan nama baasaan ta’uudha. Harka biraatiin, faayidaan bifa kanaan ture sun akka fedhetti kan hinargamne ta’uu isaa irraa hubatama.Kunis, fudhatama lafaa waliin walqabata.Karaa hambiraattin immoo akkaataa odeeffanoo maguddoota irraa argamee bu’aa isanirraa argamu galateeffatan akkana jedhu.

Dhadhaa kee dibatu
Waa’ee kee dubbatu
Unannaa kee barbaadu
Dibannaa kee booru jedhu.

Walumaa galatti, faaruun loonii kan yoommessa, faarfataa, wantoota farfataaf barbaachiisan kan akka lichee, qaccee faa ofkeessaa qaba.Yoomessi isaa irra caalaa yeroo midhaan haammamee oobdii seenu, walakeessan ji’a waxabajii hanga guraandhalaatti ta’eefarfataan namota hojii oobdii irratti hirmaataniidha.Kanaan alattis, wantoonni dalaga oobdii san raawwachuf barbaachiisan jiraachuu isaa agarsiisa.Karaa biraatiin, seenaa Suluti qabdu addeessuf jecha weellistoonni tokko tokko kan akka HaacaaluufiDaadhii faa biyya horiifi aannanii ta’uu ishee ibsuuf yemmuu heeddisan:

Sululti loon hin tiksuu
Darabaatti galchiisa
Eessaan dhufee si arguu
Anuu fagoon jiraa,

jechuun keessattuu naannolee Oromiyaa keessaa iddoo hawwattuu ta’uu ishee agarsiisa.Faaruu loonii armaan olitti dhihaatanirraa qorataan kan irra gahe, ummata Oromoo Sulultaa birratti horiin keessattuu sangooliin/qotiyyoon qabeenya guddaa akka ta’an, jaalala ijoollee isaanitiif qabaniin kan walfakkeessan, kabajni mararteen isaanii qaban ol-aanaa kan ta’eefi naannoon kun, biyya loonii, hawwattuu akka taate kan ittiin ibsatan ta’uu isaa mirkaneeffatee jira.Waallee ummataa fayyadamuun weellisaan hambiroo yemmuu yaada hambiraa dabarsu akkanajedha.

Guroolee (yaa naagaahee)2x
Nageenyi warraa looniin waggaa walgahe
Guroolee(gaanfa shiboo marani)2x
Abbaan saawwaanoor jedhani yoo galani
Kanaaf,gurraan raaddeen malee hin dhalani.
Guroolee (yaa muduruu)2x
Aannaan sayyaa (maaliif gurguruu)2x
Qoraasaanii, tottolchanii jaarsa obaasaan duru
Saba koo ummata Oromoo loonii marga magarsaa
(Loontuu)2x bar tokko namaaf dabarsa.
Eemmee eemmee yaa loonii
Yaa abbaa karraa ittiin booni
Eemmee eemmee yaa gugurraa
Nuuf isini qabeenyi duraa
Saba kooummataOromoo yoo gurraan mara’tu
Yoo dacheen mara’tu marga hinargatujedhe.

Weedduu kanarraa wanti hubatamu,qabeenyi guddaan saba Oromoo saawwaan isaa ta’ee jiruufi jireenyi saba kanaa qananii kan horatu, mijataa kan ta’u,kan ittii boonu yoo saawwan isaanii nagaahaan baba’anii galan, waan dheeduu qaban argatanii yoo gal’aanaan gammachuu akka namatti horuufi aannan isanii immoo kan nama wal’aanu ta’uu isaanamatti mul’isa.Karaa biraatiin ammo,namoonni haala kana jijjiiranii aannan waan hundaaf oolu maallaqatti jijjiiruu isaanii, lafa margaa dhabamsiisanii namas saawwanis mara’chiisanii kan namootni irratti guddachaa, jiraachaa turan hafuu isaa akka gaabbitti mul’isuu isaa qorataan qaaccechee irra gahee jira.Haaldubbii birootiin yemmuu eenyumaa isaanii ittiin ibsatan akkana jedhu:

Qabeenyi Oromoo kan ittiin beekamu
Saawwanniifi dacheen madaalliirraoolu.
Haalli qilleensa ishee mijataa kan ta’e
Ni galateeffatee kan Suluta galee
Bishaaniin gabbattuu tulluudhaan marfamtu
Sululti addaadhaa,yaa beeku hundumtu.
Mee dhaqaa daawwaadha iddoo turiizimii

Saawwaan ni mul’atuu ashuffee guutani
Bashannanaa gala,yaa ciisuu sammuuni.
Jali’sii ni qabdii waarshan babal’tee
Diinagdee guddisaa kan haqaan hojjete
Manguddoon ni wamuu kabajaan simachhuf
Naannoo Oromiyaa,Suluta guddisuuf.

Qabiyyee walaloo kanarraa wanti qaacceffamee hubatame, ummanni Sulultaafi naannoo ishiidaldala aannaniifi foonii akkasumas margaa irratti bu’uureeffachuun waa dubbatan, eenyumma isaanii ibsachuu danda’uufi hawwii qabanillee kan ittiin calaqsiisan ta’uu isaati.

Faruu,dubartootni yeroo aannan raasaan faarfatanis jira. Kunis:

(Eessoo ba’i)2x
(Dumbulli bahi)2x
Hamma dhakaa ba’I,
(Eessoo ba’i)2x
Anaa garaa nahi,
Dafii ba’I,
Amma mataa ba’i, jechuun faarfatu.

Faaruu kanarraa yaadnui yookiin ergaan hubatamu,aannan kuufamee ture yemmuu raafamu dhadhaa hedduun akka keesa ba’u hawwii guddaan jiraachuu isaa agarsiisa.karaa biraatin, namni garaa jabaatu weessoo yoo raase dhadhaan dafee hinba’uuf yooba’efilleee baay’een waan hin baaneef sossobachuun,akka kadhannaatti faarfachuu barmaatilee hawaasa Sulultaa keessati kan jiruudha.Dabalataanis, “Malaan bishaan waaddu,”jechuun waan tokko sossobatanii fayidaa argachuun abshaalummaadha kan jedhu dhalootatti dhaamsa dhaammatu.

Dabalataanis, dubartootni Oromoo, horii isaanii jaalachuufi faarsuu qofa osoo hintaane, aannan yemmuu raasaan,wanti ilaalatan,hooda waliin walqabsiisanii wanti dubbatan jiraachuu isaa qabtamaadha.Haaluma kanaan, namni aannan raasu,nama haaloo garaadhaa hinqabne,qulqqulluu kan ta’e, kan loon jaalatu, gaaddidduu kan hinqabne (walqunnamtii saalaa kan hin yeroo sanatti hinraawwanne) yoo raase, dhadhaan dafeet ba’aaf, kan ba’u sunis barakata kan qabuufi guddaa yookiin baa’yyee ta’a jedhanii amanu.Yeroo raasanis, milkaa’ina akka argatan, faaruu armaan gadiitiin hawwii qban dhaamsatu.

Ressoo ba’I, Weessoo ba’i
Dumbulli ba’i
Amma mataa, amma majii ba’i
Weessoo ba’i
Anaa dafii ba’i

Dumbulli ba'i
Hamma mataa guddaa ba'i
Weessoo ba'i
Hmma batuu ba'i
Sin galateefadha ba'i

jechuun yoo haala kanaan milkaa'an, gadi jedhaniit weessoosana dhungatan. Asirrawanti hubatamu, meeshaaleen aannanii sun akka waallee mallattootti fudhatamuu isaati.Kunis, meeshaa yookiin weessoo aannan ittiin raasaan sana keessa,waan gaariin jiidhaan kan nama hawwiin naasisu, dhangaan aannanii keessa jiraatu,kan xiinsammuu aadaafi hawwii ta'e keessa jiraatu, kunumtillee qaamolee dubbiin ba'ee mul'tu, maatii yookiin hawaasa keessatti akka duudhatti ulaagaa namni ittiin safaramu godhanii kan fudhatamuudha. Kunis, waalleen waan hundaa ta'uu isaa kan mirkaneessuufi hawaasni Sulultaas kan itti fayyadamu, dhaamsa ittin dabarfatuudha. Walumaagalatti, meshaalen aannanii saba Oromoo kana biratti, akka qabeenya aadaa tokkootti fudhatamee kan ayyaanni tokko ittin kabajamuufi sirni cidhaa kan ittiin geggeeffamu,milkaa'inni sirna tokkoo ittin ibsamu, hawwatamuuf ooluufi iddee guddaa qabaachuun dhimmumti kunillee afaaniin bifa adda addaan kan ibsamu ta'uu isaa haalli gubbaatti eerame kan akan mirkaneesuudha.

### 4.2.3. Mammaaksa

Mammaaksi, akkuma akaakuu qamoolee afoola kanneen biroo jechoota filatamoofi himoota gaggabaaboo ta'aniin gaabbii, seexessa, gowwumma, tooftaa, abshaalummaa, akkeessa, ofdagannaafi kanneen kana fakkaataan kan ittiin ibsamuudha.fakkeenyaaf, 1) Gaabbiifi eegeen boddee dhufti,2) Aduu dhiitte biqila hinhafan, 3)Bishaan darbe hinwaraaban, 4) Obsaan aannan goromsaat dhuga,5) Foon foonitti hamatu,6) Nama foon hin beeknee foloda muran,…

Mammaaksota armaan oliitti eeramanirraa qoranno ammaa kanaan walqabsiisuun ergaa ittin darbe yoo ilaallu, jiraattoni aanaa Sulultaa, tanaan dura osoo itti hinyaadin, ni ta'a jechuun, dagachuun yookiin mookfamuun qabiyyeefi qabeenya isaanii akka gadi lakkisan godhamanii har'a aannanifi foon hamma dhabanitti gahuun hawwataa waan ta'aniif itti fayyadama afaanii kanaan gaabbifi yaada birootillee ittin dabarsachuu danda'uu isaanii mul'isa.

### 4.2.4Dubbii Qoolaa/Haalawwaa/ "Figurative Speech"

Waliigaltee hawaasummaa keessatti,waan tokko kallattumaan ibsuurra akka yaadni sun sammuu namaa keessatti fakkoo uumuun akka laayyotti hin dagatamne malleen dubbiitti fayyadamanii dubbataafi dhaggeeffataa walittii fiduun, bilchinas, mallattoo qaroominaas. Malleendubbii fayyadama afaanii keessatti shoora guddaa akka taphatan ilaalchisee Addunyaan,(2014:208) irratti yoo ibsu, "Malleen dubii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsatokko kan namootaa dabarsuu," jedha.

Dubbiin qoolaa yookiin haalawaa tarsiimoo (mala) dubbii kan namonni aadaa, safuu,duudhaa,muuxannoo jiruu-jireenya hawaasa kessatti argame tokko haaldubbii karaalee adda addaatti fayyadamuun ergaan wayii ittin dabarfamuudha. Orqnnoo kana keessattis, itti fayyadama afaanii irratti xiyyeeffannoo kennuun jiraattonni Sulultaas waa'ee aannaniifi foonii ilaalchisee wayi kan ittin jedhan, kanneean akka, akkasaa, iddeessaa, nameessaa, uukukuba, miteheefi jechama fudhatee fakkeenya kennuunfakkeenya kennuun haala armaan gaditti ibsamaniin qaacceess jira.

Haalaafi akkaataa dhaamsa ittiin dabarfamus yoo ilaalu ammoo, 'akkeessi' kana mala yookaan waan tokko fudhachuun waan biro isa hinfakkaanneen jecha 'akka' jedhutti gargaaramee itti qabuunhaasa'amuudha.Iddeessaan, waan tokko waan biroon bakka buusani; nameessuun, waan lubbu-dhabeeyyii yookiin waanuumamaan jiru tokko gochaafiamala namaa fakkeessanii;ukukkuubni/arbeessoon,waan dhugaan jiru tokko irratti bu'uureeffamuun maqaa gddaa yookaan gurra itti guddisanii/kennaniidubbata yookiin haasa'amuudha. Akkasumas, 'jechama' fudhachuun kunis mala dubii,jechota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa kan haamilee, safuu hnidabarre,aadaa hincabsine eeggatee yaada dabarsuuf tajaajilus asitti kan eerameedha.

**4.2.4.1 Akkasaa:** Addunyaan (2014:208) "Akkasaan ergaa barbaaddame waan aadaa hawaasicha keessatti beekamaa ta'e tokoon walbira qabee dhyeessudhaan aka salphaatti hubatamuu kan danda'u taasisuudha," jedha.Fakkeenyaf, faaruu loonii keessatti ceesisa dhimma biroo waliin walqabatu erga teechisee booda,

Nu foon namaa dhabnee foon dullootaa malee

Jette, allaattiin Bachoo kan jedhu,iddeessaatti fayyadamee jira. Haaldubbii biroo keessatti ammo yooilaallu,

_ Akka loon daraabaa walitti naqanii haleeluun

_Akka ro'ootti raafamtee

_Guntuta akka gooba qotiyoo tuullame
_Akka mucha sa’aa dorrobee
_Akka sa’aatti elmite

#### 4.2.4.2 Iddeessaa

Addunyaan (2014:208) “Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta’een wantoota waldorgomsiisa,” jedha.Innis,kallattiidhaan waan ittiin dorgomsiisu sana wajjiin bakka bu’a. Haasa’a ummata Sululta keessattis itti fayyadamni mala dubbii kun qabiyyee garaa garaa keessatti ni mul’ata.Fakkeenyaf,

Korma bookkisu

- Dil’uu kana
- Foon mataa
- Ombossaa hidhaa hiikkate

**4.2.4.3 Nameessa**: Nameessa jechuun akka Addunyaa(2014:211) ibsetti,“Wantoonni akka namaattibeela’anii akka quufan,deemanii akka gaalaan, ijaarramanii akka diigaman kan taasisu fayyaadama afaaniti,” jedha.Jiraattonni magaalaa Sulultaas aannaniifi foon waliin walqabsiisanii itti fayyadaman akkana jedhu.

- ➢ Gaanfa ka’ee dhaabbatu…
- ➢ Annaan ayeetuu garaa qabbaneessu
- ➢ Ganna sa’aa miidhee ajjeesee
- ➢ Foon, foonirra ciisee gabbate

**4.2.4.4 Ukukkuba/Arbeessuu:** Arbeessuun jechoota waan tokko garmalee ol kaasuun yookiin gadibuusaniidhiyeessuudha. Addunyaa (2014:214) “waan tokko guddisanii hamma arbaa, xinneessanii immoo hanga huubaa taasisuu jechuudha,”jedha.Itti fayyadama afaanii kanarratti bu’uureeffachuun, ummanni Oromoo Sulultaa aajaa adda addaa dabarfachuuf kan itti fayyadamu ta’uu isaa mirkanaa’ee jira.Amala namaa yookiin waanta’e ibsuuf,gantuufi sobduu,hattuufi saamtuu,kan imaanaa ummataa nyaattu itiin ibsatu.Fakkeenyi armaan gadii ni mirkaneesa.

- ❖ Aaannaniifi foon bara baranaa, midhaan bara hamaa ta’e
- ❖ Aanna goromsaa argachuun hamma Waaqaa fagaate
- ❖ Dubbiin dhabamiitii aannaniifi foonii hamma ukaat fagaate
- ❖ Aragannaan ishee foon ceekuut ta’e

**4.2.4.5 Eemiti:** Jechoota,‘eyyeefi miti’ jedhamanirraa kan uumame ta’ee kanneenis kan faallaa walii waan ta’aniif amaluma dhuunfaan qaban kanarraa kan ka’e, akka wantootni faallaan lama wal-faana dubbataman taasisuun kan fayyaduudha.Hawaasni Sulultaas aannaniifi foon waliin wal qabsiisanii mala dubbii kanaan haala armaan gaditti dhiyaataniifi kanneen fakattota biroon dhaamsa nidabarfatu.

- Sa’aa hamma arbaa geessuun boona( huuqqattuu kan taate)
- Aannan okolee guddaa nu jala godhee…( burccuqqoo muraasa)
- Foon keessaa gadi cobu dhiheess( golca hin allaafatmnef)

**4.2.4.6Fakkoommii**:Haaldubbii dhimma tokko waan fakkii ta’e tokkoon walfakkeessanii yaada ittidabarsaniidha.

- Foon(mallattoo, fakkoo)= fira, aante, dhiiga ofii,
- Somba= fooon gurguramu jiraachuu isaa agarsiisa
- Fannoo Qaxxaamuraa= mana kirstaanaa yookiin kirsaanummaa agarsiisa.
- Urjiifi addeess nuusa walkeessa jiran= mana musiliimaa ta’uu agarsiisa
- Fakii sa’aafi elemtuu akkasumas geeba aadaa= aannana jiraacuu isaa agarsiisa

**4.2.5 Jechama:**Mala dubbii, kan yaada tokko yookiin waan tokko waan hambiroon walmaaddii qabanii yaada ifa taasisuurra harka birootiin dhaamsa itti dabarsaniidha. Namoota Sulultaafi naannoo ishees,baluma lafaa waliin walqabsiisanii gocha badaa namootni geggeessa jiran, yoo waa godhan kan duubarra itti dhufu kan hinbeekne hubachiisuuf, kan safuu hinbeekneefi kanneen kana fakkaatan ittiin kan ibsataniidha.

- Waraabessa guyyaa nutti ta’an
- Kanniisa quba kaa’e
- Leencci na arge jedhi
- Sa’aa atalaa argate

Qabiyyee faaruu loonii keessatti,dubbii qolaa kan fakkii sammuu namaa keessatti uumuun dhaggeeffatan akka faarfatu taasisu isa armaan gadiitti kan dhihaateedha..

Weennii fakkaataa yoo tabbamare dheeduu
Loonii,loowwaanyaaloonii.
Shorooroo yaa looniyo
Akka dhooqa holooloo
Sumaan jirra yaa daloo

kan jedhu kun, faaruu keessatti itti fayyadama, akkeessaati.Haaldubbii hambirootiin yoo fadhane moo,akka loon daraabaa walitti naqanii haleeluun, akka ro’ootti raafamtee, Guntuta akka gooba qotiyoo tuullame, akka mucha sa’aa dorrobee, akka sa’aatti elmite,namoonn imagaalaa aannan goromsaa argatanii akka kanniisaa …fi kanneen akkanaatti fayyadamanii ergaa ittiin dabarfatu.

**D**ubbiiqoolaa,‘iddeessaa’fayyadamuunyaadni jiedhamu immoo akka armaan gadiitti qaacceeffamee jira.

Maramaruu dhiisii manaawuu sin baasaa
Yoo manaa na baastee kan akkam fudhattaa
Intala abbaan cawwaa kallachaan kadhadhe
Kallacha kee sanuu yoo dhahaan dha’e hoo
Anuu mala beekaa qanqalloo bittadhee
Qanqalloo kee sanuu yoo antuun urehoo
Anuu mala beekaa adurree fidadhe
Adurree tee sanuu yoo qoonqqoon qabde hoo
Anuu mala beekaa somba ishee bitadhe
Sombisun sheeladha.
Tee dubbiin seenadha
Shireree roobe hoo; shireree roobe hoo.

Waallee kanarraa wanti qorataan qaaccesse,gocha namoonni tokko toko jiruu namaa keesa seenanii yookiin basaasanii manaa buqqisuun akka namni raakkatu gochuuf yaalan, irratti baramee gocha isaanii kana dachaasuuf mala itti barbaadanii harkatti fashaleessan agarsiisa. Hubannoon waliigala kanaa, namoota lafarraa buqqisuun, qabiyyee jiruu- jireeny isanii akka dhabamsiisan mul’isa

Karaa hambiraatiin, yoo itti fayyadama isaa ilaalu moo, Korma bookkisu, Dil’uu kana,Foon mataa, Ombossaa hidhaa hiikkate,kun horiidha, ullee dhadhaa, kan kana fakkataan kan afaan keessatti fayyadaniidha.Walumaa galatti, dubbiin qoolaa, karaalee birootiin ergaan adda addaa kan ittiin dabarfatan ta’uu isaa irraa hubatama.

Haaldubbiiwwan kana akka walii galaatti hawaasaa keessatti yoo ilaallee itti fayyadama waligaltaa keessatti, namoonni waan jiruu-jireenya isanii keessatti isaan mudatu ilaalchisee yaada yookiin dhaamsa wayii dabarfachuu barbaadan haasaa isaanii kesatti kan itti fayyadaman ta’uu isaa agarsiisa.maloota kanaan qaamaafi bu’aa horiirraa argamu fudhachuun yookiin fayyadamun, dhaamsa garaa garaa ittiin dabarfatu. Kanarraa kan ka’es, ummanni

magaalaa Sulultaafi naannoo ishee waa’ee aannaniifi foonii akkasumallee fudhannaa lafa margaa waliin walqabatee yaada jiru tarsimoo dubbii kanneen fakkaataniin kan ibsatan ta’uu isaa adeemsa qorataan odeeffannoo funaannahuuf geggeesse irratti irra gahee jira.

Dhimma guddina magaalaa Sulultaa keessatti raawwatamaa tureefi yeroo ammaas gaggeeffamaa jiruun walqabatee hawaasni naannoo walqixa irraa fayyadamaa jiraachuufi dhiisuu isaa qaamni hawaasaa garagaraa maal aka jedhu, isa jedhu kanas maaliin akka ibsatuufi maal jechuus akka ta’e qorachuuf qoratichi Guraadhala21hanga Ebla 30 bara2011’tti afgaaffiifi daawwannaadhaan odeefkennitootarraa ragaa walitti qabachuun qaaccessee jira. Daawwannaan kan gaggeeffame daandiiwwan gurguddaa bakka hawaasni bal’inaan itti tajaajilamu, bakka gaddaa namoonni baay’een walitti qabaman, bakka walgahii gooxiifi garee hawaasaa, maneen dhugaatii garagaraa keessatti qaamaan argamuun, hoteelotaafi giroosariiwwan addaddaa keessatti qaamaan argamuun kan raawwatamedha. Daawwannaakanagaggeessuufis,durseecheekliistiin qabxiiwwan daawwannaan kana irratti xiyyeeffachuu qabutu qophaa’e.Cheekiliistiikana fayyadamuudhaan,obsa guddaadhan gaggeessee jira. Afgaaffiinis gaaffiiwwan dursanii qophaa’an fayyadamuudhaan qaamolee hawaasaa garagaraa wajjiin fuulaafi fuulatti gaffii dhiyeessuun kanraawwatamedha. Odeeffannoon walitti qabames,gadi fageenyaan xiinxaluun qaacceffamee jira.

Qorataanis yaadaafi geerarsa odeefkennitootaa kanneenii bu’uura godhachuun yaada armaan gadii hubatee jira: hawaasni lafti isaanii irraa fudhatame babl’ina magaalaatiin yeroo ammaa bulchiinsa magaalichaa keessatti raawwatamaa tureefi ammas raawwatamaa jirutti akka isaan hinfayyadneefi gammadoo akka hintaane agarsiisa. Geerarsa armaan olii keessatti buufanni, ‘Sinbira nyaachuu barbaadan sololiyaa jedhani,’ jedhu lafa irraa fudhachuuf jecha itti fakkeessanii wanata jiruufi jireenyi isaanii irratti bu’uureeffate irraa buqqisanii jiruu jiru kan dhabsiisaniifi labata dhufuufillee abdii kan kutachiisan ta’uu agarsiisa.  Dabalataanislafti irraa fudhatame guddina magaalaaf jedhamullee lafti isaanii dirqamaan kan irraa fudhatameefi namni akka qooddateetti kan agarsiisudha.

Kanarraa ka’uudhaan, haala armaan gadiinqaaccesseejira. Hawaasichi guddina magaalaa jedhamee Magaalaa Sulutaa keessatti gaggeeffamaa jiruufi duraanis gaggeeffamaa ture ilaalchisee kan itti hingammanne ta’uufi kanas afaanitti fayyadamee quuqqaa yookiin komii qabu ibsachaa kan Qoratichis turee ta’uufi kana keessaas tokko walaloo geerarsatti dhimma

ba’aa akka ture ta’uu agarsiisa. Hawaasichi lafa isaa itti amanee kan kenne akka hintaane mul’isa. Sababni isaas, yommuu lafti irraa fudhatamu humnaanifi beenyaa ga’aan kaffalamuu dhabuun iyyummaaf kan isaan saaxile ta’uu isaa mul’isa.

Sababa babal’ina investimantiirraa kan ka’e babal’inni magaalaa mul’achaa deemnan lafti qotatee bulaa beenyaan ta’ee barbaachisummaa iddoo misoomatiin fudhatame.Kanarraa kan ka’e, lafti margaa dhaabamnaan horsiisni loon aannaniifi foonii xiqqachaa deemuun oomishi asirraa argamu kunis gadi bu’ee gatiin aannaniifi foonitis dabalaa dhufe.Dabalata gatiirra darbee horiin waan uumamaan argamu (marga, baala,hundeefi hidda, firii adda addaa,) dheedee aannan dhangaa qabuu, foon mi’aawaafi kan qaama namaaf tolu irraa argamu sun har’a soorata horii nam tolcheen (furushkaa faagulloo, moolasassii, kiniiniifi lilmoon) gabbisiisuun bakka bu’ee aannaniifi foon haala kanaan argamullee yoo namni fayyadamu kan dhamdhama hin qanerratti sadarkaa dhukkuba adda addaaf nama saaxelaa gahutti qaqqabeera.Kana ilaalchisee,namoonni yookaan manguddoon yemmuu dhimma kana ibasan,“ Sun dur hafe; yeroo bara garii,” jedhu.

Dabalataan, seenaa duriifi kan ammaa yeroo waldorgomsiisanii yaada dhugaa ta’e ibastan: yeroo dur aannan mdaa irratti yoo naqan, ni goggogsa; ni qorrisiisa, laaffisa, kan ammaa garuu, ni guba jedhu.Foon ilaalchisee, nama miidhamef yookiin deessuuf, nama cabeef dhiigni horii daawwaa guddaa akka ture ibsu.Dhimma kana ilaalchisee, dubbii qoolaan yoo addeessan, “Qoree qoreen baasu_nama dhiigni isaa dhangala’eef, dhiiga horiiin ; nama foon qaama isaa citee miidhameef, foon horiin wal’aanu,’’ jedhu.Namni tokko ammoo waan hin taane irratti yookiin bakka isa hin simannetti yoo bobba’ee bakka hin taane oolee; waan bu’aa hin qaabanneerratti yoo bobba’e, hirmaate, yeroofi maallaqqa isaa bakka hin taanetti dhangalaase, bu’aa asirraa argatu xiqqaa ta’e deebisee gaabbiin aarii keessa gale, fakkeessanii yoo teechisan ammo, “Dhamaatuun dhama raastee ro’oon na didee jetti,” jedhu. Fakkeenyaaf, sulultaafi naannoo ishii keessatti yeroo baa’ee aannan kan elmu dubartoota ta’anii kan aannan buufatatti geessee waan horiidha barbaachisu, jechuun nyaataafi qoricha fayyaa isaanitii oolu kan bitu dhiira ta’ee xaqaanaafi dhadhaa ammo kan gurguru dubartoota.

Karaa biraatiin, qaama aannaniin yookiin aanna a quubsaafi gammachiisaa akka ta’e, 2) Obsi daqiiqaa, qabeenya yeroo dheeraa barbadaa’u baasaa kan jedhu barsiisa.

Fayyadama afaanii safuu ibsuu keessatti yoo ilaalle ammo:

- Fooniifi annan safuu,cubbuu laguu qaba,
- Foon hirmiin (araamuun) fakkeeffamuu danda'a,
- Aannan,milkiin, jiidhaan, ayyantummaan ibsamu,
- Loon yookiin horiin, sooramummaafi yoo dhaban ammoo hiyyummaan safaramu (ibsamu)
- Qabeen, elemtuun, eessoon sirritti qoraafamte, kaammeettummaa agarsiisti,
- Qalmiitiin, ibaafannaan muuddaa muudatanii argamuun ayyaana kabajachuu mul'sa.

  Karaa biraatiin, dubbii qoolaa fayyadama 'akkasaa' liaalchisee:

  - ❖ Ilkaan ishii akka aannaniitti addaata,
  - ❖ Dubbiin isaa aak foon mataa jabaata,
  - ❖ Raachi gannaa akka marqaaa bilchaachaa jirutti qoqa,

Itti fayyadama afaanii keessatti,foonifi aannaniin fakkeessanii yaada tokko tokko yoo ibsan:"Obsaan aannan goromsaat dhuga,"jedhu. Kana jechuun,1) Jiruufi jireeny keessatti wanti obsaafi hubannoon gaggeeffamu, bu'aan isaa quubsaa, gammachiisaa, miidhagaa ta'uu agarsiisa; 2)Obsi, daqiiqaa(birqii) muraasaa, qabeenya umrii dheeraa barbadaa'u baraara jedhu.Dabalatan,"Adurreesombabarte,"jechuun,shaganummaa,quuftummaa, qananummaa agarsiisa.

Dhimma kana ilaalchisee namoonni yaada adda addaa haala hambiraan yemmuu ibsan:

Namoota odeeffannoo naa kenna keessaa,namni obbo Alamuu Badhaanee jedhaman kan umriin isaanii 81,sadarkaa barusaa kutaa 8 xumuranii hojjetaa waldaa"watat Habti Limaat"jedhamu keessa waggootii 34'f(1954_1981)hojii bittaafi gurgurtaarra turan akkana jedhan:

- Yeroo dur aannanhin gurguramuu ture,aannan gurguruun akka ooda wayiitti ilaalamaayu,
- Gurguramullee aannan liitirri tokko ssantima digdama(0.20)boodarra ammo saantima digdamii shan(0.25)ture.har'a garuuhanga qarshii 18_20(qarshii kadha saddeettii hanga qarshiidigdamaa)'tti gurgurama.
- Gosoota aannanii kan ta'an:ayeetuu,itittuu,silga areera,agguwaattii ta'ee aannan horii faranjiirr kan abashaa dhndhama guddaa waan qabuuf keessattuu kan raadaa nifilatamaa ture,
- Nama jaalataniif,aannan hoo'aa,keessummaaf ammo itittuu kennuu ture,

- Daa'ima reefu dhalatteef garaatti waan ulfaatuuf itittuun hin kennamuuf ture,
- Areerri beelafis dhabsuufis nioola,
- Agguwaatiin,dheebuu nama baasa,garaa laaffisuudhafis nioola,
- Aannan dur kan hinguramneef,cidarratti dhadhan aannanillee jiidha,muudaa fidaa jedhanii akka hoodatti fudhatamuun dubartoonni "Seerri seera yaata'u,"jedhanii sammuu namaa ittiin xuqanii ture,
- Roobni didee hoongee yoo ta'e,keessattuu baatii Bitootessa 5 aannan qabatanii malkaa bu'uun lagatti naqanii Waaqa kadhatu,
- Addaan baasii ta'ee,kan duraa bonatti,kan boodaa ammo gannatti lakkaawama jedhamee aannaniin dhibaafamee Waaqni kadhatama,
- Oromoon horii wajjin uumaa waliin dhalate;yoo uumaan jijjiirrame,dura adbaariidhaqu.Booda laga dhaqu;itti aansuun tulluu ba'ee Waaqa kadhatee waan barbaadu argata,
- Sululti aannaniifi horiin foon dhiheessuun beekamti,ummanni ishee bassoo qopheeffateet aannaniin habuuqqatee nyaachuun hamma tokko beekama.Har'a garuu, sun hin jiru,Foon warra qabutu qalatee nyaata;har'a garuu irra caalaan isaa gatii mi'aawwan bitatee nyaata.

Walumaa galatti,har'a garuu sababa guddina magaalaa jedhameetiin lafti margaa bade loon akka barbadametti horsiisuun hafee wanti hunduu mi'aawuun aadaan ittin bulmaata durii jijjiramee argama.Kanaafuu maaltu jiraree,"SUN DUR HAFE,"jechuun seenaa dur gaabbin ibsatan.

Akka odeeffannoo Obbo Daagimaa Tolaa dhalataa naannoo Sulultaafi jiraataa yeroo dheeraa turuurra darbee hojii adda addaa hojechaa turaniifi ammumallee hojjechaa jiran kennanitti:

Ulutiifi naannoon ishii horsiisa horiin kan beekamtu ta'ee sababa kanaan yeroo Hilesillaassee kaasee kan akka 1)obbo Dabalee Ayyaanoo 2)obbo Cuukkoo Ayyaanoo 3)Obbo Makonnon Hayilee horsiisa horiin sadarka tokkoffaatti beekamtii argatanii gama mootumaarraa badhaasa argatanii naannoo isaanii beekamsiisaniidha.Oomisha asirraa argamurraa kan ka'e aannan yoo fudhanu,akka madda nyaatatitti,madda galiitti,akka daawwatti,kabaja aadaatitti tajaajilaa kan tureefiamumallee tajaajilaa kanjiru ta'u isaa addeessaan.Gama nyaataatiin aannaniifi bu'aaleen aannanii kan lafatti darbamu hin jiru jedhu.Aannan hoo'an keessaattuu kan raadaa filatamee kan dhugamuufi nadha ba'uufi aanniisaa guddaan kan irraa argamuudha.Itittuufi aannan hoo'aan seeraaaan qoraafamee,meeshaa qulqulluu keessa taa'ee keessummaa kabajamaa,fira sirritti jalataniifi namoota guddaaf kan dhihaatuudha.Nama garaa

dhukubsateef,summii dhugef,dhugaatiin miidheef,madaa'eef,misirroof nama dadhabee laamsha'eef aannan yoo obaasaan,nidanamat;jabaata.Manguddoon waroota lubbuu waldabarsan yoo walitti araarsan,aannan elemtuun fidanii dhamdhamsiisuunykn dhugsiissun,"Akka aanna  kanaatti waltti jiidhaa,qabbanna argadhaa,garaan keessan hingogin,jaalalli garaa keessanii dammaaf aanna ta'ee walitti yaa fayyu,"jedhanii eebisu.Walumaa galatti,aannan gosa nyaataa dhangaa madaallawaaqabu,aadaa adda addaa kabajiif(Iddoo cidaatti,Sirnna ateettee irratt,malkaa bu'iitiifi tulluufi adbaarii dhibaannaaf,Sirna Gadaa baafachuuf,namoota waldhaba araarsuufi daawwaf kan oolu waan ta'eef irra caalaa sabaafi naannoo Oromiyaa keessatti iddoo guddaa kan qabuudha.

Faayidaa foonii ilaalchisee,akkuma aannanii gosa nyaata beekamoo keessaa isa tokkoodha.Keessattuu sanyii cora foonii keessaa,Dirri, Dol'uun 'Saaligganyiin'(foon keessaa harkaafi handaraafa walin walqabatee jirurraa bahu,) keessummaa kabajaafi nama guddaa ta'eef kan dhihaatuudha.Mana cidhaattis, waa'eeltoonni ykn miizzonni gammachuu durbummaa erga ibsatanii booda foon dirraa ykn harkaa (warchii)huuccuun maranii daaima fakkeesuun, da'imti dhalattujiiituu,jaalatamtuu ayyaantuu,kabajamtuu,hortuu yaa taatu jedhanii hawwii gara fuulduraa kan ittiin hawwataniidha.Karaa biraatiin,mana cidaatti luka duubaafi duba dhihessanii irraa kukkutuundhamdhamanii wal-eebbisu;warra wallole araarameefis fidanii armii irratti tufatan.Garaach,kale,onnee foon laafaa waltti mummuraniimakuun nama garaa dhkubuuf laatan.Namni tokko tokkommoo onneen hirmii waan ta'eef kan hin nyaanne jiru.

Akkuma waliigalaatti,jiraattonn magaalaa Sulultaafi naannawa ishii eenyummaa isanii,haala kanaan ittin fayyadamu;eenyummaa isaanii ittin ibsatu.Kanarraa kan ka'e,aannan naannoo Oromiyaa adda addaa keessatti akka mul'istuu saba tokkotitillee nifayyada.Fakkeenyaf,Suluta mataa isheettiin yoo fudhanne,ummanni ishii saba loon horsiisuun aannan oomishuufi dhuguun,nama obaasuun,aannan gurguruun beekamtuuudha.Kanarra darbee,akka guutuu biyyatti yoo ilalu,Booranni,WAllaggiifiJimmi haala kanaan walfakaatu.

Gama foonitiin yoo fudhanne,Sulultaafi naannoon ishii keessatti,akkuma aannanii nyaata aadaa,madda galiifi bakka ayyaanni tokko tokko kabajamutti kan tajaajiluudha.Fakkeenyyaaf namoota lubbuu waldabarsuun walitti araaraman,foon lukaa duniifi dirridhufee irraa

cicciramuun lafatti daddarbameegidduutti irraa nyaachuun lammata nama haaloo qabatee ubbii barbaadetti hirmii akka itti ta’u waadaa kan ittii galchhisaniidha.Hojii daldalaa keessatt madda galii ta’ee kan tajaajiluudha.Walumaa galatti,aannaniifi foon wanta bu’uura lubbuu ummata SUlultaa waan ta’eef akka qaroo ijaatti ilaalama.

### 4.2.6Waallee FudhatamaLafaaMagaalaa Sulultaafi Naannoo Ishiiwaliin wal qabateeJiru

Sababa babal’inamagaalaatirraa kan ka’e, namoonni hedduun keessaattuu baa’inaan qotatee bulaan qabiyyee isaatirraa buqa’ee jiruun isaa diigamuun maatiin isaa hanga bittinnaawutti gahameerra.Saawwaan aannanii, sangooliin foonii hira’tanii jiran;gatiin aannaniifi foonnii akka qaala’u taasisee jira. Karaa biraatiin,gurgurtaan lafaa akka madda galiitti fudhatamee yookiin baramee jiruuf jireenyi namootaa tokko tkokkoo itti jijjiiramee jira; lubbuun kuwwaanitillee kan itti dhabamtuu jira.dhimma kana ilaalchisee namoonni tokko tokko yemmuu yaada isaanii ibsatan,”Ni nyaannan nama nyaatti;Balaan mixii mana guba; qotiyyoon marga arge malee qilee hin argine; garuu, gabbiniifi eegeen duubarra dhufti,” jechuun yaada isaanii ibsatu.

# BOQONNAA SHAN:CUUNFAA , ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Seensa

Boqonnaa shanaffaa kana keesatti,cuunfaaff yaboo qorannoo kanaa keessattuu meeshaalee funaansaa ragaaleen ittiin walitti guuramanii qaaccefamanitu akkawaliigalaatti goolabamee dhihaate.Dhimmi kunis, dalgaawwan qoranichaa irratti hundaa'uun akkasumas yaadota ka'an irrattixiyyeeffachuun kan dhihaateedha.Dabalataan,haalota hanqinalee itti fayyadama haasa'a Afaan Oromoo hojii daldalaafi yaada ibsannaa namoota keessa jiru akkasumas, hidhata afaan waliin walqabatee jiruufi jireenya hawaasaa waliin walqabatu gabaabinaan ibsuun cuunfaafiyaboon qorannoo kanaa akkaataa aarmaan gadiitti taa'ee jira.

## 5.2.Cuunfaa

**Q**orannoon kun akka waliigalaatti,boqonnaalee shankan ofkeessaa qabu yemmuu ta'u,Boqonnaatokkoffaakeessatti,matadureeqorannichaa,"WaalleeDaldalaaQaaccessaHaaasaa /DubbiiAannaniifi foonii akkasumas,margaa Magaalaa Sulutaafi Naannoo Isheetti Geggeefame" kan jedhu dhihaatee achuma jalattimmoo,ariirrataqorannichaa,kau'uumsaqorannichaa,kaayyoowwan gooroofigooree,barbaachisummaaqorannichaa,daangaafihanqinaqorannicha,ibsanaanooqoran nichaafijibsoon walduraa duubaan ta'anii jiru.

Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo,sakatta'abarruuseensa teechisuun yaadrimeewwan waalleekaraaaleewaalleen dubbiitaasifamu, maleeny qaacceesa waallee calaqisiisee jira.Boqonnaa sadaffaa keessatti,wntoonni dhihaatan:saxaxaafi mala qorannichaa jalatti, saxaxa qorannichaa,mala qorannichaa,iddatteessuu, madda ragaalee, meshaalee ragaan ittiin funaannaman:daawwannaa,afgaaffii, mala qaaccessa ragaalee,naamusa ogummaan eeramaniiru;qorannichaa,mala iddatteesuu,madda odeeffannoo, qindoomina qorannichaa,meshaalee odeeffannoon ittiin funaannamu,mala qaaccessa ragaaleefi adeemsi waliin dubbiiafaanii duraaduubandhihaatanii jiru.Haalota kana galmaan gahuuf, mala funaansa ragaalee,daawwannaa, iddoo daldalaafi waarashalee aannanii, yeroo torba adeemsisuun odeeffannoo sassaabuun danda'ameejira.

Boqonnaa afraffaa keessatti immoo, yaadni ragaalee bifa daawwannaatiin funaannaman , haaldubbii namoontni dhgahuumsa keessa isaaniifi seenaa tureefi jiru ittin ibsatan qabiyyee qabiyyeen caccabsun gaaffiilee boqonnaa tokkoffaa jalatti ka'aniif deebii argamsiisanii

jiru.Walumaagalatti,qaaccessi qorannoo kana keessatti adeemsifame,sirna qabiyyee itti fayyadama afaanii hojii daldala aannanifi foonii irratti gaggeeffamu,hanqina ittifayyadama afaanii waliigaltee hawwaasa keessaa irratti xiyyeeffachuufi hariiroo itti fayyadama afaanii hawaasni qabu ibsamuuf yaallamee jira.Dhimmootni itti fayyadama afaanii daldala aannaniifi foonii magaalaa Sulultaafi naannoo ishii keessatti mul'atu ykn hojiirra oolaa jiran xinxaaluun bu'aa asirraa argaman ibsuufi ragaalee mala funaansa odeeffannoo daawwannaa irraa argaman bu'uura godhachuun cuunfaa qorannichaa akka armaan gadiitti ka'amanii jiru.

Haaluma kanaan,gaaffilee qabiyyee fayyadamni afaanii daldala aannaniifi foonii magaalaa Sulultaafi naannoo ishii keessatti mul'atuufi sababa babal'ina magaalaatiin kan ka'e lafti margaa kanfaltii beenyaa gadaanaa ta'een, fudhannaa lafaa barbaachisummaa misoomatiin jireenya namaa irratti miidhaa geesise ilaalchisee yaadni dhihaatu maal akka jedhu, akkamitti yaada ibsachuu akka danda'uufi eenyummaa ofii ibsuu danda'uuf dhiisuu isaa qaaccesuun ibsameerra.

- Rakkoo qabata afaanii hojii daldalaa keessatti mul'tu gaaffilee ka'aniif qaaccessi ragaaleerraa akka argametti,namoonni gara biraatti dhufaniifi jiraattonni,afaan makoo baraniin(Afaan Oromoofi Afaan amaaraatin)waan fayyadamaniif qabiyyee dhimmoota ibsuuf yaaddaman kallattii Afaan Oromoo ta'an hubachuu dhabuu,hanqinni akka jirutu mul'ta.Fakkeenyaaf.maqaalee cora horii(gosoota foonii)Afaan Amaraan waan barameen waliigalu,fayyadamu.

Hariirroo itti fayyadama afaanii ilaalchisee, dhimma ibsamuu barbaaddameefi haalli namoonni yemmuu yaada kana itti kaasan eenyummaa isaaniifi naannoo isaanii ibsuu danda'uu irratti keessattuu dhaloota ammaa biratti hanqina kan qabuu,kan dagatamefi haalli yookiin sochiin dhimma kanaa karaa barbadamuun akka ibsamu, kan barsiisu kan hin jirreefi dhalootni itti aanuus kanumaan kan itti fufu ta'uusaa waan mula'tuuf qorannoon kun osoo deegarsa argatee bal'inaan dhihaatee kallattii furmaataa akka kaawu qorataan abdiifi fedhii guddaa qaba.

### 5.3 Argannoo

**K**utaa kana keessatti,qabxiilee waliigalaa waraqaa qorannoo barreeffama qabiyyee kanaa, rakoolee argamanitu dhiyaate.Rakooleen argaman kunneen immoo, kan akkamii akka ta'an sirnaan hubachiisuuf xiyyeeffannoon itti kennamuun furmaatni akka itti fayyadamu haala armaan gadiitiin kaa'amaniiru.

Hanqinaaleen itti fayyadama waallee daldala aannaniifi fooonii waliin walqabatee mul’ate:

- Namoonno magaalaa Sulultaafi naannoo ishii jiran yemmuu waa’ee aannaniifi foonii waa jedhan, dhaamsa barbaaddamu gutumaa guututti dabarfachuu gubbarratti qubssaa mitti.
- Waa’ee aannaniifi foonii ilaalchisee kan waa jedhan sun, eenyummaa isaanii addeessuu gubbaarratti, badaa gahaa miti.
- Waalleen dhimma aannaniifi foonii ilaalchisee Afaan Oromootiin qulqullaa’ee tajaajila kennaa jiru, dhaamsi qabiyyee ia keessaa, haala jiru, ergaa bu’aa sochii hawaasaa, dhgahuumsafi hawwii namaa jechoonni, himeeliin Afaan Oromoo qofaan hammatee argamu akkasumas, dhiheeffannaa irratti guutuu miti.
- Waalleen tajaajilaa jiru, aadaa, duudhaa, muuxannoo, beekumsa, safuu, amantaa, ilaalchaafi ijjannoo hawaasa keessatti dhalootaa dhalootatti darbaaa ture, irraanfatamaa deemee keessattuu dhaloota ammaa biratti, jijjiramaa deemuu isaa agarsiisa.
- Yeroo ammaa kanatti, haala qabatamaa mul’aturraa qaamni olaanaafi dhimmi kun isaan ilaalatu, keessattuu, waajjirri Aadaafi Turiizimii waallee itti fayyadama afaanii kanarratti xiyyeeeffannoo guddaa kennuun akka dhimmi kun hundeen isaa saaree guddatee babal’atu taasifame hinjiru. Fakkeenyaaf,beeksisoota manneen foonii fuulduratti maxxanfaman, barreeffamoota bakka aannan gurguramu ibsan, dhimma lana waliinkan walqabatu leenjiiwwan, mariiwwaan namootaaf baruumsa, kallattii sirrii agarsiisuu danda’an  hinjiran.
- Kanaafuu, qorannoo kanarraa qorataan wanti akka dhaamsatti dabarsu, dhimmi kun jechuun Waalleen daldalaa itti fayyadama afanii oomisha aannaniifi foonii, xiyyeeffannoo guddaa argatee kallattii hundaanuu carraa horachuun akka barsiifamu, aadaan, uumaan, safuun, gochaaleen hawasaafi kanneen kana fakkaatan kan yaada kanan wlqabatanii haasa’aman akka hindagatamneefi dhaloota itti aanufis kan ittiin daddarban akka ta’u amaanaa guddaa fudhadhaa!

### 5.4. Yaboo

Qorannoon kun,mata duree, “Waallee Daldalaa: Qaacceessa Itti fayyadaa Afaanii Oomisha Aannananii,FooniifiMargaaMagaalaa Sulultaafi Naannoo Ishee”jedhurratti kan geggeeffameedha. Kunis, adeemsa qorannoontokko itti geggeeffamu duuka bu’uun boqonnaa

boqonnaadhan qabiyyee isaanii diddiiriirfamee qaacceffamuun boqonnaa shanaffaa keessatti argannoon isaa dhumaa cuunfamee taa’eejira.

Qaacceessa waallee kanaraayis bu’aan argame: 1) Ummanni Magaalaa Sulutaafi Naannoo ishee, daldala aannanifi foonii ilaalchisee maal akka jedhan, 2) Wanti ummanni Magaalaa Sulutaafi Naannoo ishee daldala aannaniifi foonii ilaalchisee jedhan maal akka of keessa qabu, yookin jedhu, 3) Ergaan aananiifi foon ilaalhisee waa dubbatamu akkamiin eenyummaa naannichaafi uummataa ibsuufi dhiisuu isaa, barbaachisummaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, ibsa naannoo qorannichaa, jibsoon walduraa duubaan ta’anii jiru.

Walumaa galatti,qorannicha galmaan ga’uuf,matadureeqorannichaa adda baasuun akaakuu qorannichaa filatee teechisuun mala qorannichi ittigeggeeffamu, madda qqorannoo, meeshaalee odeeffannoon itti funaannamuu danda’e qindeessuun yaada argaman teechisuunis yaalameera.Kunis, kallattiifi haalota adda addaa keessatti itti fayyadamni waallee keessattuu haassaa yookiin dubbii Afaan Oromoo hojii daldala aannaniifi foonii walqabatanii tajaajilan, ibsannaa yaada namoota keessa jiraniifi eenyummaa ofii, darbeetillee hidhata afaaniin jiruu-jireenya hawaasaa calaqisiisuu waliin kan walqabatu maal akka fakkaatu gabaabbinaan ibsuuf yaalii guddaan godhamee jira.

Yaa ta’uuti, yaadni addeeffame kun, gahaa, quubsaa, rogoollii hundaa kan waliin gahe jechuun waan hin danda’amneef fuulduratti namni biro qorannoo kana guddisee bal’isee akka ittideemu;Waajjirri Aadaafi Turiizimii adda durummaan itti dhimmamee qamooleen hambiroos deeggarsa gochuun aadaan, duudhaan, amantaafi haalli jiruu-jireenya ummata Sulultaa akka hin dagatamne amaanaan qorataan teechise isa gudddaadha.Boqonnaa lama keessatti ammo,sakatta’a barruu, seensa teechifachun, yaadrimeewaallee, akaakuu waallee, karaalee waalleen dubbii taasiifamu, malleen qaaccessa isuun yaalameera.

Haaluma kanaan, boqonnaa tokko keessatti: mata duree, Waallee Daldalaa: Qaaccessa Fayyadama Afaanii Oomisha Aannaniifi Foonii Magaalaa Sulutaafi Naannoo Ishii, ariirrata qorannichaa, ka’uumsa qorannichaa,Kaayyoowwan(kan gooroofi gooree) waallee calaqisiisee jira.Boqonnaa sadii keessatti immoo, saxaxaafi mala qorannichaa jalatti, seensa duuba, saxaxa qorannichaa, mala qorannichaa (Iddatteessuu, madda ragaalee), meeshaalee ragaan

ittiin funaannaman (Daawwannaa,afgaaffii, itti hirmaannaa), mala qaaccessa ragaalee, namuusa ogummaa kan ta’an tokko tkkoon ibsamanii jiru.

Walumaa galatti, qorannicha galmaan ga’uuf, rakkoo qorannichaa adda baasuun akaakuu qorannichaa filatee teechisuun mala qorannichi itti geggeeffamu, madda qorannoo, meeshaalee odeeffannoon itti funaannamuu danda’e qindeessuun yaada irra gahamuu qabu qaaccefamee teechisuun yaalameejira.Yaa ta’uutii, waalleen addeefame kun quubsadha jechuun waan hin dandeenyef fuulduratti namni qorannoo kana bal’inaan guddisee akka geggeessu amaanaa guddaa qorataan teechisee jira.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Sanyii*: *Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee: EfficiencyPrinting press.

________(2011). *Akkamtaa: Yaadirmee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Efficiency Printing press.

________(2016).*Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaanniifi Afoola Oromoo*. Oromiyaa: Finfinnee.

________(2016/17). The Discursive Construction and Representation of the *Waata* Ident: ity: a Critical Discourse Analysis of Oral Texts. Addis Ababa UniversityUnpublished (PhD) Dissertation.

Askale Lemma. (1998).*Some Points On Oromo Orthography*.In Interdisciplinary Seminar of Ethiopia Studies Firist Nazareth, pp. 323-337.

Austin, J.(1962).How todo thingswith words. Oxford: Clarendon press.

Baker, P.(2006).*Using*Corporal in DiscourseAnalysis. London: Continuum.

Baye Yimam (1981). *"Oromo Subsantives,": Some Aspects Their Morphology and Syntaks,"* Addis Ababa:(Unpublished

Bell,J.(1993).*Doing* your Research project.A Guide for time researcher ineducation and social science.Backingham:Open University Press.

Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa.(1999).*Wiirtuu*.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo, Jil-8.Finfinnee.

Blommaert, J. (2005). Discourse Key concept in sociolinguistics. Cambridge: Cambridge UniversityPress.

Caffee Oromiyaa (1994). *Seera Mootummaa Naannoo Oromiyaa*. Finfinnee: Mana Maxxansa Gutenbergi.

Clark, H.(1996).Using Language. Cambridge: Cambridge University Press.

Cook, G.(1989).Discourse. Oxford: Oxford University Press.

Dastaa Dassaaleny. (2009). Bu"uura Qorannoo.Addis Ababaa: mana maxxansaa Boolee.

Dijk V.(2001). Critical Discource Anaiysis.UK: Blackwel.

Fairclough, N.(1992).Discourseand social change. Cambridge: Polity Press.

Finnegan, R. (1992).Oral Traditionsand the VerbalArts. *A Guide to Research Practices*.London and Newark: Routledge.

Fishman,J.A.(1971).The Relationship between Micro and Macro Sociolinguistics in the Study of Who Speaks what Language to Whom and when. In Pride, J.Brork: Oxford University Press.

Flick,U.(2002). An Introduction to Qualitative Research, *(2nd Ed.*) .New Dehli:SAGE Publications Ltd.

Gabii Tusuu (2007). "*Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo Hordoftoota Amantii Islaamaa Biratti*" Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa(kan hinmaxxafamin)

Getaachoo Rabbirraa(2005).Furtuu.Finfinnee: Kuraz Printing Press.

Gibbons, J.(2001).Language and Law, in Daves. *A and Elder, C, Applied Linguistics.*UK: blakwell Peblishing Ltd.

Grewendorf, G. and Rathert, M.(2009). *Formal Linguistics and the Law*: Trends in Lingustics. Walterde Gruyer: Berlin.

Halliday, M.A.K.(1994).An introduction to functional grammar. London: Edward Arnold.

Hudson, R. A.(1996 ).Sociolinguistics( 2nd ed*.)* Cambridge: Cambridge University Press.

Hodge, B.andKress, G. (1993).Language as Ideology (2$^{nd}$ed.). London and New York: Routledge.

Isaacs, L.A.(20130.Social Constructivism and Collaborative Learning in Socian Networks: "The Case of an on line Master Programme in Adult Learning,"University of the Western Cape (MA Thesis)

Jargen, J.ola, O.and Jef, V.(2010). Sociaty and language use. Amsterdam/philadephia: John Benjamins Publishing Company.

Kraus, R.M.and Chiu (1993). Language, Cognition and Communication,CA: Santa Barbar.

Muysken, Pieter (2000). Bilingual Speech: A Typology of Code-Mixing. Cambridge: CUP.

Neuman, L.W.(2007). Basic of social Research, Qualitative and Quantitative Approaches (2$^{nd}$ed) .Bost Peason Educational inc.

Pickering.M.(2008).Research Methods for cultural Studies.Edinburgh University press.

Punch, F.(2998) .*Introducing to Social Research.* New Delhi: SAGE publications, Indian pvt.Ltd.

Rahimi, F.and Riasati, J. M. (2011)."Critical Discourse Analysis: Scrutinizing Ideologically-Driven Discourses**"** inInternational Journal of Humanities and Social Science 1 (16)107-112.

Reyes,A.(2012) “ *Lingustic Based Patterns For Figurative Language Processing,”:* The cause of Humor Recognition and Irony University of Valencia (Ph.D Thesis)

Schiffrin, D.Tannen, D.and Hamilton, H.E.(2001).*The Handbook of Discourse Anlysis*. Oxford: Blackwel

_______(1994). ‘Narrative as self-portrait: sociolinguistic constructions of identity,’ in *Language in Society*, *25* (2), 167-203. Retrieved fromhttp://www.jstor.org/

Shuy, R. (2005).Creating Language crimes: how law enforcer uses and misuseslanguage. New York: Oxford University Press

Stubbs, M. (1983).Discource Society and Network: Cambridge University Press Meaning

Teubert, W.(2010).Discourse,Society and New Yourk.Cambridge University Press Meaning

Wareing,Sh.andThomas,L.(1999).Language,SocietyandPower.AnIntroduction London : Routledge.

Weiss,G. and Wodak, R. (2005). Analyzing European Union discourses: Theories and Applications. In R. Wodak, & P. Chilton (Eds.), *A new agenda in (Critical) Discourse Analysis: Theory, methodology and interdisciplinarity* (pp. 121-135). Amsterdam/Philadelphia: John Benjamins.

Wodak,R.and Meyer,M.(2001).“Method of Critical Discuorse Analyisis,” 63–95. London: Sage publication.

Wolff, E. (2000). Language and Society In Heine, B.and Nurse,D.(eds.). *African Languages: An Introduction*.Cambridge University Press.

Wooffitt, R. (2005).Conversation Analyisis and Discourse Analysis; A Comparative Critical Introducton.London; SAGE publication Ltd.

Yule,G.(2010).The study of Language (4thed).new York: Cambridge university.

Zelalm,(2012).*“Xiinxla Fayyadama Afaan Oromoo; Beeksisa Taappeellaa Magaalaa Adamaa,”* yuunivarsiitii Addis Ababaa.Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa

**ደረጄመንገሻ፡፡** (1979) **፣የቋንቋአጠቃቀምበአዲስአበባወህኒቤት፡፡ለኢትዮጵያቋንቋዎችስነ - ጹሁፍትምህርትክፍልየቢኤዲግሪማሟያየቀረበጥናትአዲስአበባ**

## Dabaleewwan

DABALEE. A

UNIVAARSITII FINFINNEEKOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORIITTI BARGAAFFII ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA GUUTACHUUF DHIYAATE.

- **Hub**: maqaa barreessuun barbaachisaa miti.

Iddoo deebii keessaan guutanitti mallattoo fayyadamaa
Yoo deebiin keessaan jijjiiru barbaadan mallattoo teechistan haquudha.

Oddeeffannoo waligalaa deebii kennaa

1.maqaa aanaa ___________________________________

2.korniyaa dhii_______dub_______

3. umrii________

4. gita hojii______________________

5. muuxxannoo__________________________

I/ Karaalee Waalleen Dubbii Afaan Oromoo Itti Taasifamuu Ilaalchisee Gaafannoo Namoota Bulchiinsa Magaala Sulultaa Fi Naannoo Ishiiti Hojii Omishaa Fi Daldala Aannaanii Fi Foonii Irratti Hirmaatanif Dhiyaatu

| Lakk. | Qabxiilee ibsaman | Baay'een danda'a | Hangaa ta'en danda'a | Xiqqoon danda'a | Tasumaa hin danda'u |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Geerarsa fi mammaaksan yaada koo ibsachuu | | | | |
| 2 | Yaada ykn wanta ergaan isaa geerarsaan darbee hubachuu | | | | |
| 3 | Yaada tokkoo ykn wanta tokko karaa kallatti hin taneen yaada sammuuttin ibsu | | | | |
| S4 | Wanta akka yaada sammuutti ibsame tokko hubachuu | | | | |
| 5 | Dubbii Afaan Oromoo bulchiinsa magaala Sulultaati fayadamuun barreessuu | | | | |
| 6 | Wantoota dubbii Afaan Oromoon barrefamaan dubbisee hiika isa ka'uu | | | | |
| 7 | Mallattoolle tokko fakkeenyaf mallattoo halluu, kan sochiifi dubbii Afaan Oromoon bakka buusu | | | | |

II/ Haala Itti Fayyadamaa Afaan Oromoo Ilaalchisee Gaaffilee Walin Dubbii Namoota Omishaa Fi Daldala Aannaaniifi Foonii Irratti Hirmaatanif Dhiyaatu.

| Lakk. | Qabxiilee ibsaman | Baay'ee ol'aanaa | Ol'aanaa | Giddu-galeesaa | Gad aanaa | Baay'ee gad aanaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Hariiroo hawaasummaa keesaatti, itti fayyadamni Afaan Oromoo | | | | | |
| 2 | Haasaa'a dinagdee keessatti itti fayyadamni Afaan Oromoo | | | | | |
| 3 | Moggaafamni naannoo keesanitti fayyadama ( fakkeenyaaf, maqaa mana daldala naannoo Sulultaa) ibsu isaanii | | | | | |
| 4 | Daldaltoonni aannaanii fi fooniifi jiraatotni magaa la Sulultaa fi naannoo ishii yeroo waan tokko dubbatan,eenyummaa isaani fi seenaa isaanii ibsu danda'uurratti | | | | | |

5.Gaaffilee armaan olif deebiin keessan baay'ee ol'aanaa fi ol'aanaa miti yoo ta'ee, sababni isaa maalii

III/ Hamma, Ummaata Afaan Oromoottii Fayyadamuu Ilaalchisee Gaaffannoo Hojjetoota Waajjiraa Aadaa Fi Turizimii Bulchiinsaa Magaala Sulultaattif Dhiyaatuu

| La kk. | Gaaffillee | hundumtuu | Harkaa caalatuu | xiqqaatu | Baay'ee xiqqaatu | Gonkumaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Magaala Sulultaa fi naannoo ishiitti, ummaata hagamtuu yeroo baay'ee Afaan Oromootti fayyadama? | | | | | |
| 2 | Ummaata hagamtuu Afaan Oromootti fayyadamuun gada fi gammachuu, fedhii isaa ibsataa? | | | | | |
| 3 | Dhaabbilee daldalaf kan tajaajila kennaan hagamtu moggafamaa Afaan Oromoo qabuu | | | | | |
| 4 | Beeksiisaa fi haasaa'a hagamtuu Afaan Oromootti fayyadamuun gaggeeffamaa? | | | | | |
| 5 | Namootni daldala aannaanniifi foonii irraatti hirmaatani fi bittaf gurgurtaan walitti dhuufan itti fayyadamaa Afaan Oromoo ilaalchisee hamam ta'uu? | | | | | |
| 6 | Iddoon aannaanii fi foon magaala Sulultaa fi naannoo ishee keessaatti qabuuAfaan Oromoon ykn waalleen hagam ibsama? | | | | | |

Yaadni biraa yoo jiraatee…………………………………………………………………………………
…………………………………………………………………………………………
…………………………………………………………………………………………
…………………………………………………………………………………………
…………………………………………………………………………………………
…………………………………………………………………………………………
…………………………………………………………………………………………
…………………………………………………..

DABALEE B.

YUUNIVARSIITI FINFINNEE KOOLLEEJJII NAMOOMMAA, QORANNOO AFAANOOTAA JORNAALIZIMII FI SAABQUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

AFGAAFFII NAMOOTA DALDALA FOONIIFI AANNANII IRRATTI HIRMAATANIIFI JIRAATTOTA BULEEYYIIF DHIHAATE

Kabajamtootafi jaalatamtoota odeefkennitoota!

Kaayyoon aff-gaaffii kanaa qorannoo mataduree, “Qaaccessa Waallee Dubbii Daldala Aannananiifi Foonii Magaalaa SUlultaafi Naannoo Ishii,” jedhurratti bu’uureeffachuun haala jiraniifi hanqinalee jiran adda baafachhuuf barnoota Afaan Oromoofi fookloorii sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa guuttachuuf kan dhihaateedha. Kanaafuu yeroo keessan aarsaa gootanii affgaaffii isinii dhihaateef odeeffannoo naa kennitaniif galmaan gahannaa kayyoo qorannoo kanaaf gumaaccha duddaa waan qabdaniif guddaa galatoomaa jechaa jijjiirama hubannoo qorannoo kanarraa argamurraatti fayyadamtoota akka taanu abdii lalisaan qaba.

Kutaa 1

Kornayaa________,umrii______,Aanaa/ganda______________

Sadarkaa barnootaa_________________________________

Guyyaa gaafannoon dhihaate__________________________

Kutaa 2

Gaaffiilee Armaan Gaditti Dhihaataniif afaaniin Deebii Kennaa!

1) Akka waliigalaatti, aanaan Sulultaa maaliin beekamti?

2) Isin aanaa kana keessa yeroo hammamiif jiraattan?

3) Haalli guddina magaalaa jiruu jireenya namootaa keessattuu qotatee bulaa irratti miidha geessissee jiraa jettuu?

4)Dhimma sababa guddina magaalaa waliin walqabate lafa dhabuu kana ummaanni akkamittiin yookiin maaliin yookiin hasbarruu akkamiin yaada isaa ibsata? Karaalee yaada isaa ittiin dabarfatu kun eenyummaa isaafi naannoo isaa kan ibsuu danda’uudha?

5)ummanni Sulultaafi naannooishii irra caalaaa afaan kamiin fayyadama?

6) Namoonni yookiin qotatee bultoonni Sulultaa yemmuu lafti irraa fudhatamu beenyaa gahaa argatanii jiruu? Gatii gaaritti gurguratanii jiruu?Dhimma kana ilaalchisee maal jettu/

DABALEE C

Maqaa Miseensota waldaa Qeeraa Sultaatti Tajaajilaa Qalmaa Argatanii Iddateessun Odeeffannoon Irraa Argame

| Lakk | Abbaa tajaajila argate | Baay'ina qalmaa Kanji'a Guraandhalaa | | Bara 2011 |
|---|---|---|---|---|
| | | Horii | Hoolaa | |
| 1 | Abeel Ballaxaa | 168 | | |
| 2 | Addisuu Bayyanaa | 3 | | |
| 3 | Adaanuu PLC | | | 27 |
| 4 | Akililuu Waldee | 12 | | |
| 5 | Anbassee Xaafaa | | | |
| 6 | Asaffaa Shuumii | 12 | | |
| 7 | Ashannaafii Masarat | 75 | | 55 |
| 8 | Baqqaanaa Dajanee | | | |
| 9 | Burtukaan Baqqalaa | | | 16 |
| 10 | Biraanuu Tulluu | 266 | | |
| 11 | Biraanuu Kaasayee | 34 | | |
| 12 | Biraanuu Jufaaraa | | | |
| 13 | Caalaa Hundee | 102 | | |
| 14 | Dachaasaa Baqalaa | 16 | | |
| 15 | Daagima Dinquu | 220 | | |
| 16 | Daani'eel Damissee | | | |
| 17 | Dhaabaa Tolaa | | | |
| 18 | Daanyuu Kabbadaa | | | |
| 19 | Daanyee Nigusee | 90 | | 7 |
| 20 | Dirribaa Daadhii | 16 | | |
| 21 | Ermiyaas Kabbadaa | 86 | | |
| 22 | Fiqiruu Lataa | 70 | | |
| 23 | Gammadaa Guddataa | 17 | | |
| 24 | Gaashaahuun wadaajoo | | | |
| 25 | Gazzaahiny Abarraa | 8 | | |
| 26 | Gazzuu Sabbooqaa | 7 | | |
| 27 | Haaniimuun | | | |
| 28 | Habtaamuu Asaffaa | 81 | | |
| 29 | Hibirat Begaaraa Innidag | | | |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 30 | Iteeneesh Girmaa | 147 | | 4 |
| 31 | Isheetuu Tolaa | | | |
| 32 | Kabbadaa Araddoo | 13 | | |
| 33 | Kaffaalaa Asaffaa | | | 1 |
| 34 | Kumaa Shaashii | 235 | | |
| 35 | Kumsaa Badhaanee | 82 | | |
| 36 | Mallasaa G/madihiin | 68 | | |
| 37 | Masarat Fiqaaduu | 7 | | |
| 38 | Masfiin Salamoon | | | 25 |
| 39 | Mitikkuu Gazimuu | 5 | | |
| 40 | Masfiin W/mikaa’eel | 2 | | |
| 41 | Mootii Lammaa | 3 | | |
| 42 | Nagaasaa Tasfaayee | 4 | | |
| 43 | Salamoon Raggaasaa | | | 38 |
| 44 | Sisaay Dajanee | 24 | | |
| 45 | Sisaay Geexee | 69 | | |
| 46 | Takkaa Asfaawu | 4 | | |
| 47 | Taamiraat Dassaalany | 4 | | |
| 48 | Tasfaayee Yaamii | 72 | | 116 |
| 49 | Tashee Kaasayee | 14 | | |
| 50 | Tashoomaa Laaqoo | 24 | | |
| 51 | Tolasaa Lammaa | 267 | | |
| 52 | Yetinebbarsh Zamadikun | 1 | | |
| 53 | Zariihuun Gizaawu | 138 | | |

DABALEE D

<u>**N**amoota  yookiin Jiraattota Odeeffannoon Irraa Funaanname</u>

1) Obbo Gammadaa Guddaataa
2) >> Tasfaayee Naannoo
3) >> Laggassaa Girmaa
4) >> Daagimaa Tolaa
5) >> Tashoomaa
6) >> Muluu Kabbadaa
7) >> Dajanee
8) Aaddee Birqee
9) >> Wayinishaat Altaayyee
10) Dubree Biiftuu
11) Obbo Biraanuu Dureechaa
12) >> Alamuu Badhaanee

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Qorataa______________________________________

Mallattoo__________________________________________

Guyyaa __________________________________________

Ani Dr.____________________________________barataan kun hojiin isaa of ittisuuf dhiyaachuu danda'uu mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa____________________________________

Mallattoo_________________________________

Guyyaa__________________________________